

# **Barumsa Sanbataa Ga'eessotaa**

Qajeelfama Qo'annoo Macaafa Qulqulluu

## **Tokkummaa Kristosiin Keessatti**

*Barreessaan: Denis Fortin*

*Afaan Oromootti Kan Hiike: Pr.Garramawu Birruu*

Mana Maxxansaa Adveentistii Guyyaa 7ffaa  
Finfinnee tti maxxanfame

**Nuusa 4ffaa**

**Onkololessa, Sadaasaa fi Mudde**

**2018**

1. Umamaa fi Kufaatii .....	6
2. Sababii GargarBa'umaa.....	16
3. "Akka Isaan Tokko Ta'aniif.....	27
4. Bantuu Tokkummaatti Geessu.....	38
5. Shaakala Tokkummaa Waldaa jalqabaa keessatti..	49
6.Fakkii tokkumma.....	60
7.Tokkummaa Amantii Keessatti.....	71
8.Caalaatti Waan Amansiisaa.....	81
9.Mirkaneeffannoo Amansiisaa.....	91
10.Tokkummaa fi Hariiroo addaan citu.....	102
11.Tokkummaa Waaqeffanna Keessatti.....	112
12.Dhaabbata Waldaa fi Tokkummaa.....	122
13.Bakkatti Deebifamuu Tokkummaa Isa Dhumaa..	132

---

## Seensa

### **Tokkummaa Keenya Kiristoos Keessaa**

Waldaan Kan lafa irraa Maatii Waaqayyooti: waliin kan tajaajilan, waliin kan qo'atanii fi waliin kan waaqessanii dha. Yesusini akka akka geggeessaa fi fayyisaatti ilaaluudhaan, waldaan isa gaarii oduu fayyinaa biyya lafaan ga'uuf waamamte.

Bu'urri amantii waldaa Adveentistii Guyyaa 7ffa lakkobsi 14ffaan "waldaan hawwaasa amantootaa warra Gooftaa Yesusiin akka Gooftaa fi Fayyisaa isaaniitti fudhataniidha. Saba Israa'eli bara kakuu Moofaa irraa itti fufuudhaaf Biyya lafaa keessaa waamamnee, tokkummaadhaaf, waliin waqqessuuf, dubbiicha walirraa baruuf, Irbaata gooftaas waliin hirmaachuuf, waliin saba hundumaa tajaajiluuf, guutummaa lafaaf wangeelicha labsuuf kan walitti dabalamne" Seventh-day Adventists Believe (Boise, 16 Idaho: Pacific Press© Publishing Association, 2005) p. 163 ta'uu hamma tokko in ibsa.

Garuu waldaa yommuu jennu maal jechuu keenya ree? Eenyufa'i? qaama waldaa sanaa kan ta'an deebiin gaaffilee kanaa mu-raasallee yoo ta'e hiikkaa nuyi waldaatti kenninu irratti hundaa'u. Waldaan tokko hawwaasa amantoota Yesus kan ta'an naannoo tokko kan jiraatanii fi tajaajilaa fi waqqeffannaaf kan walitti qabamaniidha. Mana waldaa keessatti kan walitti qabaman yooki-in amantoota baay'inaan walitti qabaman ta'uu ni danda'a.(Rom. 16:10, 11).

As keesatti waldaa yommuu jennu manneetii/ijaarsa/ sagadaa amantoonni keessatti wal gahan jechuudha. Garuummoo kun hiikkaa waldaaf isa baay'ee gaarii ta'uu hin danda'u. Waldaa jechuun waa'ee nama issati malee waa'ee ijaarsaayyuu miti.

Bara kakuu Haaraa keessa, waldaan bakka tokko tokkotti garree amantootaa naannoo tokko jiraataniittis fudhatamaa ture. Kanaaf iyyuu, Phaawulos waldaa Galaatiyaa keessaa yommuu caqasu, walga'ii namootaa magaalaa fi mandaroota keessatti ta'an

---

### Barumsa Sanbataa Gaessota

---

dubbachuu isati. (Gal. 1:2; 1 Phe. 1:1). Al tokko tokkommoo waldaa yommuu jennu garee namootaa dhaabbata ta'e jalatti kurfaa'an maqaa dhaalan yookiin isaaniif kennameen kanof waamanii dha.

Garuu, hikkaan kun hundumtuu guutuu miti. Waldaan saba Waaqayyoo lafa hundumaarra jiraniidha.(The church 12 is the people of God all over the earth). Kiristoos amanamummaad-haan kan Isa faana bu'an dhaabbata garaa garaa qabaatu iyyuu, (warra yeroo dhiphina xumuraatti warra Waaqayyoof hafanitti dabalaman, Mul.18:1–15 4) Nuusa kana waldaa keenya waldaa Adveentistii guyyaa 7ffaa fi Tokkummaa jechuun nuuf maal jechuu akka ta'e ni baranna.

Bu'urri amantii lakkobsi 14ffaan tokkummaa qaama Kiristoos keessattii: "waldaan miseensa hedduu qaama tokko ta'e, sab-lammi, qomoo, afaanii fi saba garaa garaa keessaa kan waamamanii dha jedhee hima. Kiristoosiin keesatti nuyi uuma-ma haaraadha; sanyii, aadaa, barumsa, sabaa fi sab-lammii garaa garaa keessaa kan walitti bahan yommuu ta'u garaa garummaan olhiiquu fi gadi deebi'uu, hiyyeessaa fi sooreessaa aadaan waan gargar nu baasu ta'uu hin qabu. Kiristoos isa hafuura tokkoon isaa fi walii keenya wajjin walitti nu hidhe keessatti hunduu wal qixxeedha; wal caalmaa fi of qusannaa malee tajaajillee tajaajila-muus qabna. Karaa Mul'achuu Yesus Kiristoos barreeffama qul-qulla'a keessaan amantii fi abdiidhuma kana nuuf kenuu dhug-ab'a umsa tokkoon hundumaafuu in qoodna. Tokkummaan kun bu'urri isaa tokkummaa sadan tokkummaa waaqaa isa akka ilmaan/intaaloota isaatti nu guddifatee keessa kan jiruudha."—7 Seventh-day Adventist Believe, p. 201. 8

Sababiin qo'annoobarsiisa macaafaa walitti aananii kennaman kanaa, akka Adveentistoota guyyaa 7ffaatti, warra, ammas ak-kuma durii tokkummaa irratti qom-qabaa qabnu, boris hamma dhumaattuu qabaachuu dandeenyuuf , tokkummaa Kristaanotaa kan jedhu mata duree jalatti barsiisa kennuuf.

---

## Barumsa Sanbataa Ga'essota

Garuu, barreeffama macaafa qulqulluu keessatti kennaat tokkummaa Kiristoos keessa kan Waaqayyo nuuf kenne akkamitti akka jiraannu hubtinaa fi barsiisa baay'etet jira. Hubachiisi akkasii kun, barsiisi sun akkaataa tokkummaa waldaatti jiraachuu kan nutti himan qiyyaafannoo barumsa keenya nuusa kanaati. Denis Fortin biyya Berrien Springs, Michiganitti, mana barumsaa Adveensitii Guyyaa 7ffaatti Universitii Andrewusii kutaan barumsa Macaafa Qulqulluutti barsiisaa barumsa Macaafa Qulqulluuti. Erga bara 1994 barsiisota mana barumsaa Macaafa qulqulluu kanatti dabalamani, Fortin akka Qindeessaa barumsa Macaafa qulqullu digrii 2ffaattis (1999–2001), fi akka gargaaraa eegduu barattootaattis ((2000–2004), akka dura taahaa kutaa/departmenti/ barumsa macaafa qulqulluu fi barumsa falaasamaas tahanii tajaajilaniiru.

## Uumamaa fi Kufaatii Cubbuu

Sanbata Waaree Booda

Barumsa Torban kanaaf dubbisaa: Uma.1:26, 27; 1Yoh. 4:7, 11 8, 16; Uma.3:16–19; Uma.11:1–9; Gal. 3:29; Deut. 7:6–12.

Heertuu Yaadannoo: “Abraamiin alatti gad baaseesi, ‘Gara bantiawan waaqaa ol ilaali urjoota yoo lakkaauu dan-deesse lakkaai’ jedheen; kana booddeemmo Sanyiin kees akkasuma in taā jedheen. Abiraam Waaqayyoon amane in-nimmoo qajeelummaatti in lakkaæef” (Uma.15:5,6).

**S**eenaan saba Waaqayyo Uumamaa fi gaddisiisaa kan ta'e seenaa cubbuutti kufuutiin eegale. Yaaliin amala tokkummaa waldaa beekuu karoora Waaqayyo Yeroo uumamaa sana bu'uura qabaate irraa jalqabeetu tokkummaa kana bakkatti deebisuuf yaada inni qabu irratti hundaa'uu qaba.

Boqonnaan tokkoffaa Macaafa Qulqulluu kan mul'isu, Waaqayyo namni maati tooko ta'ee akka jiraatu yaadu isaati. (The first chapters of the Bible reveal that God intended for humanity to remain one family.) Carraa gadhee ta'etru, tokkummaan kun kufaatti booda addaan cite. Hiddi yaadaan wal dhabuu fi gargar bahuu cubbuudhuma keessa biqile, abboomamuu dhiisuun kan qabu bu'aa gadhee isa hammaataadha (gargar ba'un). Mil'uu gargar ba'umsa kanaa, muka dhorkame ergaa nyaatan, sana booda, yeroo Waaqayyo isaanii wajjin dubbate sana akkaataa isaan itti deebisani (Uma. 3:11) ilaalaa. Kanaafuu, wantoota karoori fayyinaa bakkatti deebisuuf jiru hedduu keessaa, tokkummaan jalqaba duraatti deebifamuun isa tokkoo dha.

Abrahaam, abbaan saba Waaqayyo, karoora fayyinaa Waaqayyo keessatti gahee guddaa kan argisiisuu dandaæedha. Abrahaam barreffama qulqulluu keessatti akka “tola amantiitti”

nama fakkeenyummaa guddaan beekamuudha.(Rom. 4:1-5), innis amantii isa saba Waaqayyoo walii isaanii fi Gooftaa wajjin tokko taasisu dha. Waaqayyo tokkummaa deebisuuf kara namaa hojjeteed fedhiin isaas nama hundumaattuu akka beekamu ni tasisa.

\*Sanbataa isa Onk. 6aaf qophaa'uuf barumsa torban kanaa dub-bifadhu.

Jalqaba Torbanii

Ful.30

### **Jaalalli Bu'uura Tokkummaati**

Ergaan hubatamaan seenaa uumamaa keessa yaa'u sun ( 1 fi 2 ) tokkumma dhuma torban uumamaa irratti argameedha. Innis yaada isa Waaqayyo wanti hundumtuu "baay'ee gaarii" ta'u dub-bateedha. (Uma.1:31) bareedina waan bakkeen ilaalamuu qofa utuu hin taane yeroo Waaqayyo lafa kanaa fi namoota isheerra guutan uumee xumure sana dhibamuu mallatto waan jibbamaa fi wal dhabdee ti. Kaayyoon Waaqayyoo inni duraa uumama keessatti qabaate naga qabeessa kan ta'e waliin jiraachuu fi gama jireenyaa hundaanuu hariiroo walii walii isaanii irratti h irka-chuu kan argisiisuudha. Maatii Namaaf kan uumamte Addunyaa bareedduu ture. Wanti hundumtuu guutummaa uumaa isaa kan beeksisu ture. Guutuu kan ture kaayyoon bu'uuraa Waaqayyoo walii gala, tokkummaa fi jaalalaan kan guute ture.

Uma. 1:26, 27. Uma.1 fi 2 keessatti akka hubatamu Uumama lafaa hundumaarraa namni kan addaa ta'e ta'u isaa kutaan kun maal nutti himuu?

---

---

Umamni, Waaqayyo nama akka bifa ofii isaatti uumuu dubbat; kunis seera uumamaa keessaa iddo biraa tokkottuu kan hin dubbatamneedha."Kana booddee Waaqayyo kottaa! Akka bifa keenyaatti, akka fakkeinya keenyaattis nama in uumnaa! Isaan Qurxummii Galaanaa irratti, sinbiraa fi allaattii Qilleensa kees-

## Barumsa Sanbataa Gaessota

sa balali'an irratti, bineensa lafaa hundumaa irraatti, munyuuqaa hundumaa irrattis mootummaa haa qabaatanii jedhe! Egaa Waaqayyo akka bifa isaatti nama uumee; akka bifa Waaqayyootti isaan uume, dhiiraa fi dubartii isaan uume." (Uma.1:26, 27). Jaar-rraa hedduudhaaf beektonni macaafa qulqulluu dhimma wantoonni kun sirriitti maal fakkaachuu fi maalummaa Waaqayyoo irratti wal falman iyyuu, baay'een heertuun kitaaba qulqulluu Waaqayyo jaalala ta'uu argisiisu.

1Yoh 4:7, 8, 16 dubbisaa. Heertuwan kun jalqaba irratti ak-kamitti akka uumamnee fi kun immoo tokkummaa yeroo uu-mamaa jira ture irratti dhiibbaa gaarii akkamii akka uumu maal nu barsiisu?

---

Waaqayyo jaalala, kanaafuu namoonnis immoo (uumani lafaa warri biroon gochuu haala hin dandeenyeen) kan jaallatanii dha.

Fakkenya isaatti uumamuun dandeetti jaallachuu of keessatti kan hammatuu dha. Garuu jaalalli kan jiraatu yoo warra jaallannuu Wajjin hariiroo qabaanne qofaadha. Kanaaf, kan fakkeenya Waaqaatti uumame hunduu dandeettii jaallachuu qabaachuu fi gadi fageenyaan jaallachuu mala.

Wiixata

Onk. 1

### Bu'aa Kufaatii

Bu'aan cubbuutti kufuu hedduudha. Abboomamuu dhiisuun Addaami fi Hewwaan waliin jiraachuu gama jirenya lafa irraa, hundumaa addaan kute. Sanuma caalaa kan hammaatu iyyuu, yaadaan wal dhabuu fi wal hiruun har'uma iyyuu nama lafa irraa gidduu jiru akka jalqabu taasise. Wal dhabuun dubbii Addaamii fi Hewwaan balleessa/yakka kufaatii sana walirra kaa'uuf taasi-san keessatti hubatame. (Uma.3:12, 13). Erga yommuusii wantoonni hammaachaa Adeeman.

Uma 3:16–19 fi Uma. 4:1–15 dubbifadhaa. Biyya naga qabeesa Waaqayyo uume sana irratti dhiibbaa gadhee cubbuun fide, heertuun kun maal nutti dubbatu?

---

Abbomamuu dhiisuun Addaam madda taatilee hedduu ta'ee argame; bu'aan kanaas adeemsa keessatti uumama Waaqayyoo hundaa miidhe. Haalumti addunyaa kun guutummaa bu'aa cubbuutiin rakkoon irra ga'uu eegale. Hariiroon namaas in jeeqame. Qaayinii fi Abeel, oboloonni wal jaallachuu, waliif eegachuun irra ture, inni Qaayin, haala Waaqeffanna ifaatti kennname keessatti, Waaqaaf abboomamuu irra karaa ofii isaarra adeemuu waan fedheef, gargar ba'an. Akkataan Qaayel waan ta'eeif deebii kennne, garuu Abeel irrattiutuu hin taane Waaquma irratti kan xiyyeefatuu dha. Waaqayyotti aaree (Uma.9 4:5), kun immoo Abeel irratti aaruu fide. Abboomamuu dhabuun hariiroo nama gidduuus in kute jechuudha.

“Waaqayyo yommus, jallinni namaa lafairratti baay'achuun isaa, wanti namni guyyaa hundumaa garaa isaatti yaadee qopheessu hundinuu jal'aa duwwaa ta'uu isaa in arge” (Uma.6:5). Hamminni kun dhuma irratti gara lolaa badiisaatti geessuun uumanni Waaqaa inni jalqabaa akka badu taasisuuf bishaan badiisaa sochoosise. Garuu ergasii iyyuu, Waaqayyo sanyii namaatiif hafaa hanbisee deebisee kaasuuf haala mijeesse malee abdii hin kutanne.

Bishaan badiisaa boodas, Waaqayyo Nohii fi maatii isaaf waadaa seene. Sabbati Waaqayyoo yeroo hundumaa samii keessatti yeroo hundumaa eegumsaa fi kakuu Waqaa, garraamummaa fi araara isaa nu yaadachiisa.(Uma.9:12–21 17, Isa. 54:7–10). Waaqayyo Nohii wajjin kakuutti galuudhaan karoora isaa duraanii deebisee dhabee maatii isaa warra isaa fi dubbii isaaf amanamoo ta'anii wajjin tokkummaa qabaachuu jaallate.

**Karaa cubbuun wal dhabdee fidu maal fa'i? Karaa adda ta'een**

Barumsa Sanbataa Gaessota

---

**dhiibbaa gaarii warra irratti uumuu feetu waajin tokkummaa uu-muuf amma ofii keetii filannoo maalii gochuu dandeessa?**

## Kibxata

## Onk.2

### **Wal-dhabdee fi Gargar Ba'umsi Itti Fufee**

Uma.11:1–9 dubbisi. Rakkoo wal dhabdee fi gargar ba'umsaa kan hammeessu kutaa kanaa maal hubatta?

Taatileen kanatti aananii jiran kan Macaafni Qulqulluun seena bishaan badiisaa boodaa galmeesse, seenaa ijaaramuu masaraa Baabel, waliin makamuu afaanii fi tatamsa'u sabla lafa irra warra duraan afaanuma tokko dubbachaa turanii dha. Tariitii bareedina lafa galaanota Eferates fi Tigiris gidduu jiruun fi gabbi-na lafichaan harkifamanii ijoollee Nohiin keessaa tokko tokko magaalaal ijaarrattanii gamoo guddaa balleensa Shinaariin keessa dhaabuu yaadaniiru ta'a. (Uma.19 11:2).

Qorannaan hambaalee lafa keessaa /Archaeology biyyi Misopotaamiyya durumaa qabdee naannoo namni baay'inaan keessa jiraatan ta'uun argisiifti. Isaan achi jiraatan keessaa warra Sumer yeroo jalqabaa aartii barreeffamaa kan eegalan suphee fi dhagaa irratti barreessuun kan jalqabaniidha. Mana akka gaariitti ijaaramu kan ijaaruu jalqaban, meeshaalee miidhaginaa, meeshaa hoi-jii bakkee fi mana keessaa hojjechuutti kan beekaman saba turan. Lafa qotanii qorachuun gamoo dhokatan baay'ee bakkeetti baasan, kan akka maneetii sagadaa, waaqolii garaa garaa keessatti waaqessaa turan faa.

Hiddi Nohi Shinaar keessa buufatan, Waaqa Nohiif kakuu inni lammaffaa bishaaniin akka lafa hin balleessineef gale in dagatan. Riqa Baabeliin ijaaruun bakka beekumsi ijaarsa isaanii guddaa ol kaaetti ture. Beekamtii qabaachuu fi maqaan isaanii akka beekamuuf fedhiin isaan qabu turan, akka isaan "ittiin maqaa in godhanna" waan isaaniin kakaase keessaa issa tokkoo dha. (Uma.11:4), "Akka yaada Waaqaatti, namoonni karaa hidhaa amantii tokkummaa akka qabaataniif ture. Waaqa tolfamaa

Waaqessuunii fi waaqaa tokkoo ol qabaachuun yommuu hidhaa hafuuraa kute garuu, tokkummaa amantii dhabuu qofa utuu hin taane hafuura obbolummaas in dhaban malee. Pirojekti-in akka Riga kanaa karaa haala bakkeen tokkummaa isa karaa keessaa uumuu kan yaadu, badiisa inni ta'e sun, tasayyuu hin milkaa'u."—The SDA Bible Commentary, vol. 19 1, pp. 284, 285. Kufaatiin Addaamii fi Hewwaan tokkummaa dhala namaa fi kan Waaqayyoo karoora fayyinaa danqee ture. Waaqeffanna irratti Waliin dha'amuu fidee, hamminnii fi amalli hin taane lafa irra akka tatamsa'u taasise; dhuma irrattis namni gargar baba'ee aadaa, afaanii fi qomoon adda addatti qoodamee wal hubachuu dadhabu taasise.

**Gargar ba'uu qomoo garaa garaa waldaayyuu miidhu kana fayyisuuf maaliin gargaaruu dandeenya?**

---

---

## Roobi

## Onk.3

### Abrahaam Abbaa Saba Waaqaa

Akkuma addunyaatti Waaqa tokko qofatti kan amanan amantiin gurguddaan sadan, Amantii Yihuudotaa, amantii Kristaanum-maa fi amantii Musiliima hunduu Abrahaamiin akka abbaa isaaniitti ilaalu. Kristiyaanotaaf, hidhati kun Hariiroo/walitti-dhufeenya hafuuraati. Biyya isaa Misopotamiyya keessa akka baafamu yommuu waame, Abrahaam isaan "macci lafa hundaa akka eebbfamu" itti himamee ture.(Uma.12:3,Uma.18:18, 22:18). Eebbi sun Karaa Yesuus dhufa.

Hib.11:8–19, Rom.4:1–3, fi Gal.3:29 dubbisaa. Waan amantii Abrahaam keessa jiru keessaa kan kutaan kun caqasu maal fa'i? Yaada tokkummaa Kristaanaa akkamitti ibsu? Kana jechuunis, heerutuu kana keessatti har'a, amantiin Kristaanaa of keessatti qabachuu kan malu maalfaatu keessatti argamaa?

Akka abbaa amantoota hundumaatti, Abrahaam gidu-galeessa tokkummaa amantii Kristiyaanummaa ta'an wantoota bu'uuraa tokko tokko nuuf kenna. Tokkoffaa, irratti, inni abboomamuu shaakale. "Abrahaam biyya isaaatii ba'ee, biyya itti darbee akka fudhatuuf isaaf yaadame tokko akka dhaquuf yeroo waamametti amantiidhaan in abboomame, eessa akka dhaqu utuu hin beekin in ba'e." (Hib.11:8.). Lammafaan, waadaa waaqayyo irratti abdii qabaate. "Amantiidhaan akka ormaatti biyya isaaaf abdachiiifame sana keessa buufate; Yisihaaqii fi Yaaqob warra isaa wajjin laficha akka argataniif abdachiiifaman, isa booddeedhaan akkuma jiraatan, innis godoo keessa jiraate. Inni mandara hundee jabaa qabu, isa Waaqayyoakkainni itti ijaaramuuf qopheessee ijaare in eggata ture." (Hib.11:9,10). Sadaffaan, Waaqayyo akka ilma isaaaf kenuu, innis gaaf tokko sanyiin isaa akka urjootaa baay'achuuf akka jiru in amane. Bu'uura deebii isaa kana keessatti Waaqayyo amantiidhaan tolaa isa taasise.(Rom. 4:1-3). Araffaan, karroora fayinaa Waaqayyoo amanee fudhate. Inni guddaan qormaati amantii Abrahaam kan itti dhufe yommuu Waaqayyo Isiyyaqiin gaara Mooriyaa irratti akka aarsaa godhu gaafateedha (Uma.22:1-19, Hib.11:17-19).

Kakuu moofaan Abrahaamiin akka michuu Waaqayyootti dhieessa (2Sen B. 20:7, Isa.41:8). Jireenyi maatii isaa, kan hin raafamne abboomamuun isaa, amantaan inni kakuu Waaqaa irratti qabu jireenyi Kristaanummaa keenyaa akkam ta'uun akka qabuuf fakkeenya gaariidha.

**Gochaa fi jechoota kee guyyaa muraasa dhufaa jiranii itti yaadi mee. Karaa kamiidhaa wantoonni ati dubbattuu fi gootu dhugummaa aamntii kee akka calaqqisan taasisuu kan dandeessu?**

Kamisa

Onk.4

Kan Waaqayyoo Saba Filatamoo

Akka isaaaf hoijetuuf Abrihaamiin waamuun, Waaqayyoo saba bakka isa bu'an ofiif filachuu isaati. Waamichi fi filamuun kun gochaa jaalala fi ayyaana Waaqayyooti. Waamichi Waaqayyo Is-

raa'eliif godhe walakkeessa karoora isaa, isanni badiisaa fi gargar cabuu cubbuun fide deebisee sirreessuuf qopheesseeti. Seenaan qulla'aan qo'annoo seenaa gochaa Waaqaa isa Waaqayyo bak-katti deebisuu kanaaf godhe yommuu ta'u garri caalaan karoora kanaas kakuu saba Israa'eliif galeeti.

Akka Ked.7:6–11 itti, Waaqayyo saba isaa Israa'eliin maaliif waame? Ijoollee Abrahaamiin akka Saba isaatti maaliif filate?

---

Jaalalli Waaqayyo sanyii namaaf qabu Waaqayyo Israa'eliin Saba isaa godhee filachuuf giddu-galleessa. Kakuun Waaqayyo Abrahaamii fi Saba isaa kan filateef Waaqayyoon beekuu fi fayyina namootaa karaa warra filate kana saba warra kaan biraan gahuuf ture (Far.67:2). Garuu, kan Waaqayyo akka Israa'eliin filatu tasise gocha jaalalaa isa hundumaa caaluudha. Sanyiin Abrihaam kan tola Waaqaa ta'ee utuu hin kennamneef ta'ee waan ittii of jaju homaa tokko iyyuu hin qabu turu. “Waaqayyo sababii atti saba lafa irraa keessaa lakkobsatti baay'atuuf si jaalladhe yookiis si fo'adhe miti, atti saba lafa irraa keessaa lakkobsatti Muraasa” jeh-he (Ked.7:7).

Akki Waaqayyo itti saba isaa filatu, akka baratame irraa faallaa/keessummaa/ ta'eenii (Lakkobsatti muraasa warra ta'an filachuu) dha. Geggeessaa filachuuf Namoonni yommuu aangoo, ogummaa fi ofitti amantaa barbaadan, Waaqayyo garuu akka akka isaaf hojjetaniif jajjaboo fi humna qabeeyyii filata utuu hin taane warra dadhaboo fi kan homaa hin beekne ta'uu isaanii of-irratti hubatan, homaa tokko iyyuu akka hin taane /nothingness/filata (1Qor.1:26–31).

Garuu, carraa isaan qabaatan ilaali: “waaqayyo saba isaa Israa'eliin galataa fi ulfinaaf isaan gochuu barbaada. Carraa ha-fuuraa hundinuu isaaniif kennameera. Amala isaanii sirreessuuf, Waaqayyoon akka bakka bu'aniif waan isaaniin barbaachisu dhowwatee hin beeku.

---

### Barumsa Sanbataa Gaessota

---

“Seera Waaqaaf abboomamuun isaanii saba lafa gubbaa jiran hundumaa biratti akka dinqifatamani isaan taasisa ture. Hojii ogummaa hundumaa hojjechuuf Inni ogummaa fi beekumsa isaaniif kennuu inni danda’e barsiisaa isanii ta’ee itti fufuudhaan seera isaaf abboomamuutti gara gara sadarkaa caaluutti akka siqan isaan gochuu danda’aa ture. Utuu abboomamoo ta’aniiru ta’ee, dhukkuba irraa eegamanii badiisa saba biraatti dhufe iyyuu in baraarfamu turani kaa; silaa jabina sammuunis in eebbi-famu turan. Ulfinni Waaqayyoo surraa fi aangoon isaa sooruma isaanii keessan in beekama ture. Mootummaa ilmaanii fi intalootta lubootaa in ta’aa ture. Waaqayyo waan barbaachisaa hundumaan isaan guutee, saba lafaa keessa saba guddaaa isaan taasisa ture.”—Ellen G. White, Christ’s Object Lessons, p. 288.

**Wanta Waaqayyo Isaraael duriif godhee fi waamicha inni isaaniif qabaate gidduu akkasumas waan inni nuuf godhee fi nu Adveentistota guyyaa 7ffaaf qabu keessa wal fakkeenyaa maaliitu jira?**

#### Jimaata

#### Onk.5

Yaada dabalataa: Ellen G. White, “uumama sana,” pp. 44– 51, fi “waamamuu Abrahaam,” pp. 125–131, Patriarchs and Prophets irraa dubbisaa

Kaayyoodhumti nama uumuu Waqayyoo maatii fi sanbata dhaabuu isaatiin argameera (Uma.2:21–24) akka Yesuus argisiisetti sanbatni nama hundumaaaf yaadameeti kan dhaabbate ( Mar.2:27, 28.) dhugaadhumatti, ammalli inni akka walii galaatti qabu seera uumamaa keessatti hubatameera; innis yeroo Waaqayyo sanbata guyyaa 7ffaa addaan baasee kaaeedha. Kunis Israaeliin saba kakuu isaan godhee; addumaan utuu hin waamin, cubbuunis utuu hin argamin dura. Utuu sanbati akka yaademeti eegameera ta’ee humna tokko nama taasisuakkamiitu argama turee? Hidhaan tokkummaa isaanii maal akka ta’ee kan yaadachisu guyyaa boqonnaa ta’ee ijoollee Addaamii fi Hewwaan hundumaaf kenname. “Sanbatii fi maatiin Eden keessatti kaaaman,

karoora Waaqaa keessatti isaan kan gargar hin baaneedha. Guyyoota biroo irra kan caalu guyyaa kana nuuf jirenya Eden jiraachuun in danda'ama. Miiseensa maatii kanaa hundumaa-fuu hojii fi qo'annoodhaan; Waaqeffanna fi bu'aarudhaan abbaan akka lubaatti, haatii akka barsiiftuutti fi miilttoo ijolleetti, kanatti boqochuun kaayyoo Waaqayyooti.

**Gaaffiilee maree:**

1. Akka seenaa uumamaatti uumamni dubartii inni ci-naacha Addaamiin keessaa baafaamuu akkamittiin walitti dhufeenya cimaa haadha manaa fi abbaa manaa gidduu jiru argisiisa? Hammam akka nutti dhi'aachuu barbaadu ibsuud-haaf fakkeenya abbaa manaa fi haadha manaa fudhachuun guutummaa macaafa qulqulluu keessatti maal nu argisiisa?
2. Seenaan Riqa Baabel, afaanii fi qomoon gargar ta'uun namootaa duraan karoora Waaqaa keessa kan hin turre, nutti himu iyyuu, har'a akkamitti kana bira darbuu dandeenyaa? Har'a waldaan saba qomoo garaa garaa keessaa dhufani iyyuu akkamittiin tokkummaa kana qabaachuu dandenya?
3. Waamicha Israael durii fi waamicha Adveentistii guyyaa 7ffaa ammaa gidduu wal fakkenya fi garaa garum-maa akkamiitu jiraa? Caalaatti immoo, isaan irraa, waama-muu keenyaaf amanamoo akka taanuuf barumsa akkamii barachuu dandeenya?

**Cuunfaa:** Jalqabuma irraa karoори Waaqayyo namaaf qaba ture waliigaltee fi tokkummaan akka maatii tokkootti akka jiraataniif ture. Abbomamuу dhabuun maatii keenya jalqabaa karoори Waaqayyoakkanni addaan citu godhe. Garuu, Kiristoos keessatti qofa kan argamu abdii bakkatti deebifamuу sana abdii jiraataa та'ee akka turuuf kakuu dhaabuuf Waaqayyo Abrahaamiin waame.

## Sababii Gargar Ba'umsaa

Sanbata Waaree Booda

Barumsa turban Kanaaf dubbifadhaa: Ked. 28:1–14, Erm. 3:14–18, 14 Abo. 17:6, 1 Mot 12:1–16, 1 Qor. 1:10–17, HoE.20:25–31.

Heertuu Yaadannoo: “Waaqayyoon sodaachuun jalqaba ogummaa ti; isa qulqulluu sana beekuun hubanna dha” (Fak.9:10).

R aajonni kakuu moofa irra deddeebi'anii dubbii Waaqaaf akka abboomamaniif saba Israaeliin waamaa turan. Abboomamuun dhiisunii fi dhibaa'ummaan gara gan-tummaa fi garner ba'umsaatti isaan geessa ture. Seera Waaqaaf abboomamuun wanti yaadameef saba isaa bu'aa cubbuun fiduu danda'u irraa ittisee saba ormaa giddutti isaan qulleessuuf ture. Fedha Waaqaa duukaa adeemuun namoota giddutti hawwaasa isaanii jabeessee kallatti hundumaan saba isaaniin naanna'anii jiran irraa shaakalli waaqeffannaan dharaa fi wanti hin taane akka isaaniin hin weerarreef of irraa dhorkuuf, akka walii galaniif ture. Akkuma Waaqayyo Ibroota biyya Misirii erga baasee: “kunoo isini biyya dhuunfaa keessan godhachuduhaaf itti galtan keessatti akka hojettaniif, ani akkuma Waaqayyo Gooftaan keessan na abboometti seeraa fi wanta qajeelaa ta'e isin barsiiseera. Kun saba hundumaa duratti ogummaadhaa fi hubanna keessan waan ta'uuf, isaan seerrata kana hundumaa yeroo dhaga'an, 'dhuguma sabni guddaa kun saba ogeessaa fi hubataadhaa' isiniin in jed-hu; kanaaf isin kana duukaa bu'aa eegaa” Abo.4:5,6.

Gaaffii hin qabu: utuu amanamoo ta'anii itti fufaniiru ta'ee, si-la guddaa eebbfamanii kaaniifis eeba ta'u turan. Amanamoo ta'u dhabuun gara rakkoo hedduutti kan geessu yommuu ta'u

gargar ba'uun wantoota baay'ee keessaa isa isa tokkoo dha.

\*Sanbata isa Onk. 13f qophaa'uuf barumsa torban kanaa dubbi-fadhaa,

## Jalqaba Torbanii

Onk.7

### "As deebi'aa, Ijoollonni Duuba Deebitan"

Seenaan saba Israael abboomamuu diduu fi naamusa dhabuutiin, gara Waaqayyootti deebi'anii abboomamuun, itti fufee achiim-moo abboomamuu dhiisuu fi jeequmsa biraan kan guuteedha. Bifuma kanaan irra deddeebi'amaa ture. Yeroo sabni Waaqaa hubatnaadhaan fedha Waaqaa faana bu'u hundaa jirenya naga qabeessaan eebbifamaa turan. Yeroommoo abboomamuu dhi-isanii karaa ofii isaanii irra adeeman hundaammoo waraanaa fi jeequmsatu isaaniin mudataa ture. Israael utuu biyya abdachii-fame sana hin galin illee takka abboomamuu fi takkammo gara waaqaatti deebi'anii abboomamuun kun akka jiru dursee dubba-tee, jiraachuu isaaniitii falli isaas maal akka ta'u kaa'eera.

Ked.28:1-14. Utuu sabni Israael sun seera Waaqaaf ab-boomamaniiru ta'ee eeba maaliitu isaan argata turee? Erm.3:14-18 dubbisi. Waamicha qalbii jijiirranna Waaqayyo Israeliif godhu irraa maal baranna? Obsaa fi jaalala Waaqayyo qabu kun maal nutti himaa?

---

Kitaaba Ermiyaas keessatti wanti nama dinqu, saba isaa hafuura fincila, gargar ba'umsaa fi waqa dharaa waqqessuu keessa tu-reef jaalala, araaraa fi arjummaa inni argisiiseedha. Waaqayyo itti fufinsaan sabni isaa akka qalbii jijiirratuu fi gara isaatti akka deebi'uuf in waama. Waaqayyo irra deddeebi'ee fuula duratti ab-dii fi bakkatti deebifamuun akka jiru abdachiisaa ture.

“Yaa Israael, ishee Waaqayyo irraa garagaltee, ani araara-qabeesa waanan ta'ef, hamma barabaraatti sitti hin dheekkamuu, ija dheekkamsaatiinis sin ilaaluutii, gara kootti deebi'i jedhi.” Jedha

---

### Barumsa Sanbataa Gaessota

---

goothaan “Ani bara baraan sitti hin dheekkamu. “Ati ‘ana Waaqayyo gooftaa keetiif abboomamuu diduudhaan narratti kaatee muka baala qabu hundumaa jalatti waaqolii ormaatiif waan sitti tolu waan hojjetteef ati yakkakee beeki!” Jedhi jedhee Waaqayyo kana dubbateera.” Erm.3:12, 13.

Dubbiin Ermiyaas kun yeroo walumaa galatti dubbiin Waaqayyo didametti kan dubbatame ture. Yeroo mooticha Yosi’as, amanamummaadhaan Waaqaaf abboomamuu hafuurri nama dirqu hin jiru yeroo jedhame ture. Cubbuun isaanii, waaqessuun waaqa tolfamaa, jireenyi ofittummaa badiisa hafuuraa fi siyaasaa (booji’amuu faa) isaanitti fidaa turee.

Hammuma fedhii Waaqaa gochuu irraa duuba deebi'an, fuul-dureen isaaniis hammuma sana gadhee ta'a ture. Haa ta'u malee garuu, karaa Ermiayaasiin Waaqayyo isaan kadhate (Yet, through Jeremiah, God pleaded with them.) mataa isaa keessatti Waaqayyo gara fuula duraatti waan garii isaaniiif yaadaa ture; isaaniin gara jirenya irraa hafaatti, tokkummaa fi fayyummaatti isaan geessuu in fedha ture. Kun garuu ta'u kan danda'u yoo isaan amantiitti dhugaatti jiraataniidha.

**Jirenyuma mataa kee keessatti garaagarummaan jirenyaa abboomamuu fi abboomamuu dhiisuu maaliidha?**

Wiixata

Onk.8

### Ijuma Ofii Isaatiin

Seenaan kitaaba Abboota Firdii irraa bu'aa fedha Waaqaa dhii-suu Israael kan ta'an wantoota gaggadhee hedduutu dubbifama. Israaeloonni akkuma Kana'aaniin seenaniin, namoonni jirenya hafuuraa isaanii amantii sobaa isa kan warra Kana'aanotaa faana godhachuu jalqabuudhaan waanuma Waaqayyo duraan akka hin goone isaanii akeekkachiise gochuu eegalan. Akka carraa hin taanee ta'eemmo, kun tokkicha rakkoo isaanii mudates hin taane.

Abo.17:6 ;21:25 dubbifadhaa. Heertuwwan kun rakkoo biroo saba Waaqaa gidduutti ka'e maal nu barsiisu? \_\_\_\_\_

Saba Waaqaa gidduutti akkaataa wal hiruu fi gargar ba'uun dubbata. Tokkummaan uumata tokkoo kan argamu amanamummaa isaan Waaqa kakuuf, kakuu galan sanaaf qabanii irraati. Kanas gochuudhaan garuu, wanti keessumaa erga naannoo isaniin faalamanii qajeelaadha jedhanii akka yaada mataa isaaniitti fudhatan gara karaa badiisaatti kan isaaniin geessu ture. Nuyi kan kufneedha, kanaafuu ofumaan geggeefffamuutti yoo dhiifamne, garuma qajeelaa nutti fakkaatettei adeemnas yoo ta'e dhugaadhumatti karaa Waaqayyo akka nuyi irra adeemnuuf nu gaafatu irraa in kaachifamna.

Kutaaleen itti aananii jiran kun dhimma hafuuraa fi hawwaasaa bara abboota Firdii Maal nutti himu?

Abo. 2:11 \_\_\_\_\_

Abo.7 \_\_\_\_\_

"Waaqayyo karaa Musee bu'aan amanamummaa dhabuu maal akka ta'e saba isaa dura kaa'ee ture. Kakuu isaa wajjinii eeguu dhiisuudhaan jirenya Waaqaattii ofi isaanii kutan, eebbi Waaqaa-as isaaniif dhufuu hin danda'u ture. Yeroo akeekkachiisi kun eegamu eebbi saba Yihuudotaa irratti in dhangala'a ture, kara isaanis saba warra naannoo isaaniifuu in ga'a ture. Garuu yeroo baay'ee seenaa isaanii keessatti Waaqayyoon irraanfachuudhaan carraa isuma bakka bu'uu isaanii isaanuma jalaa in dhokata ture. Tajaajila inni isaan irraa eeggatu isa duraa fudhatanii/saamuudhaan namoota immoo inni akka isaan jaraaf taasissan kan barbaade geggeessummaa amantii fi fakkeenyummaa jirenya qulla'aa dhowwatan. Ija Wayinii akka eeganiif isaanitti laatame kan isaanii godhachuun barbaadame. Ofittummaa fi doqnummaan isaanii ormaan illee akka isaani tuffataman isaanii taasise. Kanaaf iyyuu biyyi ormoottaa carra amala fi seera mootummaa Waaqaa gar malee hiikuun isaaniif kennname."Ellen G. White, Prophets and Kings, pp. 20, 21.

Akkuma waldaattu gochi keenya warra naannoo keenya jiran irratti akkamitti dhiibbaa uumaa? Waldaa Adveentistii Guyyaa 7ffaa irraa wanti dhiibbaa gaarii isaan irratti uumsu maal argu?

## Kibxata

## Onk.9

### Gargar-ba'uu Saba Ibrootaa

Karaan fincila fi bu'aan inni fidu galgala tokkotti hin xumuramu. Garuu filannoonii fi murtiin dogoggoraa jaarraa dheeraaf walitti qabame xumura irratti ija rakkinaatti saba Waaqaa geessa. Seenaa mooticha Rehobiyaam 1Mot.12:1-16 dubbisi. Gargar ba'umsa hamaa akkasii saba Waaqaa gidduutti maaltu fidee?

---

Utuu Rehobiyaam fi muuxannoo kan hin qabne gorsitoonni isaa waan Waaqayyo Israaelif yaadu beekaniiru ta'ee, silaa haareffa-ma bulchiinsa mootummaaf gaaffi namoonni sun dhi'eessan in dhaga'u turan. Garuu yeroon wal ga'ii Shekemitti carraa yommuu isaaniif dhufe rakkoo fi madda rakkina Sanaa baasuu dadhabu-un hamma jiranitti saba guddaa sana irratti dhiibbaa akka hin uumneef isaaniin dadhabsiise. Hubatamaa kan ta'e cunqursaa bara mooticha Solomoon dhalatee dhaloota itti aanutti dabarsuu fi kan biraallee itti dabaluuf murteeffachuuun isaanii kallatiidhu-maan karoora Waaqayyo Israaelif qabuu wajjin kan wal mormu ta'ee argamee, kunimmoo, namoonni sun dhugummaa geggees-sitoota kana akka shakkaniif kaka'umsaaf carraa bane. Ogum-maa kan hin qabnee fi kan inni filate gorsitoonni isaa koormaa, aangoo fi taayitaa mul'isan."—Ellen G. White, Prophets and 6 Kings, p.90.

Murtii sirrii ta'e kennuu keessatti barbaachisummaa ogummaa keewwati kun maal jedhu? Maddi ogummaa dhugaammoo eesa?

Fak4:1-9 \_\_\_\_\_

Fak.9:10 \_\_\_\_\_

Seenaan Yerobiyaam arriifataa fi firdii ogummaa saba sana ho-jii humnaa hojjechiisuuf inni kenu seena jirenya mootum-maa Israa'el keessatti seena gaddisiisaa ta'e. Mootichi garee gor-sitootaa lama irraa gorsa barbaadee, dhuma irratti garuu gorsa dargaggoota umurii isaa keessa jiran warra muuxannoo baay'ee hin qabnee fudhachuu filachuun balaa guddaa abbaa isaa Sol-omoonii fi akkaakayyuu Isaa Daawiti irratti fichisiise. Gorsin inni ittiin saba sana miidhee ani abbaa koo caalaattan colleedha jechuu barbaade gowwummaa itti ta'e. Gorsitooni dargaggotaa gaaffii namoota hojiin akka salphatuuf gaafatan kanaaf deebii ta'a jedhanii amanan akkaataa bulchiinsaa in fudhachuu qabu hin turre. Qooda sanaa mooltiin kun gara jabessaa fi hamaa ta'uun argisiisuu qaba jedhan. Dhuma kanaa irratti inni dhiphisaa fi ama-namummaa saba isaafuu kan hin hille ta'uun isaa argisiise. Kanaa-fuu, saba Waaqaa gidduutti tasuma argamuun irra hin turre fi karoora Waaqaas kan hin ta'in gargar qoqqoodamuun dhalatee.

**Roobi****Onk.10****Diigamuu Qorontos Keessatti**

Carraa gadhee ta'e gargar qoodamuun saba Waaqaa baruma Kakuu Haaraa keessattuu hin dhaabanne ture. Fakkeenyaaaf, ergaa Phawulos gara Qorontos isa duraa keessatti boqonnaan arfan warri jalqabaa waamicha tokkummaati. Efeson keessatti immoo Phaawulos gargar ba'umsa addaddaa Qorontosuma keessatti akka ka'e kan dhaga'e ta'uun dubbata. Kanaafiidha xalayaa isaa dheeraa kan ta'e tokkummaa waldaa fi barbaachisum-maa gargar hiramuu dhabamsiisuu irratti barreessuu kan eegale. Wanti Phaawulositti dhaga'amu waa'ee guddina kanaati; akkasu-mas gorsa hafuuraa haala hin barbaachifree kanaaf qoricha akka ta'uuf barreessuu barbaade.

Akka 1Qor.1:10–17, sababiin wal dhabdee, adda addaa qoodamuu fi wal loluu isaanii maal jedhamee yaadama?

---

Namni Kilo'ee gargar cabuu fi wal loluun akka Qorontos keessa jiru yommuu itti himan Phaawulos obbolootaa fi obboleet-tota isaa achi jiraniif itti dhaga'aame. Jechi inni ittiin xalayaa isaa saaqe hammam akka itti dhag'aame in ibsa: "Obboloota ko isin hundumti Keessan waan dubbattanitti akka walii galtan yaada tokkoon akeekkattanii tokkummaadhaanis raawwachuuudhaaf akka qophooftan malee isin gidduutti gargar ba'uun akka hin jiraanne maqaa Gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoosiin isinan gor-sa."(1Qor.1:10). Wanta lolaa fi gargar cabuu kana fidu kamiyyuu, Phaawulosakkanni dhaabbatu barbaada.

Kristaanonni, hammam beekaa fi dandeetti addaa qabaatan iyyuu, maqaa kamiin waamamu iyyuu, nama faana utuu hin taane, Kristoosiin duukaa bu'uuf akka waamaman Phaawulos warra Qorontosiin yaadachiisa. Garee garagaraatti kan hiraman ta'uun, ergamaan Phaawulos hubatamaadhumatti gargar cabuuun kun akka karoora Kiristoositti akka hin taane ka'e. Tokkum-maan Kristaanotaa Kiristoosi fi aarsaa inni fannoo irratti godhe keessatti kan dhaabate ta'uun jabeesse (1Qor. 1:13).

Tokkummaan Kristaanotaa madda isaa kan fudhatu dhugaa akka Kiristoosii fi innis isa fannifame irraa ta'uuf namni biraan ham-mam kan lallabu, kan geggeessu "gati qabeessa" ta'u iyyuu waan biraan irratti hin hundaa'u. Miilla fannoo biratti hundumti keenya iyyuu lafa sadarkaa tokkoorra jirra. Cuuphaan keenya Yesus isa innumti qofti cubbuuttii nu qulleessuu danda'u keessatti. Garuu, karaa qabatamaa ta'een tokkummaa Kiristoos keessattii kanaaf hojjechuutu nurraa eegama.

Wanti kun nutti himu, akka amantoota Adveentistii guyyaa 7ffaatti ergamnii fi tokkummaan amantii keenyaa gaha jennee taa'uun hin dandeenyu. Gargar cabuunii fi wal loluun yoo jaalallii

fi gooftummaan Kiristoos ofi isaa keessatti walitti nu hidhuu baate, tokkummaa waldaa keenya har'aa kan tuffachiisu waan ta'eef.

**Asitti kan Phaawulos dubbatu rakkoo akkasii irraa hafuuf akka-mitti kana irraa barachuu dandeenyaa? Amanamummaa eenyuu-fuu kenninu Yesuusiin ala yoo ta'ee maaliif ofi keenya eeggachuun barbaachisa?**

## Kamisa

Onk.11

### “Yeeyyiin Dhufuuf Jiru”

HoE.20:25–31 dubbisi. Wanti Phaawulos maanguddoota waldaa Efeson akekkachiise maaliidha? Kun akka hin taane hanbisuuf maal godhaniree?

---

Yeroo tajaajila isaa keessa Phaawulosiin mormiin mudataa ture, akkasumas qulullummaa wangeela Kristoosiin akka jirutti eeg-anii tursuun cimaa akka ta'e beekeetu ture. Efesoonitti yommuu geggeeffame, waa'ee eegduu His.33:1-6 keessaa fudhachuudhaan geggeessitooti achi jiranis wangeela eeguudhaaf itti gaafatama akka qaban itti dubbate. Amantoota isaaniif eegduu amanamoo akka ta'uq qabanis itti hime.

Barsiisota sobaa ibsuuf jecha hima “yeeyyi sodaachisoon” (HoE.20:29) fayyadamuun Phaawulos, isa duraan Yesuus waa'ee barsiisota sobaa dubbachuuf dhimma ba'e (Mat.7:15) irraa kan dhufeedha. Warri akka Yeeyyi kun waldoota Phaawulos biyya Eshiyaa keessatti dhabe akka isaan nyaachuuf jiranis dubbate. Efe.5:6–14 fi Qol.2:8 keessatti akkekkachiisa Phaawulos wal-doota Eshiyaa xiqqoo keessa turaniif kennu argina.

Erga isaa 2Xim, keessatti, Phaawulos Ximotiwiisiin waldaa Efesooniif, dogoggora waldichatti galu akkasumas bara dhumaatti (yommus) waaqa malee jiraachuu namootaaf itti gaafatama akka qabu dubbata.

2 Xim.2:14-19; 3:12-17 dubbisaa. Phaawulos waatee barsiisota sobaa dhufaa jiraniif akkamitti akka tokkummaan waldaa eegamu Ximotewositti maal himaa jiraa?

---

---

Jalqaba irratti, Ximotewos Macaafa Qulqulluu isaa beekuu qaba. “nama dubbicha isa dhugaadhaan qajeeltootti hoijetu”(2Xim.2:15). Falmii bu’aa hin qabnee fi yaada shakkii kana humna dhabsiisuuf falli cimaan dubbii Waaqayyo biraa kenname qajeeltootti beekuudha. Dhugaan heertuu tokko keessa jiru isa guutummaa isaa keessa jiruun akka hin morminee fi eenyullee Yesuus irratti amantaa akka dhabu akka hin goonetti dhugaan kutaa macaafa qulqulluu sirriitti hiikamuutu barbaachisaa dha. Baay’ee dhibaa kan hin taanee fi wantoonni sadarkaa lammafaa irratti argaman qajeelfama dubbii Waaqaa warra dhugaadhumatti Kiristoos keessatti jirenya mo’ataa akka jiraatan taasisaniin deggaramuutu barbaadama. Yaadi lammaffaan Phaawulos Ximotewosumaaf kenuu “dubbii minaan hin qabne isa wanta qulqullaadhaan mormu irraa fagaachuu” (2Xim. 2:16). Mata dureen hin barbaachifnee fi shakkii kan nama irratti hanbisu dubbiin qaama tajaajila lallaba Ximotewosiin ta’uu hin qabu; inni amanamaa kan ta’e lallabaa dhimmaa baasu ta’uu qaba malee. Haasaan/mata dureen akkasii ittuma caalchisanii nama waaqayyoo ta’uu irraa kan nama fageessaniidha, amantii amantootaas kan hin ijaarree dha. (2Xim. 2:16). Dhugaa duwwatu Gara Waaqayyootti nama geessa, isatus amantoota gidduutti waliigaltee uumsa. Sababiin Ximotewos ofis dhiisee warra kaanis dogooggora akkasii irraa akka of qusatan godhuuf, dubbiin akkasii akkuma dhukkuba madaa bal’achaa adeemuu waldaa keessa galu waan ta’efi dha. (2 Xim.2:17). Dhuma irratti, dubbii waaqaaf abboomamuun waan ittiin barsiisa sobaa isa waldaa

**Akka waldaatti, namoota wal fakkaatan warra barsiisa sobaatiin waldaa keessatti gargar ba'umsa fidan akkamittiin ittisuun dandeenya?**

**Jimaata****Onk.12**

**Yaada Dabalataa:** kitaabota kana dubbisaa. Ellen G. White, “The Rending of the Kingdom,” pp. 87–98, in Prophets and Kings; “A Message of Warning and Entreaty,” pp. 298–308, in The Acts of the Apostles.

“Waaqayyo garboonni isaa akkamittiin warri inni fo'ate yaalii wali-galaatti hermaatan akka baratan in barbaada. Namoota muraasatti garaa garummaan kennaa isaaniif kennameef kan warra biraa wali galchuun waan guddaa ulfaatu fakkaachuu dand'a; garuu, sammuu namaa garaa gara ta'e bira ga'uuf akka jiran yommuu yaadatan fi dhugaan hojjetaa isa tokkoon did-amee haala biraatiin namni kan biraan yommuu itti dubbatu dhugaa fudhachuudhaaf garaa isaanii akka banan, yommus tokkummaan hojjechuun barbaachisaa akka ta'e in hubatu. Kennaan isaanii gargar in ta'a, garuu to'annaa hafuuruma tok-kicha sanaan ta'a. Jechaa fi gocha hundumaa keessatti jaalallii fi garraamummaan in mul'ata, akkuma hojjetaan hunduu amanamummaadhaan bakka yaadametti hojjeteen, kadhan-naan Kiristoos tokkummaa duuka buutota isaaaf kadhate deebii argata; biyyi lafaa isaan kun duuka buutota isaa ta'uu ni beeka.”—Ellen G. White, Gospel Workers, p. 483.

- 1.Seenaa mooticha Yeroobiyaam fi gargar caccabuu Isra'el ibsi (1Mot keessattii). Kun immoo har'a barumsa maalii nuuf qaba?
- 2.Geggeessitoonnii fi miseensi waldaa gareen walii hin galle akka hin uumamnetti maal gochuu qabu? Rakoon akkasii utuu hin uumamin dhaabuun hammam barbaachisaa dha? Kiyyoo warri Qorontos keessa lixanitti akka hin galleef of eeggannaa akkamii gochuu qabna?
- 3.Wal dhabuu irratti barumsa kutaan kun qabu sirriitti hubadhu, Fak.6:16–19. Wal dhabdee waldaa keessaa dhabamsiisuuf kan si gargaaru maal barate?

**Cuunfaa:** Macaafa Qulqulluu keessatti haalota gara wal-dhab-deetti geessan in argina. Yeroo sabni Waaqayyo abbomamuu amanamaa keessa adeeman, balaan gargar ba'ummaa baay'ee xiqqatu. Fakeenya, yeroo Abboota firdiitii qabee hamma bara mo'icha Yerobi'am garagar cabuuf balbala baneetti. Baruma kuu haaraa iyyuu carraan gargar ba'uu tureera. Dubbii Waaqayyo akka ta'utti isa eeguufis yaaliin qulqulluun yaadaan gargar ba'uu fi hiramuu ittisuuf fala hundumaa caaluudha.

## “Akka Isaan Tokko Ta’aniif”

Sanbata waaree booda

**Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa:** Yoh.17:1–26, 1Yoh. 5:19, 10  
Yoh.13:18–30, Yoh.5:20–23, Mar.9:38–41, Mul. 18:4, 1Yoh.2:3–6.

**Heertuu Yaadannoo:** “Isaan kana duwwaadhaaf miti, warra dubbii isaanii dhaga'anii anatti amananiifis immoo nan kadhadha malee” (Yoh.17:20,21).

**W**angeelli Yohaannis yeroo duuti itti dhi'aate keessatti illee waan Yesuus dhimmee nuuf yaadu foddaa keessaan ittiin arginu nuuf ta'a. Boqonnaa warra baay'ee murteessoo ta'an 13-17 keessatti jechoota Yesuus warra gara dhumaa, Kadhancaa lubaa isa hundumaarra caalu (Yoh.17) kan argannu ta'a.

“Gooftaan keenya kadhata kana keessatti aarsaaf ofi isaa qopheessee, lubas, hoolaa isa qalamus ta'ee dhi'aatee waan tureef maqaa isatti ta'uudha. Achumaanis immoo kadhata gama warra bakka bu'ee aarfamaa jiruuf inni kadhatedha, bartoota warra yoommus kutaa manaa isa ol aanu keessa jiranii fi warra booda keessa dhuga ba'umsa isaaniin gara amantii sanaa dhufaniif kan kadhataameedha.”—F. F. Bruce, The Gospel of John 13 (Grand Rapids: Eerdmans, 1983), p. 328.

Walakkeessi kadhata kana fedhii Yesus tokkummaa amantoot-aaf, bartoota yommus turanii fi warra booda tajaajila isaaniitiin amananiif kan kadhataame ture. Mata dureen bantuu taate kadhata kana keessaa tokkummaadha: “ ‘ani isaaniifan kadhadha, biyya lafaatiif hin kadhadhu, warra ati anaaf kenniteef malee; isaanoo kan keetii. Kan koo hundumtuu kan keeti, kan kees kan

Barumsa Sanbataa Gaessota

---

kooti. Ulfinni koos isaaniin in mul'ata." (Yoh.17:9,10).  
Xiyyeffannoo guddaan kadhata kanatti utuu hin kennamin hiikkaa kan qabu tokkichummaan nu Kiristoos keessatti qabaannu guutuu ta'ee hin jiraatu. Maal kadhatee, eenyuufis kadhate, kadhannaan isaa kana jechuun nuuf har'a maal jechuudha?  
\*Sanbataa isa Onk 20f qophaa'uuf barumsa torban kanaa dubbifadhaa.

## Jalqaba Torbanii

Onk.14

### Yesus Ofiif Kadhachuu

Kadhati Hangafa lubootaa kun kutaa sadiitti hirama. Inni duraa, Yesus ofiif kadhate (Yoh.17:1–5), achiimmoo bartoota isaa kadhate (Yoh.17:6–19), dhuma irratti warra booda keessa isatti amanuuf jiraniif kadhate.(Yoh.17:20–26).

Yoh.17:1–5 dubbisaa. Barbaachisummaan kadhannaan isaa maa-liidha? nuufis immoo maal jechuudha?

---

---

Yesus dura ofuma isaa kadhata gidduu seenuu/intercede/ wan-geeluma kana keessatti wanti duraan ta'e, Yesus yeroon isaa akka hin ga'in beeksisaat ture. (Yoh.2:4, 7:30, 8:20). Amma garuu yeroon aarfamuu isaa gahee ture. Yeroon haala ajaa'iba ta'een hojii isaa lafaa xumuru gaeera. Ergama isaa raawwachuuuf Jabina barbaada; yeroon isaa yeroo kadhataati.

Dhiphina fannoolee yoo ta'e Yesus Jaalala abbaa isaa gochuud-haan abbaa isaa kabaje. Fannoo fudhachuun isas badiisaaf utuu hin taane akkaataadhuma aangoo abbaan isaa isaa kenne itti shaakalu ture. Du'a aarfamuu tolootaa du'e utuu hin taane, maa-liif foon akka uffate xumuree abbaa isaa kabajchisuuf: Duuti aarsaa inni du'e cubbuu biyya lafaa hundumaaf ture.

Akka Yoh.17:3 jirenyi barabaraa maaliidha? Waaqayyoon beekuu jechuun maal jechuudha?

---

---

Jalaqabaa fi isa dhumaatiif,jirenyi bara baraa dhuunfaatti Waaqayyoon beekuu keenya keessatti hammatamu Yesus nutti dubbata. Kun fayyina hojiin/beekumsaan argamu miti, sababii waan Gooftichi fannoo irratti nuuf godhee sanaan isuma beekuudha malee. Beekumsi kun immoo karaa hariiroo dhuunfaa abbaa wajjin qabaatamu dhi'eeffama. Uumamumaan haalli keenya beekumsa waan qaqqabamuu fi ibsamu irratti daangeffama; garuu Yesuus asitti caalaatti kan gadi fagaatee fi raawwatamu irratti xiyyeffata: innis walitti-dhufeenya namni tokko Waaqaa wajjin qabaatuudha. Dhufaatiin Yesus inni duraa, Nama gara beekumsa hiikka caalu qabuu fi fayyina namaaf kennuutti Nama geggeessuuf. Akkasumas walii wajjin tokkumaa qabaachuun gara bakka beekumsichi nama geessutti akka qajeellu gochuuf dhufe.

**Waa'ee Waaqayyoob beekuu fi dhuunfaadhummatti ofii isa beekuu gidduu garaagarummaa maaliitu jiraa? Akka Waaqayyoon beekuutti dhuftu kan si gargaare shaakala maalii qabda?**

Wiixata

Onk.15

### **Yesus Bartoota Isaatiif Kadhat**

Yoh.17:9-19. Yesus keessumaa bartoota isaa ilaachisee kadhat maalii kadhat?

---

Yesus itti aansee Bartoota isaa warra guyyoota isa dura turan, Yeroo Yesus foonitti isaanii wajjin hin taane/torban dhiphinaa fi fannoo Sana/ keessatti balaa isa ganuu keessa turaniif kadhat. Kanaafuu eeggannaabbaa isaatti isaaniin kennuuttiisaati.

Kadhati Yesus isaaniif kadhate biyya lafaa keessatti eeggannaanisaaniin barbaachisuuf ture. Hamma sana garuu Yesus biyya lafaaf kan inni hin kadhatiniif sababiin dhugaa dhumatti biyyi lafummaan faallaa Waaqa abbaa waan ta'eeef.(1Yoh.5:19). Garuu biyyi lafaa bakkuma ergamoonni itti tajaajilaniif waan rakkoo lafa irra jiru irraa akka baraaramaniif isaaniif kadhate. Yesus dhugumaan biyya lafaatiif inni fayyisaa biyya lafaatis immoo. Garuu baballinni wangeelaa dhuga ba'umsa warra dhaqanii itti lallabanii oduu gaarii sana labsanii wajjin walitti hidhama. Kannaaf iyyuu inni hamaan sun akka isaaniin hin miineef kan Kris-toos gidduu galee isaaniif kadhatu. (Mat.6:13).

Bartuun tokko, garuu, miidhameera. Galgala gaafasii dura warra inni filachuu jaallate keessaa tokko dabarsee akka isa kenu dubbatee ture.( Yoh.13:18–30).Yihudaan akka dabarsee isa kenu heertuun kitaabaa dubbachuu Yesus caqasu iyyuu (Far.41:9) (hamma yeroo carraa dhuma didduutti) Yihuudaan nama balaa kana jala gale hin turre. Yeroo Irbaata isa dhuma, Yesus haala jaalalaa fi michummaatiin itti dubbate (Yoh.13:26–30). “Yeroo irbaata dhuma Yesus Waaqummaa isaa kaayyo nama isa kenuu bakkeetti baasuun argisiise. jaalalumaan Yihuudaas tajaajila bartootaatti dabale. Waamichi dhuma isaaf ta'e fudhatama hin godhanne.”—Ellen G. White, The Desire of Ages, p. 720. 13

Akkuma duraani, Hinaaffaan bartoota akka gargar baasu beekuudhaan, Yesus tokkummaa isaaniitiif in kadhate. yaa abbaa Qulqullu, akkuma nuyi tokko taane,warri ati anaaf kennite tokko akka ta'aniif, maqaa keetiin isaan eegi.’” (Yoh.17:11). Tokkummaan akkasii waan namni gochuu danda'uoliidha. Bu'aayookiin kennaa Waaqa biraa qofa kennamuudha. Tokkummaan isaanii tokkummaa abbaa fi ilmaa keessa dhaabate. Tajaajila isaanii gara fuula duraa keessatti tokkummaan akkasii waan murteessaa ture.

Qulla'aummaan isaanii, dhugichaan hidhachiifamuun isaanii is immoo tajaajilicha keessatti waan barbaachisaa ture. Hojiin

ayyaana Waaqayyoo garaa bartoota irrattii isaan jijiiruuf jira ture. Dhugaa Waaqaa kan dhugaa-baan yoo ta'an garuu isaan mataan isaanii dhugichaan jijiiramuun barbaachisaa ture.

“Kan biyya lafaa waan hin ta’iniif” jechuun maal jechuudha? Kun nuuf maal jechuudha? Jireenyi keenya Kan biyya lafaa ta’uu dhiisuu keenya kan mirkaneessu jirenya akkamii jiraanna?

**Kibxata**

**Onk.16**

### **“Warra Anatti Amananiif”**

Yesuus bartoota isaaf erga kadhatee boodddee, kadhannaan isaa akka “warra dubbii isaanii dhaga'anii anatti amananiif” Yoh.17: 20 hammachiisuuf kadhata isaa ballise.

Yoh.17:20–26 dubbisaa. Warra booda dhugaa wangeelaa hujabaniif fedhiin yesus inni guddaan maal turee? Kadhati kun raawwatamuun maaliif barbaachisa?

---

---

Akkuma abbaa fi ilmi tokko ta'an, amantoonni abbaas tokko akka ta'aniif Yesuus in kadhate. Wangeela Yohaanis iddo tokko tokko keessatti, Yesuss tokkummaa abbaa fi ilmaa caqasee ture. Tasumaayyu qofa qofaa hin hoijetan, waan hoijetan hundumaattuu walii wajjin hoijetu.(Yoh.5:20–23). Warra cubbuutti kufan abbaan hamma Ilama isaa kennutti, ilmis hamma lubbuu isaa kennutti waluma qixa jaallatan. Tokkummaan inni Jesus as keessatti dubbatu tokkummaa jaalala fi kaayyoo akka abbaa fi ilma gidduu jirutti isa mul'atuudha. “ ‘isin bartoota koo akka taatan namni hundumtuu kanaan beeka.’”(Yoh.13:35). Tokkummaa kana jaalalaan mul'isuun hariiroo isaan Jesusii wajjin qabanis ta'e abbaa wajjinii mirkaneessa. “Inni dhugaan tokkummaan isaanii mul'achuun dhugaa wangeelaaf dhuga-ba'umsa jabaa kennisiisa.”—Andreas J. Kösten erger, John, Baker Exegetical Commentary on the New Testament (Grand Rapids: Baker Academic, 2004), p.498.

kun akamittiin biyyi lafaa akka Yesus fayyisaa ta'uu beeku kan godhuuudha. Jecha biraatiin, tokkummaan Yesus kadhatuuf kun dhokachuu hin danda'u.

**Biyyi lafaa dhugummaa wangeelaa jaalallii fi tokkummaan hin jiru taanaan akkamittiin mirkaneeffataree?**

---

---

“Waaqayyo saba isaa tokkummaa guutuun waltajji dhugaa bara baraa irra dhaabuuf geggeessaa jira... namni hundumtuu tokkummaa amantiitti akka galuu karaa qopheessaa jira. Kadhan-naan Yesus inni fannoo isaa duraa bartoonni isaa akka innii fi abbaan isaa tokko ta'an, isaanis tokko akka ta'aniif ture; kunis immoo abbaan akka isa erge biyyi lafaa akka isa amanuuf ture. Baay'ee kan garaa nama xuqu kadhannaan dinqisiisaa hamma dhuma barootaa, hamma baraa keenyaattuu kan qaqqabuudha, “kadhatichi isaan kana qofaaf sin hin kadhadhu, karaa dhuga ba'umsaa isaaniin kana anatti amanan hundumaaf sin kadhadha malee” jedha.

“Warri nu duuka buutuu kristoos jedhani raawwii kadhata kanaa akkamiin eeggatu laata!”—Ellen G. White, Testimonies for the Church, vol. 4, p. 17.

**Jirenya keenya keessatti waldaan tokkummaa akkasii irra akka geessuuf maal gochaa jirraa? Akka tokko ta'uu qabutti waldaan akka tokko ta'uuf Hamma tokko ofii keenyattii du'uun maaliif barbaachisaa ta'ee?**

**Roobi**

**Onk.17**

### **Tokkummaa Kristaanota Gidduutti**

Mar. 9:38–41 fi Yoh.10:16 dubbisaa. Gaaffii isa homtuu akka itti dabalamu hin barbadnee fi murtoo ariitii argachuuf Yohaannis gaafateef deebiin Yesus kenne maal jechuudha?

Waldaan Adveentistii guyyaa 7ffaa kadhaanna Yesus isa Yoh.17 kana kadhannaa waldaa isaaniirratti hojjetu godhanii hubachuutu irra jira. Akka waldaatti ergama keenya bakkaan gahuuf tokkummaa'uutu nurra jira. Qabxii kana irratti falmii baay'ee xiqootu jira.

Garuu akkam Kristaanota biroo wajjin immoo tokkummaa qabaachuu? Akka kadhata Yesuus kanatti karaa kamiidha kan isaanitti dhi'aachuu dandeenyu?

---

Gaaffii kan hin qabne, kan keenyaalattuu Waaqayyo waldaa kan biraan keessaa amanamoo akka inni qabu in amanna. Waaqayyo Baabilon keessaa iyyuu amanamoota qaba. "Ishee keessaa bahaa yaa sabakoo cubbuu isheetti akka hin hirmaannetti, dha'icha ishees akka hin fudhannetti" (Mul.18:4).

Akkasuma immoo akka Macaafa Mul'ataatti warra maqaa Waaqaa waammatan keessa iyyuu gantummaa guddaan ni jira, kanaaf bara dhumaatti Kristaanoni soban baay'een walii galuudhaan ari'atama isa Mul.13:1-17 keessaa fiduuf jiru. Kanaafidha yeroo hundumaa waamicha tokkummaa waldaa biraan irratti eegganna guddaa kan godhuuf.

Akkamittiree, erga akkas ta'ee, kan warra biraan wajjin walitti siqnu? Ellen G. White akkamittiin Adveentistiin guyyaa torbafaa dhaabbata amantii warra kaanii wajjin, keessumaa dhimma kana irratti akka hojjettu barreessitee jirti: "namni akkuma fedhii ofi isaa kan Waaqayyo godhateen, hafuurri qulqulluun garaa namootaa isin tajaajiltanii irratti in hojjeta. Hojjettoota W.C.T.U.dhabamsiisuun/offirraa facciisuun akka nurra hin jirrennati argisiifameera. (I have been shown that we are not to shun the W.C.T.U.workers.) qooda guutummaatti hafu isaanii wajjin walitti dabalamuudhaan bakka guyyaa sanbataa eeguu keenya utuu hin jijiirin waa'ee of qabuu isaanii jajjabeessuu in dandeenya. Isaanii wajjin walitti dabalamuuf, dhugaa biraan hafuurri qul-

qulluun akka garaa keenyatti dhaga'amu eegaadhuma, balbala keenya bannee isaaniin afeerudhaan dhimma barumsa of qabuu /abboomsisuu/ irratti akka isaan nu gargaaran gochuu ni dandeenyaa.”—Welfare Ministry, p. 163. 24

Yeroo murtaa'aa ta'e tokkotti dhimmumma murtaa'aa ta'e tokko irratti kan dubbachaa jirtu ta'uus, kristaanota biraa wajjin akka-mitti akka walitti dhufnu, keessumaa gaffii waa'ee tokkummaa uumuu irratti kan nu gargaaru qajeelfama nuyi hordofuu dandeenyu kennaa jirti.

Tokkoffaa, fedhii uummataa jaraa wajjin iratti walii gallu irratti waliin hojjechuun in danda'am.

Lammaffaan, yoo kan isaanii wajjin tokkummaa uumnu ta'e amantii keenyaas ta'e jirenya amantii keenya kan mareetti fidu ta'uu hin qabu.

Sadaffaa, dhugaa ittiin eebbifamne kana isaaniif qooduuf jecha, isaanii wajjin tokkummaa uumus in dandeenyaa; uumuus qab-na.

## Kamisa

## Onk.18

### Amantiin Tokko Jaalalaan Qoodamee

Yoh. 17:3 keessatti, jirenyi barabaraa Waaqayyoon beekuudha. 1Yoh.2:3–6 dubbisaa. Waaqayyoon beekuu jechuun maal jechuudha? Jirenya keenya guyyaa guyyaa keessatti Waaqayyoon beekuu keenya akkamitti argisiifna?

---

---

Walumaa galatti, ammaa namoonni lammii seeraan bulu jedhanii of waamuu utuu jaallatanii, namootumti kun yeroo baay'ee seera Waaqayyo eeguuf qajeelfama macaafa qulqullummoo gadi buusu. Kaan kaan immoo ayyaanni Waaqayyo abboommii Waaqayyo in balleessa jedhu. Kun barsiisa macaafa qulqulluu miti: “abboommii Waaqayyo eeguun haal-duree Waaqayyoon beekuu utuu hin taane, mallattoo Waaqayyoon/Yesusiin/ beekuu fi isa jaallachuu keenyaati. Kanaafis, Waaqayyoon beekuu kun

jechumaan isa beekuu utuu hin taane, beekumsa sana hojin argisiisuu dha." Ekkehardt 20 Mueller, The Letters of John (Nampa, Idaho: Pacific Press, 2009), 21 p. 39.

Yesus iyyuu akkas jedhee qeqqachiisee ture: " 'isin yoo na jaallattan abboommii koo in eegdu.' " " 'Namni abboommii koo qabu, inni isa raawwatus, isa kan na jaallatu' " (Yoh.14:15, 21). " Waaqayyoon Yommuu Jaallannu abboommii isaas yommuu goonu ijoollee Waaqayyoo jaallachuu keenya in hubanna, Waaqayyoon jaallachuu jechuunis abboommota isaa eeguudha; abboommoti isaas immoo ba'aa ulfaatoo miti." (1Yoh.5:2, 3)

Yoh.13:34, 35 dubbisaa. Abboommiin haaraa kamiidha kan Yesus bartoota isaatiif kenne? Kun immoo yaada tokkummaa Bartoota isaa gidduu wajjin akkamitti walitti dhi'aata?

---

Olla/hiriyaan ofii jaallachuun ofumaayyuu abboommii haaraa hin turre; abboommii Waaqayyo Museetti kenne keessattuu argamuu danda'a (Lew. 19:18). Kanaafuu abboommii Yesus ergamoota isaaf akka ofii isaan jaallatetti walii walii keessan jaallad-haa jedhee kenne keessa wanti haaraan maaltu jiraree? Fakeenyi Yesus inni jaalala aarsaa of gochuu hawwasa amantootaa sanaaf seera jireenyaa haaraadha. Safartuu dinqisiisaa akkamii nu dura kaa'amme! Jireenyi Yesus jaalala hoijin argisiifamuuuf fakkeenya qabatamaadha.

Safartuu jaallatamaa akkamii dura kaa'amme! Guutummaan hoijin ayyaanichaa itti fuufinsaan kan ta'u tajaajila jaalalaati; of ganuu, dhama'iinsa aarsaa of taasisuu. Jireenyi Kiristoos addaan kan hin cinne mul'achuu jaalala fi aarsaa gaarummaa warra biraaf ta'uuti. Qajeelfamni inni Yesusiin kakaase nuunuu warra biraaf jiraachuuuf nu kakaasuu qaba. Kun biyya lafaatiif dhuga ba'umsa cimaa attamii ta'a ture. Jaalalli akkasii tokkummaa ci-maadhaaf jabina akkamii kenna ture.

**Jaalala mataa ofii warra kaaniif aarsaa godhu, kan akka isa Yesus argisiisee kana akkamittiin argisiisuu baruu dandeenyaa?**

**Yaada Dabalataa:** Ellen G. White, “God’s Law Immutable,” pp. 443–446, in The Great Controversy. Read the articles “Denominations, Relations to Other,” pp. 763, 5 764, fi “Roman Catholic Church,” p. 1110, in The Ellen G. White Encyclopedia.

“Waldaan Adveentistii guyyaa torbaffaa waldoota naannoo baay’ee kan of keessatti qabdu waldaa addunyaawwaa taatu iyyuu, Adveentistiin anumatu Kan Kiristoos waldaa guutummaa addunyaati ofin hin jettu.waldaan Universaliin dhaabbata kam irra iyyuu kan bal’atuu dha. Amma ammaatti warra Jesusitti amananii isa faana bu’an of keessatti qabaachuun beekamu iyyuu, Kan mul’atuu fi kan hin mul’annee/beekamuu fi hin beekamne/ of keessaa qaba. Dhimmi addumaan dhimma caaf-fata qulqulluu ta’e kun, yoo gantummaa Kristaanota gidduu jiru jabeffamee kan Mul’ata keessatti akka kaa’ametti yoo xiyyef-fannee ilaalle dhimma ho’aa taa. waldaan qullooftuun Mul.17 keessaa waldaa ishee xurooftuu Mul.17, sanaan wal bira qabam-teetu gama biraatiin immoo magaalaan qullooftuun Yerusaalem haaraan Baabilon magaalaa guddittiin, dhirsa Misirroo magaalaa ishee qulqulloftuu fi haaraa Yerusalem ishee Mul.fi 22 bira qabamtee ibsamte. Jaarraa duraa keessa waldaan guutummaa Addunyaa baay’ee kan hubatamu ta’us fakkeenyaaf naannoo bara giddu-galeessaa (Medieval Ages) hubachuun isaa baay’ee rakkisaa ture.

“Kanafuu, Adventistoonni hubatnaa isa dhugaa waldaa Waaqaa dhaabbata ishee duwwaatti hin daangessitu. Calluma jettes ofin gara waldoota biraattis akka inni bal’atu hin gootu” (Therefore, Adventists do not limit the concept of God’s true church to their own denomination, nor do they automatically extend it to other Christian churches.) inni dhugaan waldaan Waaqaa namoota dhugumaan isatti amanan kan of keessaa qabuu dha. Adventistoonni gama biraatiin, nuyi adda kan taane waldaa hubatamtuu

/visible/ haftuu bara dhumaa keessa jiraanne ishee Mul.8 12:17 fi boqonnaalee 12–14 keessa jirtuudha ofiin jedhu. Waldaan haftuun kun amala naannoo fi akkasumas amala addunyummaa in qabaatti.”—Ekkehardt Mueller, “The Universality of the Church in 11 the New Testament,” in Ángel Manuel Rodríguez, ed., and 12 Message, Mission, and Unity of the Church (Silver 13 Spring, Md.: Biblical Research Institute, General 14 Conference of Seventh-day Adventists, 2013), p. 37.

### Gaaffilee Maree:

- 1.Raawwiin kadhanna Yesus Yoh.17 keessaa waldaadhaaf maaliif baay'ee barbaachisaa ta'ee argame? Fedhiin Yesus tokkummaa waldaa jaarraa duraatiif qabu fedhii inni waldaa har'aaf qabu akka-mittiin argisiisa?
- 2.Waldaan naannoo dhimma tokko tokko irratti waldoota biraaj wajjin in hojjettii? Hammam akka ta'uutti deema? Aamantii keen-yaa fi dhugaa nuuf kennname utuu mareetti hin fidin akkamittiin wajjin hojjechuu dandeenya?
- 3.Hiikaan hima kanaa Wal'aansoo guddicha keessa jiru maaliidha? Kanas ofii keenya gidduutti akkamittiin dhugoomsuu dandeenya? “Warri nu saba Waaqaati ofin jedhan ificha akkuma isaan irrat-ti bu'etti utuu fudhatanii, silaa tokkummaa isa Yesus kadhateef sana in argatu turan, isa bartuun sun ibse ‘tokkummaa hafuura; hidhaa nagaa keessatti’akkas jedha, ‘qaama tokko, fi Hafuura tokko abdii tokkotti akka waamamtani; gooftaa tokko, amantii tokko, cuuphaa tokko.’ Efe 4:3–5.”—Ellen G. White, The Great Controversy, p. 379.

**Cuunfaa:** Kan Yesus kadhati hangafa lubummaa Kan Yohannis nu yaadachiisu Yesus amma iyyuu tokkummaa waldaaf akka inni dhimmuu dha. Kadhati isaa kadhata keenyaa ta'uutu barbaachisa; amantii keenya dubbii Waaqaa keessatti jabeessuu nu barbaachisa. Jaalalli nu walii walii keenyaaf qabnus amantoota barsiisa wangeela adda ta'e kamiinuu qabaannu iyyuu, warra bi-raayyuu dabalatee amalaa fi hariiroo keenya argisiisuu ni mala.

## Bantuu Tokkummaatti Geessu

**Sanbata waaree booda**

**Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa:** Efe.1:3-14; Gal.4:7; Efe.2:11-22; 4:1-6, 11; Mat.20:25-28; Efe.5:15;6:9.

**Heertuu Yaadannoo:** “Waaqayyo waan isatti gaarii fakkaate karaa Kiristoos itti yaaddee of dura kaaatee ture ammas dhoksaan fedha isaa kun nu biratti akka beekamu godhe. Barri murame yeroo guututti Waaqayyo akka ittiin fayyisuuf akeeketti, wanta bantii waaqaa keessaa, wanta lafa irra jiru wanta hundumaas harka Kiristoos jalatti walitti in qaba” (Efe.1:9,10).

**E**fesoont Eshiya xiqqaa keessatti giddu galeessa daldaalaa ishee guddoodha. Waldaan achi jiru, Efesoont keessaa, waldaa Yihuudotaan, Ormootaa fi namootuma garaa garaatiin kan guutte turete. Utuu tokkichummaa akka qaama Kiristoositti qabaachuun Kiristoosiif jedhanii miti ta'ee silaa misesenonni garaa gara ta'uunakkuma biyya keessa jiranii sababii wal dhabdee isaaniif ta'uutu irra ture. Kanaaf Phaawulosiif tokkummaan duuka buutota Kiristoos mat-duree ergaa isaa Efesooniin ture. Akka Phaawulosiitt tokkummaan gama lama qaba: tokkummaa waldaa keessattii; isa Yihuudonnii fi ormoonni qaama tokko Kiristoosiin keessatti walitti qabamanii fi tokkummaa addunyaa keessa jiran keessatti, isa wanti Waaqaa fi lafa gubbaa xumura irratti Kiristoosiin keessatti, tokkummaa isaanii argatani dha.

Maddi tokkummaa Kanaa Kiristoosiidha. Ibsi Phaawulos “Kiristoosiin Keessatti” yookiin “Kiristoosii wajjin” kan jedhu ergaa Phawulosiin keessatti -yeroo hedduu jirenya, du'aa fi du'aa ka'u Yesusiin, Waaqayyo nuu, hundumaafuu akka waan hundumaa godhe argisiisuuf dhimma ba'aame. Kaayyoon Waaqayyoo inni dhumaa karoora fayyinaa keessatti karaa Kiristoosiin hundu-

maa tokko taasisuudha. Tookummaan kun kan guutummaatti mul'atu dhuma barichaa qofaatti.

\*Sanbata isa Onk 27, qophaa'uuf barumsa torban kanaa dubbifadhaa.

### Jalqaba Torbanii

Onk.21

### Eebбота Kiristoos Keessa Jiran

Efe. 1:3-14 dubbisaa. Akka Phaawulos jedhutti asitti maaltu karaa Kiristoos nuuf laatame?

---

---

Duuka buutonni Kiristoos Waan Waaqa galateeffataniif baay'ee qabu. Kiristoosiin keessaan, Yesusuma biyya lafaatti akka beek-sifnuuf akka ilmaanii fi intalootaatti nu guddifachuuf Waaqayyo nu fileteera. Phawulos hariiroo haaraa Kiristoosiin keessan Waaqaa wajjin qabnu ibsuuf fakkeenyota hedduu fayyadameera. Fakeenyota kana keessaa, fakkeenyi ilmaanitti guddifatamuu barumsa tokkummaa kana argisiisa. Kiristoositti, ilmaanitti gud-difamnee maatii Waaqattti dabalamne. Fakkeenyi maatii kunis immoo kakuu Waaqayyo ijoollee Isra'elii wajjin qabu kan argisi-suudha. Akka qabiyyee ergaa Phaawulos kanatti Ormoonni warri Yesusiin akka Masihichaatti fudhatanis Ijoollee Waaqayyooti; dhaaltota abdii Isra'elotaaf kennameetis (Rom.8:17, Gal.4:7). Bu'aan hariiroo Kiristoosii wajinii kun bu'uura tokkumaa Kristaanaa hundumaati. Kutaan kun dabalee kan nutti himu, nama hundumaa Kiristoosiin keessatti tokko gochuun fedhii Waaqayyoo akka ta'ee dha. Maatii Waaqaa keessa erga taanee Yesusiin beekuun homaa tokko iyyuu akka nuuf hin daballe fi hundumti keenya iyyuu ijjollee, Waaqayyoo wal qixa kan jaallatamani fi ilaalamani akka nu taasisuudha. (And, in God's family, knowing

Jesus does not provide any special status: we are all children of God, equally loved and cherished.)

Namoonni hedduun heertuu kana yoo dubbisan hin hubata-muuf, waa'ee /yaadee qopheessee of duraa qabaachuu/ dursee murteessuu Waaqaa yommuu dubbisan jechuudha. (Efe.1:5, 11). Abdiin akka fayyinuuf nu fo'achuu warra kaanimo akka isaan badanif fo'ateera jechuu of keessaa qabaata. Kun garuu bar-siisa Macaafa Qulqulluu miti. Waaqayyo karoora fayyinaa kana utuu biyyi lafaa hin uumamin namni hundinuu akka fayyuuf qopheesseera. “Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallatee; kun immoo isatti kan amanu hundinuu, jirenya barabaraa haa qabaatuuf malee haa baduuf miti.” (Yoh.3:16, 1Xim. 2:6, 2Phe.3:9). Afeerra fayyinaa isaa eenyufaa akka fudhatan Waaqayyo dursee beeka; kun garuu dursee filannoo namaa murteessuu wajjin gargar. Fayyinni nama hundumaafuu sababii waan Kiristoos nuuf godhee hundumaafuu qophaa'era. Gaaffiin jiru: afeerra kanaaf akkamitti deebii kennina kan jedhuudha. Waaqayyo nama fayyisuu tarkaanfi humnaa tokko iyyuu hin fayyadamu.

“Yaa'ii Samii keessatti, cubbamoota daddarban ta'an iyyuu akka abboomamuu dhabuu isaaniitiin akka hin badneef carraan kennameefi, karaa amantii Yesusittii baka bu'aa fi qabsiisa fayyinaa isaanii ta'e Waaqa biraa isa fo'amee ijoollee Kiristoos Yesus ta'uuf akka akeeka Waaqayyootti dursee dursee kennameera. Nanni hunduu akka fayyu Waaqayyo in fedha, hubatamaa kan ta'e carraan saaqamaan kennameera hoo akka fayyanifi; innis tokkicha ilamasa gatii namootaa baasuuf kenneera. Warri badan kan badaniif karaa Yesus Kiristoos ilmaanii fi intaloota Waaqaa ta'anii guddifamuu waan hin fudhatiniif badu.”— *Ellen G. White Comments, The SDA Bible Commentary, vol. 6, p.1114.*

## Keenyan Diiguu

Gargar ba'umsi gurguddoona namoota gidduu jiran tokko tokko sanyii, qomoo fi amantii irraan kan ka'anii dha. Hawwaasa hedduu keessatti kaardiin eenyummaa qomoo yookiin amantii abbichi keessa jiru kan qabu kunis immoo carraa namni sun argatu yookiin adeemsa guyyaa guyyaa keessatti kan inni/ishee/argachuu hin qabne kan argisiisantu kennamaaf. Lolli yookiin wal dhabdee kaanaan wantoonni eenyummaa ibsanii fi garaa garummaan jiru mormii fi badiisa kan hammeesan in ta'u.

Efe.2:11–22 keessatti, Phaawulos hawwaasa Kristaanotaaf karaa wayyu argeera. Tokkummaa nu Kiristoosii wajjin qabnu garaagarummaa keenya gubbaatti akkamittiin dhiibbaa uumuu danda'a? Du'a Yesus fannoo gubbaatiin maaltu diigamee?

---

Phaawulos warra Efesooniin utuu Yesus Kiristoosiin Hin fudhatin dura jireenyi isaanii maal fakkaata akka ture akka duuba dee-bi'anii yaadaan caqasan isaaniin afeera. Garaagarummaan Qomoo, aadaa fi amantii garee namootaa gidduutti diinummaa fi wal dhabdee uumaa ture. Garuu oduu gaariin, Kristoosiin Keesatti hundumti keenya iyyuu fayyisa fi Gooftaa tokkicha kan qaban saba tokko ta'u dha. "Aamma garuu Kiristoos Yesusii wajjin tokkummaa qabaachuudhaan isin warri dur fagaattanii turtan dhiiga Kiristoosiin dhi'eeffamtaniittu" (Efe.2:13).

Manni Qulqullummaa dur Yeruualem keessa ture kutaalee mana qulqullummaa Yihuudota qofaa bakka tokkotti adda baasuuf keenyan gargar baasu qabaachaa ture. Keenyan kun bareeffama ormi sana darbee deemee jennaan akka du'u kan jedhu qaba ture. Phaawulos adeemsa misi'oонуммаа isaa booddee; kana darbee mana qulqullummaa seenuu isaa fi seera kana cabsuu isaa komatamee ture. Phaawulos yommuu qabames Xirofimoos nama jedhamu nama biyya Efeson mana qulqullummaatti

ol galcheera ta'a jedhanii himatameera. (HoE 21:29). Ergaa kana keessatti Phaawulos kan falmu “Kiristoos nagaa keenya inni keenyan diinummaa isa gidduu ture diigeera; warra Yihuudota hin ta'in Yihuudotas, lamaanuu tokko godheera” (Efe. 2:14).

Kiristoosiin Keessatti, amantoonni Ilmaan Abrahaamiidha, dh-aqna qabaa onnee in fudhatu. Dhaqna qabaan qaamaa Waaqayyo Abrahaamiin qabaachise kan argisiisu dhaqna qabaa hafuuraa amantoonni Kiristoositti fudhachuuf jiraanii dha. Kes.10:16. “Isini immoo isumaan dhagna qabattaniittu,dhagna-qabaan keessan garuu isa harkaan hoijetame utuu hin ta'in isa Kiristoos dhagna qabuu isaatiin namummaa foonii guutummaa isa balleesee dha.(Qol.2:11).

**Efe.2:11-22 irra deebi'aa dubbisaa. Dhugummaa waan Phaawulos barreesse kanaa karaa kamiin argaa jirra? Qom-qabaaakkamiitu hafee jira?**

**Kibxata**

**Onk.23**

### **Tokkummaa Qaamicha Keessatti**

Phawulos waan gara waldaa Efesonitti barreesse kana waan Qabatamaa qaba. Tokkummaa Yihudotaa fi ormoota Gidduu ture, akkasumas namoota addaa fi dugda-duubee garaa garaa yommuu jedhamu oduu afaanif yaadi-rimeed huma yaadamee kaa'ame miti; dhugaa akka ergaa kanaatti akka jiraatnuuf nu kakaasuudha “waamicha isa itti waamamtan sanaaf akka ta'utti akka jiraattan isinan gorsa” (Efe. 4:1 ).

Akka Efe.4:1-3tti, akkamittiidha kan Kristaanoni akka waamamanitti jiraatan?

---

Qabatamumaan bu'aan amalaa fi ayyaana jirenya Kristaanaa keessatti barbaadamu kanaa “Hidhaa nagaatiin tokkummaa ha-fuura qulqulluu of harkatti eeggachuudhaaf dhama'aa”(Efe.4:3) isa jedhuuf nu gargaara. Kun hundumtuu jaalala keessa kaa'amee

jira (1Qor.13:1-7). Jaalalli qabatamumaan shaakalamuuun obbolootaa fi obboleettota gidduu hariiroon akka turu godhee nagaa fi tokkummaan akka hawwaasa amantootaa gidduu jiraatu taasisa. Tokkummaan waldaa keessaa immoo jaalalli Waaqaa karaa adda ta'een raawwatee namoonni biroon akka dhugaa ba'an taasisa. Keessumaammoo yeroo iddoo biraarra wal dhab-deen, gargarba'umsii fi jeequmsi jiru.

Efe.4:4 – 6 dubbisaa. Heertuu kana sadan keessa qabxii barbaachisaan mata duree ta'e maaliidha.

---

Boqonnaa kana keessatti lakkobsa jalqabaa keessatti, Phaawulos fedhii guddaa tokkummaa waldaa irratti qabu dubbata. Tokkummaa akka qabaataniif gorsa cimaa laachuudhaan eegalee (Efe.4:1-3) wantoota torba kan of keessatti qabu waan amantoota tokko taasisuun itti fufe. (Efe.4:4-6). Tokkummaan waan amantoonni waluma faana qabaataniidha (Efe.4:4-6), yeroo tokko tokko walitti fufiinsaan kan irratti hojjetamuu qabuu fi eegamu, kan nuyi barbaadnee godhannuu dha.(Efe. 4:13). 17

“Ergamichi humna dhugaa isa ofi itti mul'se akka mul'isaniif obboloota isaa jajjabeesse. Amanamummaa fi garraamummaadhaan obsaan danda'uu fi jaalalaan amala fi eebba fayyisuu Kiristosiin argisiisu isaaniin gorse. Qaama tokkotu jira, hafuura tokko, Gooftaa tokkoo fi amantii tokkos. Akka miseensa qaama tokkichaa kanaatti amantoonni hafuuruma fi abdiidhuma tokkichaa sanaan kaafamaniiru .

Gargar ba'uun waldaa keessaa amantii Yesusiin biyya lafaa duratti kan salphisuu fi diina dhugaaf immoo akka isaan ergaa isaanii jaboeffataniif karaa kan banuu dha. Barsiisi Phaawulos waldaa bara isaa Keessa jiru qofaaf hin barreeffamne. Waaqayyo hamma bara dhumaattu akka ergamaniif karoorseera. Tokkummaan hidhaa nagaa keessatti akka jiraatuuf maal gochaa jirraa?” —Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 5, p. 239.

Akka waamicha keetti deemuu kee kan argisiisu amma filannoo maalii gochuu dandeessa “akka waamicha waamamtaniif ta’utti”?

**Roobi**

**Onk. 24**

### **Geggeessitoota waldaa fi Tokkummaa**

“Tokkoon tokkoon keenya garuu akka safara kennaa Kiristoositti ayyaanaan arganneerra”(Efe.4:7). Fayyinni namuma hundumaa-fuu kan kennae kennaan ta’ee, kan isa fudhatan namoota tokko tokkoof kennaan hafurua dhimma adda ta’ef in kennamaaf. Efe.4:11 dubbisaa. Kennaan geggeessummaa Waaqayyo waldaaf kenne maaliidha? \_\_\_\_\_

---

Akka Efe.4:12, waaqayyo kennaan addaa geggeessummaaf, waldaadhaaf kennuun maaliifi? Kennaaleen kun akkamitti walitti dhufuu?

---

Haalumaan Kristaanoni hundinuu tajaajiltoota, kan Waaqaa hoijettoota wangeelaati. Ergamni Kiristoos Mat.28:19 saba hundumaa duuka buutuu taasisuuf, cuuphuu fi barsiisuudhaaf akka dhaqamuuf amantoota hundumaattuu kennameera. Hojiin tajaajila namoota, lubootaa fi hoijettoota wangeelaa murasa ta’an warra carraa argatan duwwaatti hin daangeffamne; warri maqaa Kiristoosiin of irraa qaban hunduu irraa eegama malee. Namni hojiin wangeela tamsaasuu anaaf haa dhiifamu jechuu danda’u hin jiru. Waldaan hojiin kun nama biraan hin illaallatu abaluun malee jettus hin jirtu. Kennaan hafurua geggeessummaa waldaa sooruu dha. Geggeessitoonni waldaa kan barbaadaniif dhimmi-chaa beeksisuuf, tokkummaa sanammoo jabeessuufi dha.

Wanti phaawulos toora galche akkaataan bulchiinsaa kan nutti himu gaheen bulchiinsaa kun saba Waaqayyo hidhachiisanii warra badan barbaaduuf. Kun itti gaafatama warra addumaan waamamanii warri kan biraan gahee isaanii akka bahani fi Kiristoosiif akka hoijetan, qaama Kiristoosiin sooran gargaaruuf

waldichuma keessa warra waamamanii dha. "Kunis hamma hundumti keenya tokkummaa amantii ilma Waaqayyoo beekuuf namoota gahan taanee, guddannee safara guutummaa Kiristoos bira hamma geenyutti ta'a."(Efe.4:13). Fakkeenyi akkaataa bulchi-insa Yesus akkamitti akka tajaajila sana kenninu nu geggeessuu qaba. Yesus warra kaan tajaajiluuf dhufe malee tajaajilamuuf hin dhufne (Mat. 20:25–28); nusakkuma kana gochuuf ba'uu qabna. Namni bilisuma ta'ee jiraachuu fedhe malee itti gaafatama tahe fudhachuu hin barbaadu. Hawwaasi karaa baha, addumaan ilaalcha akkasiitiin weeraramaniiru. Garuu Kristaanni biyya la-faa kana gubbaatti qofaa ta'u akka hin jirree, waliin hawwaasa amntii uumuun, geggeessitoonni hafuuraan geggeeffamnee wal jajabeessaa kaayyoodhuma tokkichaaf akka adeemnu Phaawulos nu yaadachiisa. nuyi, hunduu walii wajjin, kutaa qaama Kiristoo-sii.

**Kennaa geggeessummaa akkamii qabda? tokkummaa waldaa keessatti waaqessituuf akkamitti dhimma itti baata?**

## Kamisa

Onk.25

### **Kristaanummaan Keessatti Walitti-dhufeenyaa Namummaa**

Kristaanummaan amantii walitti dhufeenyaa jabeessuu dha: walitti-dhufeenyaa Waaqaa fi namaa wajjinii. Hariiroon nuyi qabaannu utuu walii keenya wajjin dhiibbaa gaarii hin uumin Waaqayyoo wajjin hariiroo gadi fagoo qabaachuu hin daneenyu. Kristaanummaan Bilqaaxxi qilleensuu keessa hin jirre duwwaa keessatti hin jiraatamu. (Christianity cannot be lived in a vacuum.) Qajeelfamni tokkummaa erga Efesoon kana keessatti Phaawulos dubbachaa jiru kun akkamittiin akka waliin jiraannus in dubbata.

Efe.5:15–21 dubbisaa. Lakkobsa 21 keessatti Phaawulos maal nuun jedhaa jiraa? Abboomamuu fi tokkummaa gidduu walitti-dhufeenyaa maaliitu jira?

Gorsi Phaawulos waliif abboomamaa jedhu kun hima isa “hafuuraan guutamuu” wajjin walitti hidhamee jira. Efe.5:18. Wanta hafuuraan guutamuu ibsu keessaa inni tokko waliif abboomamuu dha. Kunis immoo haala gadi of qabuu fi wal hubachu nu namootaaq qabnu keessaa isa tokkoodha. Dhugaad-humatti kunneen eenyummaa nuyi uumamumaan qabaannu miti bu’aa hafuuraa isa garaa keenya keessa jiruuti malee. Ken-naan hafuurichaa innis Kiristoos keessatti hidhaa tokkummaati. Gama kanaan ilaalamee, waliif abboomamuun ga’umsa/quality/keessa keenyaa isa nuy Kiristoosii fi aarsaa inni nuuf godheef qabnuu dha.

Efe.5:22–6:9 dubbisaa. Manaa fi iddo hojji amantoota Kiristoositti waliif abboomamuun hariiroo keenya irratti dhiibbaa akkamii uuma?

---

---

Hamma tokko, tokkummaan waldaa keessa tokkummaa manaa irratti kan hundaa’uudha. Tokkummaan, jaalallii fi kabaji abbaa manaa fi haadha manaa gidduu jiru jaalala isa ofii isaa aarsaa jaa-lalaa godhee of kenu Waaqayyo waldaaf qabu sanaaf fakkeenya ta’uu akka qabu Phaawulos jabeessee dubbata. kanaafuu, kabaji inni akka kan Kiristoos manaa fi waldaatti haadha manaa fi abbaa manaa miseensa waldaa irraa in barbaadama. Amalli inni kan akka kan Kiristoos kun maatii fi Ijoollee isaanii, hojjetaa fi hojjechiisaa irraayyuu fakkeenyummaa gaariin in eegama. Walii galteen fi nagaan mana keenya guute waldaas guutuu qaba.

**Heertuu har’aa kana irraa haala kee irratti hunduuftee maatii keetti waldaatti akkamiitti akka dhi'aattu kan sitti himu qajeelfama maalii fudhata?**

**Yaada Dabalataa:** *Ellen G. White, “The Spirit of Unity,” 3 pp. 179–188, in Testimonies for the Church, vol. 9.*

“Kiristoos garaagarummaa lamummaa, amantii fi sadarkaa hin ilaalle. Beektonni macaafaa fi Fariisonni akka naannoo fi qomootti kennaalee hafuuraa sana kennee, kan hafan maatii Waaqaa akka inni quodu barbaadan. Garuu Kiristoos kan dhu-feef keenyan garaagarummaa hundumaa cabsuuf dhufe. Ken-naan araara fi jaalala isaa akka qilleensaa, ifaa fi roobaa/bokkaa bakka tokkotti kan hin ittifamne, lafa haareessuuf kan kennname ta’uu beeksisuuf dhufe.

“Jireenyi Kiristoos amantii garaagarummaan/ gareen amantii Yihuudonnii fi ormoonni, birmaduunii fi garboonni Waaqa-yyoon duratti wal qixxee ta'an dhaabe. Gaffiin qajeelfamaa so-chii isaa irratti geddarama fide hin turre. Olla fi orma gidduutti, michootaa fi diinota saba isaa gidduutti garaagarummaa hin ar-gisiifne. Kan garaa isaatti dhaga'amu dheebuu lubbuun bishaan jireenyaaq qabaate dha.”—Ellen G. White, *Testimonies for the Church, vol. 9, pp. 190, 191.*

### Gaaffilee Maree:

1.Hima kana irratti dubbadhaa: “Efe.4 keessatti karoorri Waaqa-yyo akka hubatamaa fi salphaa ta'etti ijooleen isaa dhugaa qaba-chuu akka fedhu dubbateera. Kun akkamittiin akka inni tokkum-maa waldaa isaa keessatti eeguu jaallateedha. Fayya bulessa kan ta'e jirenya amantii miseensonni waldaa isaa akka biyya lafaatti argisiisaniif ture.”—Ellen G. White *Comments, The SDA Bible 8 Commentary, vol. 6, p. 1117.* Efe.4keessatti tokkummaa waldaa isaa kan argisiisu maal argite? Tokkummaan akkasii akka jiraatu-uf maal gargaaruu dandeessa?

2. Giddu galeessi gaaffii tokkummaa gadi of qabuu fi waliif abboomamuudha. Amala kana malee, akkamittiin tokkummaan waldaa keessa ta'aa? Ilaalchaa fi tayitaa keenya irraan Kan ka'e Yoo Kan koorru ta'e, Kan biraa dhageeffachuuf yoo fedhii hin qabaanne, carraa tokkummaa hin qabaannu. Gadi of qabuu fi waliif abboomamuu kana akkamittiin barachuu dandeenya?

3. Waan hundumaa irratti/kessa keessa/ waliif galuun yoo dadhabame illee tokkummaa akkamitti qabaachuu dandenya?

**Cuunfaa:** Ergaa isaa gara Efesoon keessatti, Phaawulos, akkamitti akka Kiristoos keessa ta'an gorsa baay'ee kenna. "Fayyinni karaa Kiristoos haala qabatamaa ta'een jirenya keenya geddara. Walitti-dhufeenyi namaa hundinuu, hariiroo obbolootaa fi obboleettota waldaa keessa humna Kiristoosiin Jirenya keenya keessatti jijiiramaniiru. Tokkummaa qabaachuudhaaf geddarramni akkasii barbaachisoodha .

## **Shaakala Tokkummaa Waldaa**

### **Jalqabaa Keessatti**

Sanbata waaree booda

**Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa:** HoE.1:12–14, HoE.2:5–13, Mul.14:12, HoE.2:42–47, HoE.4:32–37, HoE.5:1–11, 2 Qor.9:8–15.

**Heertuu Yaadannoo:** “Amantoonnis barsiisa ergamootaatati, tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabasachuutti, kadhatu godhachiuutti qabamanii jiraatan” (HoE.2:42).

**T**okkummaan waldaa bu'aa shaakala hojii hafuuraa warra biraatiif qoodamee dha. “Yesus deebisee, Karicha, dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenu iyuu gara abbaa hin dhufu,” (Yoh.14:6). Jabaa kan ta'e hidhaan tokkummaa kan tumamu beekama kan ta'e adeemsa, shaakala fi hafuuraa irraa ti. Adveentistoonni warri duraa sochii Mileriin keessatti shaakala akkasii qabaatan. Sababiin abdii kutannaanisaaniif deebii barbaaduu keessatti, Shaakkalli isaanii 1844 keessatti garaa isaanii walitti hidhan. Shaakkalli waldaan Adventistii guyyaa 7ffaa argamsiisee akkasumas dhugaa dhimma firdii yeroo dhufaatiif duraa fi waan inin of keessatti hammatu argamsiise. Shaakkalli Yesus ergamootaaaf, erga inni samiitti ol bahee boodaa dubbiin Waaqaayyoo, kadhatii fi tokkummaa uumanii waliin deddeebi'uun walii galteen amantoota aadaa garaa garaa keessaatii dhufanii tokkummaa'uun aangoo humna qabeessa ta'uun isaaf dhuga-ba'umsa cimaa ta'e. Shaakkalli yommus ta'e ammas ni dando'ama.

“Tokkummaan akkasii keessumaa waaqeffannaa waliinii keessatti baay’ee barbaachisaa ta’uu isaa cimsee nan amana... krista-anni tokko hidhaa hafuuraa isa Kiristoosii fi amantoota kan biraaj walitti nama hidhu jiraachuu beekuun fakkeenya hin qabu. . . . Yesus Kiristoos dura lubbuu gara ofii isattifidee, a-chiimmoo yeroo hundumaa qaama isaa waldaa keessaa amantoota kan biraatti hidha.”—Robert G. Rayburn, 23 O Come, Let Us Worship (Grand Rapids: Baker Book House, 1980), p. 91.

\*Sanbataa isa 3f qophaa’uuf barumsa torban kanaa dubbifadhaa,

## Jalqaba Torbanii

Onk. 28

### Guyyaa Qophaa’ummaa

Yeroo isa dhuma du'a isaa dura bartootaa wajjin dabarse, Yesus Qofaatti akka isaaniin hin dhiifne abdachiisee ture. Kan jabees-su kan bira, Hafuura Qulqulluu, tajaajila isaanii keessatti kan isaan wajjin ta’uu dha. Inni isiniif dubbatu Hafuurchi Qulqul-luun inni abbaan maqaa kootiin ergu garuu waan hundumaa isin in barsiisa; waanan isinitti hime hundumaas isin yaadachi-isa (Yoh.14:26), dhugaa hedduus akka bira gahan isaan godha (Yoh.16:13). Guyyaa ol ba’uu isaa Yesus abdii kana in haaresse. “...guyaa baay’ee utuu hin turin hafuura qulqulluudhaan in cu-uphamantu. . . hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu’u humna in godhattu”(HoE.1:5,8). Hafuurri kan kennamuuf bartoonni Yerusaalem, Yihuudaa, Samariyaa fi hamma dhuma lafaatti akka jabaatanii dhugaa ba’aniif ture (HoE.1:8).

HoE.1:12–14 dubbisaa. Guyyoota kurna kana ergamoonni maal gochaa turanii?

---

---

Guyyoota kurnan kana akka qophaa’ummaa hafuuraa isa Bartoonni keessatti gochaa isaa, barsiisa isaa, dinqii isaa yaadannoo waliif qoodaa turan yeroo gaarii taetti fudhachuu dandeenya. Isaan “yaada tokkoon kadhachuuf of kennanii turan” (HoE.1:14).

“Ergamoonnii raawwatamuu abdii sanaa egaa yommuu jiran, garaa isaanii qalbii jijiirranna dhugaan gadi qabanii amantii dhabuu isaaniis dhugaa-baan. Du'a Yesus fuula dura caalaatti booda hikkaan dubbichaa galuufii eegale. Yaada sammuu isaanii keessa dhugaan yeroo isaanitti yaadatamu irra deddeebi'anii walitti himuu eegalan. Hamma sanatti Fayyisaa isaanii hubachuu dhabuu isaaniif iyyuu of ceepha'uu eegalan. Akka hiriira, ta'iinsi tokko isa kaanitti aansee, dinqisiisaan hojiin Yesus, toora tooraan isaaniin dura darbuu eegale. Waa'ee qulqullu kan ta'e jirenya irratti yommuu dudubbatan, jaallatamaa amala Kiristoos dhugaa ba'uun dandeenyaan hojiin ulfaatu, aarsaan baayy'ee gudattu akka hin jirre isaanitti dhaga'ame. Maaloo wagguma sadan darbe utuu akka ta'utti jiraataniiru ta'e jedhanii yaadan, silaa, kan yommus irraa haala adda ta'e akkamii argisiisu turan! Utuu barsiisaadhuma sana/Yesusiin/ deebisanii arganii, hammam akka isa jaallatani silaa jechaanis ta'e gochaan hamma sana isa amanuu dhabuu argisiisu isaaniif akkam gaabtu turan! Garuu, yaadi isaan ittiin jajjabeeffaman isaaniif dhiifamuu isaatiin. Wanti isaan murteeffatan hamma danda'ametti, amanuu dhabuu isaanii duraan ture sana amma jagnummaan dhugaa ba'uudhaan akka bakka buusan ture. . . . garaa garummaa isaanii hundaa lafa kaa'uudhaan, kajeellaa ol aantummaa dhiisuun tokkummaa Kristaanummaa keessatti walitti dhufan.”—Ellen G. White, The Acts of the Apostles, pp. 36, 37.

**Amantii kee ilaalcissee, wanti gochuu in dandeessa turte maal fa'i? Gaabbii kee wantoota darban hundumaa gara fuula duraatti waan wayyu gochuuf kan si fayyadu maal baratte?**

---

---

---

## Baabelii Hamma Phenxeqosteetti

Guyyaan qophaa'ummaa hafuuraa, ol ba'uus Yesusitti aansee, ta'iinsa Phenxeqosteetiin xumurame. Heertuun duraa akka jedhutti, guyyaa sana, utuu hafuurri qulqulluun bartoota irra hin bu'in, hundumti isaanii yaada tokkoon walii wajjin bakka tokko turan (HoE 2:1).

Bara kakuu moofaa, Phenxeqosteen ayyaanota sadii Israael ayyaanessuuf dirqaman keessaa isa lammafaadha. Guyyaa shantamaaf geggeeffama (GK. Phenxeqostee fi faasiskaa) yeroo ayyaanaa kana keessa, Hibronni ija miinaan isaanii/wayinii/isaani akka kennaa makaraatti galataaf geessu.

Akka carraa ta'e baro Yesus keessas, ayyaanni Phenxeqostee kennamuu seera Waaqaa isa gaara Siinaa gubbaaf galateeffachuu of keessaa qaba ture (Bau. 19:1). Kanaafuu, asitti kan itti fufe barbaachisummaa seera Waaqaa Yesusiin ilaachisee, duuti isaa kan fudhate hundumaafuu yakka seera Waaqaa cabsuurraa dhifamasa kan kennisiise akka qaama ergaa Kristaanaatti in argina. Shakkii malee, heertuu kana ilaachisee barri dhumaan akki inni itti seeraa fi wangeela qabu: "kana keessatti obsaan danda'un warra Waaqayyoof qulqulla'anii , abboommii Waaqayyoos eeganiii,, Yesusitti amanuun isaanii in barbaadama." Mul.14:12

Akkasuma immoo, akkuma yeroo gaara siinaa, isa yeroo Museen abboommii kurnan fuudhee, (Bau.19:16–25, Ibr.12:18), baay'ee kan ta'e haalli gurguddaa waan baratamaa alaa yeroo Phenxeqosxee kana raawwatameera. "Dingatas huursaan waaqa irraa akka bubbbee bubbisuutti dhaga'amme, manicha isaan keessa turanis guute, ibiddaa kan fakkaatan isaanitti mul'atan. Gargar tamsa'aniis wanti akka arraba ibiddaa tokko tokkoon isaanirra taa'an. Yommus hundumti isaanii hafuura qulqulluun guutamanii" (HoE.2:2–4).

HoE 2:5–13 dubbisaa. Barbaachisummaan ta'iinsa dinqisiisaa kanaa maalii dha?

---

Pheenxeqosxeen ayyaana gammachiisaadha. Kennaa isaatiif ayyaana galateeffannaati/firii wayiniif/. Tariitii asitti, kanaafii laata sababiin utuu isaan hin machaa'in machiin komataniif. (HoE.2:13–15). Humni Waaqayyoo dinqii afaan garaagaraa dubbachuu fi dhaga'uutiin mul'ate. Yihuudota mootummaa Roomaa hundumaa keessaa, ayyaana kanaaf Yerusaalem dhufanii dubbii Yesus masihichaa qooquma ofi isaaniin dhaga'anii deebi'an. Karuma adda ta'een Phenxeqosteen, qomoo gargar tamasa'ee Baabel biratti fi afaan adda adda ba'e akka hin ta'in tasise (undo). Dinqiin ayyaanaa maatii tokko taasisuu jalqabee. Tokkummaan waldaa Waaqayyoo sadarkaa guutummaa lafaatti waan Babel biratti bade bakkatti deebisuun kaayyoo mootummi-chaa ta'uu beeksise.

## Kibxata

## Onk.30

### Tokkummaan waliin deddeebi'uu.

Deebii lallaba fi waamicha fayyinaa Pheexros, gara namoota 3000 kan ga'antu Yesusiin akka Masihiitti akka raawwii abdii kakuu moofaa keessatti kannameetti hiikkatan. Garaa namoota kana hundumaa irratti Waaqayyo hojjechaa ture. Baay'een Waa'ee Yesusiin fagoo irraa dhaga'anii turan, baay'eenis abdii isa arguutiin gara Yerusaalem dhufaniiru. Kaan kaan Yesusiin arganii dubbii fayyina isaas dhaga'anii isa faana bu'uu hin murteeffanne ta'a. Phenxeqosteetti garuu, Waaqayyo karaa adda ta'een jirenya bartootaa keessa seenuudhaan, akka ragaa Kiristoos isa du'aa kaafameetti dhimma itti ba'e. Amma maqaa Yesusiin namoonni dhifama cubbuu akka argatan in beekan. (HoE.2:38).

**HoE.2:42–47 dubbisaa. Akka hawwasa amntootaa tokkotti amantoonni durii kun hojii maalii hojjetan? Maaliidha dinqisiisaa kan ta'e tokkummaa namootaa kana kan uumse?**

---

---

Gochi hawwaasa amantootaa haaraa kun inni jalqabaa barsiisa ergamootaan barachuun waan yaadatamuun maluudha. Barsiisi macaafa qulqulluu guddina amantootaa mijeessuuf karaa barbaadamuudha. Akka isaan kana barsiisaniif Yesus ergama bartootatti kennee ture. “‘waan ani isin abboome hundumaa’” (Mat.28:20) amantoonni haaraan kun waa'ee jirenya, tajaajilaa, barsiisa, fakkeenyota, dinqii Yesusiin bartoota irraa barachuuf yeroo isaanii wajjin fudhatanii hundumti isanii immoo kun raawwatamuud huma barreffama rajii raajii barreffama Ibrook-aati jedhanii ibsan.

Kadhataa fi buddeena waliin cabsachuufis yeroo qabaataniiru (HoE.2:46). Waliin yeroo dabarsuu inni jedhu kun kan itti dabalameef amanatoonni haaraan kun yeroo baay'ee idileedhaan Yerusaalem ishee ammayyu giddu galeessa kadhataa fi waaqeffanna taatee fi manuma ofii isaaniittu, walii wajjin yeroo fudchuu isaanii ibsuuf gale. Jirenya walitti dhi'aachuu hirmaatan. Kadhati sababii hawwaasi amantii kun wal gahuuf isa guddaadha. Gochi kun jabeenyaan taasifamaa akka ture nutti himameera. Hawwasii amantii haaraa kun waaqeffannaanis yeroo dabarsaa akka tureedha.

Jabeenya kan qabu tokkummaan amantootaa kun namooti Yerusaalem keessatti walii walii isaanii wajjin hariiroo gaarii akka qabaatan taasiseera. Saba hundumaa durattii ayyaana argatan (HoE 2:47). Hojiin hafuura qulqulluu jirenya warra naanno isaanii keessatti dhiibbaa cimaa akka uumee fi Yesus Masiihii ta'uun dhuga ba'umsa cimaa akka isaan kennan gochuun shakkii hin qabu.

Fakkeenya as kaa'ame keessaa tokkummaa, waliin turuu fi dhuga-baumsa ilaachissee, waldaan maal barachuu danda'a?

---

---

Roobi

Onk.31

### Arjummaa fi Doqnummaa

Akka Luqaas nutti himutti, bu'aan tookkummaa amantootaa, duuka buutota isaaniiti. "Kana amanan hundinuu walii wajjin id-doodhuma tokko turan, kan isaan qaban hundinuus qixxee ture, araddaa isaanii fi qabeenya isaanii gurguranii horii isaa hundumaaafuu akka isaan barbaachisutti in hiru turan." (HoE.2:44, 45). Waan qaban waliin qooddachuuun kun hawwaasa hundumaaf ulaaga ta'ee utuu hin taane, fedhii isaaniitiin kan ta'e bu'aa shaakaluma irraa jaalala walii walii isaaniif qaban irraa kan maddeedha. Jabaa kan ta'ee waan isaan ittiin tokkummaa isaanii waliif ibsanii dha. Wal gargaaruun kun yeroo murtaaeef itti fufree, HoE.4 fi 5 keessatti ibsi dabalataa nuuf kennama. Akka itti aansinee arguuf jirrutti inni mata duree kakuu haaraa keessatti iddo baay'eeetti argamuudha. Akka yaada kanaatti Barnaabaas yeroo jalqabaatiif beekisifame. Bama sooreessa lafa qabu fakkaata. Fedhii hawwaasa amantoota kana guutuuf jecha Lafa isaa gurguruudhaan horii isaa ergamootatti geessee (HoE 4:36,37). Barnaabas akka fakkeenyaatti mul'ate.

**HoE.4:32–37 fi 5:1–11 dubbisaa. Amalaa fi ilaalcha Barnaabaas isa kan Anaaniyas fi Saphiiraa wajjin wal bira qabaa ilaalaa. Hidhata gaa'elaa kana kan dogoggorse maalii?**

---

Cubbuu isaanii isa guutummaatti hafuura qulqulluu sobuu ta'e biratti mataa ofii jaallachuu fi doqnummaa argisiisan. Doqnummaa fi hawwii/anumaaf ha ta'u/ caalaatti kan waliin deddeebi'uu amantootaa ariitiidhaan balleessu hin jiru. Waldaa jalqabaa kana

keessatti, hafuura tokkummaan jiraachuutiif, Barnaabas akka fakkeenya gaariitti yoo fudhatame, Anaaniyasiif fi Saphiraan immoo faallaa isaa ti. Luqaas seenaa namoota hawwasa keessatti maqaa gadi bu'e qaban kanaa amanamummaadhaan nuuf hiree. Abboommii kurnan keessatti (Bau.20:1-17), abboommii dhumaa, waa'e hawwuu kun warra biraa irraa adda. Abboommii warri kaan mul'inumatti waa'e gochaalee fedha Waaqayyo namaaf qabu irra daddarbuu yommuu dubbatan, inni dhumaa kun immoo waan dhoksaatti garaatti yaadamu kan dubbatuudha. Cubbuun hawwuu, waan gochaan raawwatu miti. Inni adeemsaa yaadaan raawwatuudhaa. Hawwii fi michuun isaa of jaallachuun cubbuu mul'ataa utuu hin taane, amaluma uumama cubbuuti. Akkuma kan Anaaniyasiif fi Saphiraan kana, gocha ofit-tummaa keessatti yommuu mul'atu qofa argama. Haalaa kanaan abboommii kurnaffaan booda gochatti jijiiramee abboommota hafan hundumatiin namatti farachiisu hidda cubbuu ta'u isaa ti. Anumaaf haa ta'uun dhiibbaa Seexanaaf bananisaan godhee, innimmoo Waaqayyon sobuutti isaaniin geesse. Kun waan hawiin Yihuudaa waan inni godhe sanaa hojjechiise irraa adda hin ta'u.

**Karaan nuyi hawwii jirenya keenya keessaa buqqisuu dandeenyu maal fa'ii? Kadbachuuf waan qabaniif galateeffachuuun maaliif ka-naaf qoricha tae?**

**Kamisa**

**Sad. 1**

### **Hiyyeessota Yaadadhaa**

Waan qaban waliif hiruun waldaa jalqabaa keessatti qabatamaa kan tae bu'aa tokkummaati. Arjummaan boqonnaalee jalqabaa Hojji ergamootaa keessatti ibsaman booda Phaawulosiin waldoota Meqedoniyya fi Akkayaatti dhaabbatan irra deebiee afeeruu hiyyeessota Yerusaalem jiraniif akka buusan taasise. (HoE.11:27-30, Gal.2:10, Rom.15:26,1 Cor.16:1-4). Kennaan kun obboloota Yihudotaa Yerusaalemiin jiran, waldaan amantoota ormootaa ibsa qabatamaa kan tae deggarsa akka godhan

argisiisa. Garaa garummaan aadaa fi sanyii jiraatu iyyuu Kiristoos keessatti qaama tokko uumanii wangeela tokko waliin hoijetan. Warra rakkatoo wajjin waan qaban hirmaachuun tokkummaa yommusuu waldaa jiru ibsuu qofa utuu hin taane, tokkummaadhuma sana iyyuu in jabaassa.

**2 Qor.9:8–15 dubbisaa. Bu'aa arjummaa waldaa Qorontositti mul'ateeti jedhee kan Phaawulos dubbate maaliidha?**

---

Shaakalli tokkummaa waldaa jalqabaa keessaa waan har'ayyuu ta'uu danda'uu dha. Tokkummaan, garuu, calliseedhuma gama hunda keenyaan gahee keenya utuu hin ba'in ta'uu hin danda'u. Geggeessitooni hawaasa waldaa jalqabaa, Kiristoosiin keessatti amantoota tokkummeessuu tajaajila isaanii godhanii fudhataniiru. Akka Jaalala Haadha manaa fi abbaa manaa, ijoollee fi maatii guyyaa guyyaatti tokkummaa argisiisuu akkuma argisiisan, akkasuma amantoota waldaa gidduuttis tokkummaan argisiifamuu qaba. Tokkummaan nuyi Kiristoosii wajjin qabaannu, karaa baay'ee jajjabeeffamuuf mul'achuuni danda'a.

Wanti gararraatti tokkummaan waldaa keessatti akka mul'atu taasisan kadhanna, waaqeffannaa, waliin kadhachuu, waliin mul'ata qabaachuu dubbii Waaqayyoo waliin qo'achuudha. Wangeelaa addunyaatti lallabuu qophaa ergama isaanii beekan utuu hin taane walii fi jaalala fi eeggannaa gochuuf itti gaafatama akka qabanis beeku. Tokkummaan isaanii arjummaa fi waliin deddeebii isaanii keessatti tumsa isaan waliif godhaniin balinaan immoo hawaasa amantootaa wajjin fageenyaa irraalle jaalala isaan waliif qabaniin hubatameera.

“Kennaan isaanii ayyaana Waqaqa akkasumaan akka isaan hin fudhatin in dubbata. Harka ballisu akkasii kan fidu yoo qulleesuu Hafuura qulqulluu hin taanee maaliidha? Ija amantootaa fi warra hin amanneetti, kun dinqii ayyaanaa ture.” *Ellen G. White, The Acts 24 of the Apostles, p. 344.*

Karaa kamiidhaa atii fi waldaan kee bu'aa arjummaa warra biraaf godhamuu kana kan argitan? Akkana jechuun, warra kan biraaf kan arjoomaniif eeba maaliitu kennamaa?

## Jimaata

## Sad. 2

**Yaada dabalataa:** *Ellen G. White, "Pentecost," pp.35–46, in The Acts of the Apostles.*

"Hiixannaan gama amantootaa [HoE.2:44, 45; 4:32–35] bu'aa bu'uu hafuuraati. Warri wangeelaaf jijiiraman, "jijiirama garaa fi hafuuraa" qabaatan. Fedhii walii gala isaaniin to'ate, kan isaanitti adaraa kenname ergama malee mataa ofii durfachuuun isaan irraa hin mul'atne. Jaalalli isaan obbolootaaf qabaatan, kaayyoon isaan fudhatanii ka'an jaalala isaan qarshii fi qabeenyaaaf qabaatan caala. Hojiin isaanii kan argisiise lubbuu namootaa qabeenyaa ofii isaaniirra akka isaan caalchifatanii dha.

"Hafuurri Waqaan yoo jirenya dhuunfatu akkasii dha. Warri garaan isaanii jaalala Waqaan guutee, fakkeenyaa nuuf jedhee hiyyoomee fudhatu; karaa Hiyyummaa isaa nu badhaasuuf jechuudha. maallaqi, yeroon, kennaa isaan Waaqa irraa fudhatan hundaa irrattuu dhiibbaa fiduu ni danda'a, akkuma meeshaa it-tiin wangeela hojii waqaan fula duratti deemsisuuuf kennameetti yaadu. Kanaaf, waldaa jalqabaa keessatti, waldaa har'aa keessatti immoo humna hafuura qulqulluun namoonni jaalala isaanii wantoota lafaa irraa kaasani, hiriyooni isaanii Wangeela akka dhagaaniif aarsaa gochuuf qophaa'oodha; dhugaan lallabamus humna qabaatee garaa dhaggeeffattootaa irratti dhiibbaa in uuma."—*Ellen G. White, The Acts of the Apostles, pp. 70, 71*

### Gaaffilee Maree:

1.Tokkummaa waldaa jalqabaa waan argamsiise irratti barumsa turban kanaa dubbisi. Kana jechuun wanti nuyi amma hin qabne amantoota yommusii gidduu ture maaliidha?

- 2.Fakkeenyi waldaa kakuu haaraa kun akkamitti, hiyyeessa yerusaalem keessa jiruuf arjoomuun isaanii, nuuf akamitti fakeen-ya ta'a? Dhimmoonni hawwaasummaa warri kaanoo? Waldaan naannoo akkamittiin dhimma hawwaasummaa keessatti hirmaat-tee, hiyyuma hir'isuudhaan wantoota fedhii bu'uuraa dhi'eessuu dandessi?
- 3.Seenaa gaddisiisaa Anaaniyasi fi Saphiiraa irraa maal baran-naa? Barbaachisummaan jechima HoE.5:5 fi 5:11 waa'ee "sodaa guddaa" du'a kana lamaan ilaachisee jedhu maal?

**Cuunfaa:** Waldaan jalqabaa sababiin isheen daddaftee guddateef ergamoonni qophaa'ummaa bu'uu hafuura abdachiifamef waan qophaa'aniif ture. Tokkummaan jiraachu fi amntii tokko qabaachuun isaanii karaa hafuurri qulqulluun fayyadamee guyyaa shantammaafaaf isaaniin qopheesseedha. Pheenxe qosxee boodallee hafuurri qulqulluun garaa hawwasa amantoota sanaa irratti hojjechuu ittuma fufee arjummaa isaan warra kaaniif godhaniif guddina waldichaatiin mul'ateera.

## Fakkii Tokkummaa

Sanbata waaree booda

**Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa:** *IPhe.2:9; Bau.19:5,6; 13 Efe.2:19-22; 1Qor.3:16, 17; 1 Qor.12:12-26; Yoh.14;10:1-11; Far. 23.*

**Heertuu Yaadannoo:** : ““Kiristoos akka dhagna tokki-cha isa bu’aa baay’ee qabuuti; bu’aan dhagnaa sun yoo baay’atan iyyuu dhagnuma tokkicha” (1Qor.12:12).

**A**kkuma namni Macaafa Qulqulluu qorate kamiyyuu beeku, fakkeenyuma fudhataman kana irra dhugoonn isaa guddaa kan caalan fakkeenyaa guutuu dha. Fakkeenyaaaf, barbaachisummaan sirna aarsaa fakkeenyaa sirna guddaa tokkooti: Yesusii fi guutummaa karoora fayyummaatti fakkeeffama. Fakkeenyonni biraan illee, macaafa Qulqulluu keessatti, yeroo tokko tokko waan baay’ee bu’ura ta’an, bishaan, ibidda fi qilleenssatti fakkaatu.

Akkuma qabiyeyeisaatti hundaa’uudhaan, isaan kun dhimmaa hafuuraa fi dhugoota macaafa Qulqulluti. Fakkeenyaaaf, Yesus yommuu “Qilleensi gara fedhetti in qilleensa’a, qilleensa’uu isaa in dhageessa; eessaaakkanni dhufu, eessasakkanni dhaqu garuu hin beektu. Egaa hafuuratti kan dhalate hundinuus akkuma kana’ jedhee in deebiseef” (Yoh.3:8), Qilleensi akka fakkeenyaa Hafuura Qulqulluutti in fudhatame. Macaafni qulqulluun tokkummaa waldaa keessatti argannu ibsuuf fakkeenyota hedduu in fayyadama.

Tokkon tokkoon ofii isaa qofa qofaan guutuu miti. Akkas utuu hin taane, walumaa galatti fakkeenyonni kun waa’ee tokkummaa waldaa ibsu malee; kan akka hariiroo waldaan Waaqaayyo

wajjin qabduu, hariroo amantoonni walii wajjin qabaatanii, hariroo waldaan guutummaatti hawwaasaa wajjin qabdufaa ibsu. Barumsa turban kanaa dubbisiitii sanbata isa Sadaasa 10f qophaa'i.

## Jalqaba Torbanii

Sad.4

### Saba Waaqayyoo

1Phe.2:9; Bau.19:5,6; Kes.4:20; fi Kes.7:6 dubbisaa. Heertuun kun waa'ee amala addaa Sabni Waaqayyoo qabaachuu malanii maal jedhaa?

---

---

Waldaa jechuun namuma, garuu callise namuma argame miti. Waldaan saba Waaqayyooti; Waaqayyoon abbaa fi fayyisaa isaanii kan godhatan, Kiristoosiin furamanii isaaf kan abboomamanii dha. Kun kan argisiisu, Waaqayyo yeroodhuma karoora fayyinaa kana diriirsee kaasee Saba qabaachaa akka turee fi Isra'el durii irraa waldaan kakuu haaraa akka itti fufe kan argisiisuu dha. Bara Addaamii qabee, abbootaa bishaan badiisaa duraa fi boodaa fi Abrahaam Waaqayyo bakka buutota jaalala, araaraa fi qajeelum-maa biyya lafaaf akka ta'aniif saba isaa wajjin kakuu uumeera. Sabni Waaqayyoo "qomoo filamoo jedhamu," "sanyii luboot-aa," "saba qu'llaa" jechoonni kun, dhimma biraaf addaan baafamanii kaa'aman jechuudha: "Waaqayyo hojii isaa isa jaallatamaa akka labsitaniif dukkana keessaa, gara ifa isaa isa dinqisiisaatti isin waame" (1Phe.2:9). Kun isa dinqisiisaa amala Waaqayyoo Bau.34:6, 7 keessatti akka ibsametu irra deebi'amme dhaga'aame. "Waaqayyo, waldaa akka qabeenya isaa isa adda ta'eetti fud-hate, kunis miseensi waldaa, jirenya mataa isaanii keessaa akka calaqisaniif ulfina isaa gaarummaa fi amala isaa jirenyaan lab-saniif isaan waame."—*The SDA Bible Commentary, vol. 7, p. 562.*

Kes.7:6–8 dubbisaa. Waaqayyo akkanni hidda dhaloota Abrahaamiin saba isaa godhatuuf maaltu kakaase? Kun har'a iyyuu akkamtiin jiruu irra oolaa jira?

---

---

Biyya kamii dha 'saba qulla'aa' kan jedhu maqaa kan qabdu jennee tarii of gaafachuu dandeenya ta'a. Deebiin isaa 'homtuu hin jiru' kan jedhuudha. Sabnii fi qomoon hundinuu jaalallii fi ararri Waaqaa kan hin malleefidha. Macaafni qulqulluun saba qulqulluu jedhee nu waamu iyyuu caaffatumti immoo Israël filatamuun guutummaatti jaalala isaa irratti malee gaarummaa namni godhe irratti miti jedha. Walitti qabamuun saba Waaqaa jaalala uumuu fi namni akkuma guutummaa lammiittuu diduu argisiise iyyuu Waaqayyo araara isaa Abrahaamitti argisiisudhaan ta'e; karaa hidda dhaloota isa karaa Kiristoos saba isaa in fayyise. Akkuma filatamuun saba Waaqayyoo gocha ayyaanaan kenname ta'e fayyinnis akkasuma in ta'a. Mata dureen kun hiddi keenya gochaa keenyaan kan hin argamin Ayyaana Waaqayoo keessa akka ta'e nu yaadachiisa.

**Yeroo hundaa dhagaa qulla'aa isa waa'ee fayyinni keenya waan Kiristoosi nuuf raawwate malee, saba Waaqayyoo jedhamnu iyyuu, waan nuyi ofiif goonu keessa akka hin taane ta'u beekumsa of duraa qabaachuun maaliif nu barbaachise?**

Wiixata

Sad.5

### Maatii Waaqayyoo

Bara kakuu haaraa keessa fakkeenyi biraan kan sabni Waaqayyoo ittiin beekamu maatii Waaqayyooti. Akkaataa dubbii dhagaa fi ijaarsa amala hariiroo walitti hirkachuu/wal tumsuu/ namoota waldaa ibsa. Phexiros Kristiyaanota dhagaa jiraataa jedhee wama (1Phe.2:5). Akkaataan dubbii kanaa turtii fi jabeenyas kan argisiisuudha.

Efe.2:19–22 dubbisaa. Dubbii ijoon Phaawulos iraatti xiyyeefatu kutaa kanaa kamiidha? Waa'ee tokkummaa waldaa keessaa kun maal nutti dubbata?

---

---

Kutaa kana keessatti, waan waldaan itti fakkeeffame lama walitti dabale: tokko kan hin sochoone, mana yookiin ijaarsa, kaani im-moo kan jiraatu maatii/namaa.

Dhagaan hamma kanas gati jabeessa miti, garuu, dhagaa biraatii wajjin yoo walitti hidhame, ijaarsa bubbee jireenyaa itti-suu danda'u ta'a. Kristaanni qofaa isaa isa dhagaa akkasii ta'u hin jiru; kan biraa wajjin tokkummaa uumee, waliin jirenyaa tokkummaa Waaqayyo keessatti dhagicha ta'a malee. Ijaarsi tokko akka jabaatuuf bu'uura cimaarra kaa'amuu qaba. Yesus Kiristoos bu'uuraa fi dhagaa golee mana Waaqayyooti (1Qor.3:11). Waldaan Kiristoosiin dhagaa golee godhachuu dhiise jiraachuus addaan in kuta. Waldaan beekumsi inni waa'ee jirenyaa isaa, du'aa fi du'aa kaafamuu isaa akkasumas deebi'ee dhufa Yesus ir-rattii qabuu dha . Waldaan hawwaasa amantootaa warra oduu gaarii biyya lafaatti himuuf walitti qabamanii dha. Mata dureen waldaa Yesus Kiristoosiidha: eenyuunakkanni ta'e, waan inni nuuf godhe, nu kessattis godhe, kan akka gooftaa fi fayyisaatti isa fudhate hundumaafuu waan inni kennu dubbatti.

Fakkenyi mana maatiitti fakkeeffamuu kun hiikkaa guddaa qaba. Kun kan inni irratti hirkatu hariiroo namoonni sun walii wajjin qaban irrattii dha. Beekamaa kan ta'e fakkeenya abbaa, haad-ha, obboleessaa fi obboleettotaati. Hidhaan miseensa maatii gidduu jiru jabaa ta'u ni mala; akkasumammoisa faana kan adeemu, amanamummaan dangaa hidhaa kanaa iyyuu darbee kan adeemuudha. Amanamummaan gara caalaa tokkummaati. Amanamummaan hin jiru yoo ta'e tokkummaan akkamittiin jiraata?

Fakkenyi kun akkamitti waldaa ilaallataa? Miseensi waldaa qama maatii guddaati. Maatii nama tokkoo waan taaneef karaa abbaa keenyaa Addaamii qofa utuu hin taane Kara Yesus Kiristos Addaam isa lammafas, karaa lammaffaa dhalachuu walitti hidhamneera. Kanaafuu, walii walii keenyatti hidhamneerra, kunis sbabii barsiisa hunduu itti waliif gallu, ‘doktrinii’ dhugaa qofa utuu hin taane, sababa lubbuu jijiiraman Yesus keessatti jirenya haaraa qabaniimmoo malee.

**Haala gaddisiisaadhaan, namni hundi maatii isaa yookin ishee wajjin shaakala gaarii qaba miti? Kanaafuu, fakkeenyi kun baayyinaan waa’ee kana miti ta’ा. Kanaafuu namoonni kun kan dhaban akka waldaatti attamitti qabaanna?**

---

---

## Kibxata

Sad. 6

### Iddoo Bultii Hafuura Qulqulluu

Fakkeenyi ijaarsaa kan biraan kan Phaawulos dhimma ba’e mana qulqullummaa Hafuura qulqulluti. Fakkenya gamoo gati ja-beessaa fi iddo guddaa qabuuti. 1Qor.6:19, lafa namummaan keenya akka ijaarsa mana qulqullummaatti fudhatame, Phaawulos 1Qor.3:16,17 keessatti fakkenya ijaarsaa kana akka gamoo baha giddu galeessaa biratti baay’ee gati jabeessa tae’ mana Waaqayyootti dhimma ba’e.

1Qor.3:16, 17 dubbisaa. Waldaan mana qulqullummaa hafuura Waaqayyoo jechuun maal jechuudha? Heertuun kun wa’ee maa-lii akekkachiisaa jira?

---

Habatamaadhumi, waldaa yommuu jedhu, gamoo/mana Waaqayyoo itti galu tae’ tokko mataa keessaa hin qabu. Afaan Griikki kakuun haaraan ittiin barreefame garaagarummaa kana nama baay’ee moo nama tokko akka ilaallatu / you= si’i, you=

isin, / in argisiisa. Akka kanatti isa booda keessatti, Fakkeenyi kun qaama walii gala ti: amantoonni qorontos keessaa walii galanii mana qulqullummaa Hafuura qulqulluu uumu. Akka hafuraatti yommuu ilaalamu, Waaqayyos gidduu isaanii jiraata jechuudha.

Phaawulosiif, Waaqayyo yommuu amantoonni; waliin jiraatan gidduu isaanii jiraata. Kanaafuu eenyullee tokkummaa waliin jiraachuu amantootaa kana yoo diige firdii in argata. Tokkummaan amantootaa giddu-galeessa waliin deddeebi'uu kanaa fi argamuu Waaqayyooti. Heertuun kun yeroo baay'ee qaama ofiif eeggachuuf yoo dhimma ba'ame iyyuu (kunis waanuma Krista-anni tokko gochuu qabu ta'u iyyuu), kun waan Phaawulos asitti dubbachaa jiru miti. Ergaan isaa sana utuu hin taane warra tokkummaa waldaa balleessan yeroo inni akekkachiisuudha.

Boqonnaa kana gara duraatti, Phaawulos kan dubbachaa ture wantoota tokkummaaf qom-qabaa ta'an irrattii dha: "Isin amma iyyuu akka warra yaada foonii duukaa bu'aniiti, hinaafuu ni fi wal qoccoluun, erga isin gidduu jiraatee, isin warra yaada foonii duukaa buutan mitiiree?" (1Qor. 3:3). Ilaalchii fi amaloonni ak-kanaa tokkummaa amantootaaf dhuguma rakkina kan uumanidha; Waaqayyo iddo wal gahi akkasii keessaa baasuuf sababidha. Jecha biraatiin, wal dhabdeen waldaa Waaqayyoo keessa jiru waldaa Waaqaa balleessuu ni danda'a. Kanaafuu, miseensonni waan tokkummaa balleessu kana akka ofittii baasan barbaade. Wal dhabdeen yommuu waldaa keessatti dho'u, gorsi Phaawulos waldaa Qorontoosiif: "obboloota ko, isin hundumti keessan waan dubbatanitti akka waliif galtan, yaada tokkoon akekkatanii, tokkummaadhaanis raawwachuudhaaf, akka qophooftan malee, isin giddutti gargar ba'un akka hin jiraanne maqaa Gooftaa keenya Yesus Kiristoosiin isinin gorsa" (1Qor.1:10).

Hinaaffaan, qoccolloon, gargar ba'unis kun rakkodhuma bara Phaawulos jira ture hin turre, nuuyuu arguutti jirra malee. Hundumti keenya tokkummaa keenya akka hin miinetti akkamitti-in irratti hojjechuu dandeenya?

---

---

## Roobi

Sad. 7

### Dhagna Kiristoos

Tarii caalaatti kan beekamu kan waldaan itti fakkeeffamte, waa'een jabeenya waldaa kan ittiin dubbatame "Dhagna Kiristoosii kanaadha." dhagni tokkuma ta'ee kutaa baay'ee qaba, miseensi qaama dhagnaa sun hunduu qaamuma tokkoo dha. Kiristoos akka dhagna tokkicha isa bu'aa dhagnaa baay'ee qabuuti, tokkicha duwwaa qaba miti; bu'an dhagnaa sun yoo baay'ate iyyuu dhagni tokkichuma. . . . Ammas hundumti keessan dhagna Kiristoos adduma addaan bu'aa dhagna isaati." (1Qor.12:12, 27).

Akkuma qaamni waanuma tokko isa waan baay'ee irraa tolfamee hundumtuu adda addaan gahee fi itti gaafatama mataa isaa qabuu kuni immoo waldaafis akka qaama Kiristoositti dhugaadha.

1Qor.12:12–26 dubbisaa. Faakenyni dhagnaa isa kutaa hedduu qabu kanaa akkamitti waldaa keetti fakkeeffama? Akka Adventistii Guyyaa 7ffaa Waldaa addunyaatti hoo akkamittiin fakkeeffama?

---

---

Barsiisi Phaawulos 1Qor.12 keessaa kan dabarsu dhugaan beeka-maan inni dhugaan tokkummaan Kristaanaa garaagarummaa dhuma keessattis miti, garaagarummaan jiraatu jiraatulle isa jedhamus miti utuu hin ta'in, garagarummaa keessaan malee.

Maddi akkaataa ibsa garaagarumma kanaa hafuura qulqulluu ta'uun nu hin dinqu. Akkuma bu'aan dhagnaa haala ibsuun hin danda'amneen tokko ta'anii, haala nama dhibuun immoo garaagara ta'ani, akkuma kanaadhaa bu'aan dhagna Kiristoosis; innis garaagarummaa kana keessatti, guutummaan fi gahums qamaa Kiristoos keessatti argame. Kan darban waggoota kudhaniin lakka'aaman muraasa keessatti waldaan Adventistii Guyyaa 7ffaa utaalchaan guddateera. Waldaan Adveentistii guyyaa 7ffaa saba aadaa, dugd-duubee fi naannoo garaagaraa irraa dhufaniin guuteerti. Garaa garummaan Qoomoon, sanyiin, aadaan, umurii fi barumsii Kiristoos keessatti gargar nu baasuuf eyyamamuu hin qabu. yoo Jirate iyyuu, tokkummaa keessatti garaa garummaan hafuura qulqulluun qajeelfamee akka meeshaa tokkummaatti akka dhimma baasu gochuu dha. Kunis garaagarummaan kun jiraatu iyyuu nu hundi Krstos keessatti tokkuma kan jedhu mul'isuuf.

Akkuma ilaalle, miilla fanno biratti, hundumti keenya wal qixxeedha. Yommuu naannoon keenya caalaadhumatti diigamaa jirtu garaa garummaa keessatti tokkummaan akka danda'amu mirkaneessuutu nurra jira. Sabni Waaqayyoo humna fayyisuu fi araarsuu wangeelaa argisiisuutu irra jira.

Kan nama dhibu, akkamitti akka qajeelfamni kun hojii irra oolu nutti hima "Kiristoos mataa waldaa kristiyaanaa akkuma ta'e, fayyisaa waldaa Kristaanati" (Efe. 5:23). "Inni mataa waldaa kristiyaanaa isa dhagna isaa jedhame, "(Qol. 1:18). Akkuma tokkoon tokkoon amanaa hafuuraan Kiristoositti hidhaman guutummaan qaamaa nyaata tokkoon soorama. Kanaafuu, barbachisummaa qayabanna dubpii Waaqaa, waan barreef abboomamuun, waliin Waaqessuu fi tokkummaan dhagna Kiristoosiif kadhachuun cimsuudha.

## Hoolotaa fi Tikee

Yoh.10:1-11 dubbisaa. Fakkeenya waldaa kamiidha kan akka hoolotaatti tokkummaaf dubbatu? Far. 23

---

Magaalota gurguddoo jabana ammaa keessatti, iddoo horsiisa bineylada kamii arguun dhibaa jira. Namoonni baay'een hamma waa'ee hoolotaa fi tikfattootaa muraasa duwwaa beeku. Garuu, Yesus fakkeenya kana yommuu dubbate, namoonni sirriitti isa hubataniiru. yommuu inni "ana tikseen tolaan jedhu" isa hubatanii Far.23:1 keessaa caqasuu isaaf isa jajatan. "Waaqayyo tiksee kooti." Fakkeenyi kun hubatamaa ta'u isaa qofaa utuu hin taane, ifaa kan isa taasisu waan hedduu of keessaa qaba. Aadaa Biyyoota Baha-dhi'eenyaa durii fi ammammo Baha Giddu-galeessaatti har'ayyuu tikfattoonni wanti fedhe ta'u iyyuu hoolota isaaniif of kennuun beekamoodha. Fakkeenyi tikfachuu Waaqayyoon akka eegduu saba isaatti kaa'uun fakkeenya bareed-aa dha.

Sabni Waaqayyoos hoolaatti fakkeeffamuun waan dinqisiisaa dha. Waa'een hoolotaa wanti yaada keenya qabatu, kan nama hin miinee fi dadhaboo ta'u isaaniti. Kanaafuu, eegumsaa fi geggeessaadhaaf hoolonni gaarummaa tikee isaanii irratti kan of gataniidha. Isaan, hubatamaadhumatti, kan homtuu isaanif hin galleedha. Yeroo tokko tokko, utuu hin beekin hoolonni in badu waan ta'eef tikeetu barbaadee deebisa. Ilmooleen baatamuu dhaaf eeggannoo addaa isaanin barbaachisa. Hoolota eeguuf obsaa fi hubanna barbaachisa. Karaa baay'ee kun waldaa bakka kan bu'u fakeenya mudaa hin qabnee dha. Miseensi waldaa waan sodaatu tokko iyyuu hin qabu kan isa barbaachisu tikee wajjin hidhata qabaachuu dha.

Yesus fakkenya kana keessatti kan inni irratti xiyyeefate barbaa-

chisummaa hoolaan sagalee tikee dhageeffachuuti. Yeroo haalli kana gaafatu hoolota karra tokko keessatti walitti qabanii eeguun in barbaachisa. Booddee akkamitti adda baasu turani erga walitti dabalanii? Wanti tikee irraa eegamu tokkichi, balabala bakka hoolaan itti eegamtu dhaabatee waamuu qofaa dha. Hoolonni isaa sagalee isaa beekanii gara isaa in dhaqu. “Hoolota isaa hundumaa ergaa gadi yaasse, fuula isaanii dura in adeema; hoolonis sagalee isaa waan beekanif isa duukaa in bu’u.” (Yoh.10:4). Sagalee tikee dhaggeeffachuun waldaaf bay’ee barbaachisaa dha. Dhugaadhumatti, tokkummaa fi nageenyi namoota Waaqaa tikeetti dhi'aachuu fi isaaf abboomamuuf qophii ta’uu irratti kan hundaa’uu dha.

**Namoонни walumaa galatti akka hoolaatti mul'achuu hin fedhan. Garuu, kun nuuf maaliif fakkenyaa barbaachisaa ta’ee? Tikee barbaaduu fi barbaachisummaa tikeef abboomamuu keenya maal nutti hima?**

## Jimaata

### Sad.9

**Yaada Dabalataa:** *Ellen G. White*, “The Divine Shepherd,” 3 pp. 476–484, in *The Desire of Ages*; “The Church on Earth,” pp. 240–243, in *Counsels for the Church*.

“Qabiyee mana Qulqullummaa keessaan, Yerusaalem keessatti, Giriik-Romaa hundumaa keessatti barreesitoonni kakuu haaraa fakkeenya mana qulqullummaa amantoota qulqullina waldaa, argamuu fi guddina waldaa keessatti gaheen Waaqaa maal akka ta’e hojii Kiristoosii fi hafuura qulqulluu akkasumas tokkummaa amantootaa waldaa keessattii ibsuuf, hubatanii dhimma ba'anii-ru. Haala ijaarsaan yommuu ilaallu waan hin sochoone wayii in fakkeessa. Garuu fakkeenyich fakkenyaa waan lubbu qabeessaa wajjin dhi'eessee, addemsi ijaarsaa ol qabamee dubbatameera. Fakkenyaa hin sochoonetti fudhachuu irraa, ‘akka ijaarsa xumuramee dhaabateetti utuu hin ta’in akka seenaahojimaata ijaarsaa ijaaramaa jruutti fudhachuuuf jajjabeeffamna.’ Waldaaf kan ken-

name jereenyaa fi seenaa keessatti Mana qulqullummaa waaqa jiraataa ta'uudhaaf carra dinqisiisaa argatte. (2Qor.6:16).”—John McVay, “Biblical Metaphors for the Church: Building Blocks for Ecclesiology,” in Ángel Manuel, Rodríguez, ed., Message, Mission, and Unity of the Church (Hagerstown, Md.: Review and Herald®, 2013), p.52.

### **Gaaffilee maree:**

1. Wantoota macaafni qulqulluun waldaa itti fakkeessu irratti dubbadhaa. Kamiin caalaatti jaallatte? Maaliif caalaadhumatti isatti harkifamte? Wanti waldaan itti fakkeeffamte biraa asitti ar-gachuu dandessa: 1Xim. 3:15, 2 Xim.2:3–5, 9 Phe.2:9. Kan biraa waa'ee waldaa kan fakkeenyonni kun nu barsiisan maal fa'i?
  2. “Waaqayyo saba isaa jabaa kan ta'e tokkummaa amantoot-aa keessatti hidhuu barbaada; obboloonni walitti amanta qa-baachuun guddina waldaaf barbaachisaa dha. Kufaatii amntii keessattuu gochi gamtaan hoijetan murteessaadha. Tarkaanfin barbaachisaan tokko, gochi dogoggoraa tokko rakkoo waldaan baroota keessatti keessaa hin bane itti fiduu danda'a”—Ellen G. White, Testimonies for the Church, vol. 3, p. 446. Akkeekkachiis akkasii tookumma waldaa eeguu keessatti akkamitti akka of eeg-gannu maal nutti himaa?
  3. Barumsa Jalqaba Torbanii irratti xiyyeefatee “saba Waaqayyoo” fayyinaaf ayyaana Waaqayyoo irratti hirkachuu nu barbaachisa malee gaarummaa keenya irratti miti. Dhugaadhumatti, kan nu fayyisu, saba Waaqaas nu taasisu qajeelummaa mataa keenyaa miti jetteellee falmuu hin dandeenyee?
- Cuunfaa: Kakuu haaraan maalummaa fi ergama waldaa ibsuuf fakkeinya garaagaraa ibsa. Caalaadhumatti, fakkeenyi kun Waaqayyo saba isaa hubannaadhaan ilaalee akka eegu kan argisiisuudha. Fakkeenyonni kun sabni Waaqayyo haalumaan waliti hidhamuun hojii hojjechuuf itti waamamne hojjechuuf illee walii keenya akka barbaachifnu nutti dubbatu.

## Yeroo walitti Bu'iinsi Argamu

Sanbata Waaree Booda

**Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa:** HoE 6:1–6; HoE 10:1–23; 12 Mat. 5:17–20; HoE 11:3–24; HoE 15:1–22; Amos 9:11, 13 12.

**Heertuu Yaadannoo:** : “Warri Kiristoositti dabalamuud-haaf cuuphamtan, Kiristoosiin akka uffataatti uffattaniittu karaa Kiristoos Yesus isin hundumti keessan tokko, Yihuudii yookiin Griikii, garboota yookiis birmaduu garaa garummaan hin jiru” (Gal. 3:27, 28).

**H**awwaasa Kristiyaanaa kamiifuu hojiin baay'ee ulfaataan yeroo ilalchi addaa adda ta'e jirutti maalummaa fi ergama waldaa irratti tokkummaa jiraachisuudha. Addaddummaan akkasii bu'aa balaa guddaa qabu fiduu danda'u.

Hawwaasi Kristiyaanaa amma jiran warra jalqaba kakuu haaraa jiraatan hawwaasa amantootaa wajjin garaagarummaa hin qaban. Namoonni namootuma waan ta'aniif garaa garummaan waanuma barbaachisaa irrattilee, in jiraata. Amantoonni durii ilaalcha dhuunfaa, hiikkaa seenaa fi shaakala kakuu moofaa irratti garaa garummaa dhibaa ta'e irraa kan maddu wal-dhabdee tokko tokko qabaatan. Utuu ergamootaa fi geggeessitoota geggeessaa hafuura qulqulluutti fi caaffata qulqulluu duubbicha hii-kuuf hin dhimmine ta'ee silaatii wal-dhabdeen kun waldattii xobbummaa/mucummaa/ isheetti balleessuuf ture. Tarban muraasa dura, akkamittiin waldaan jalqabaa tokkummaa waldaa qabaa-chuu dandeesse qo'annee ture. Torban kana immoo, waldumti jalqabaa kun isa tokkummaa ishee gadi butuu fi jiraachuu ishee miidhu, rakkoo keessoo ishee akkamittiin akka furaa turte ba-

Barumsa Sanbataa Gaessota

---

ranna.wal dhabdeen/rakkoon/ kun maal turani, akkamittiin furaman, nummoo har'a shaakala kana irraa maal baranna?

## Jalqaba Torbanii

Sad. 11

### Qomoon wal Caalchisuu

HoE.6:1 dubbisaa. Rakkoon waldaa jalqabaa keessatti, nyaata namoonni guyyaa guyyaatti waluma qixa argachuu qabu turan keessatti akka namoonni guunguman maaltu godhe?

---

Kristiyaanonni bara waldaa jalqabaa tokko tokko, dubartoota warra qomoo Griikii fi warra Ibrootaa gidduutti warra Ibrootaaf caalchisuudhaan wal caalmaa hoijetan. Wal-caalchifachuun akkasii kun hawwaasa amantootaa bara sanaa gidduutti dhowwaa/bowwaa/guddaa uumse. Komeen kun dhugaa ta'uus ta'uus dhirus caaffatichi waan dubbatu hin qabu. Kan inni jedhu namoonni tokko tokko rakkichi kanaaf jedhanii amanan jechuu qofa. Wal-dhabdeen akkasii waldoota bara jalqabaa sana hundumaa miidhee ture. Wal-caalmaan qomoo irraan dhufu kun daddafee waldaa sana keessatti argamuun akkam nama dhiba.

Waldaan jalqabaa daddafee guddachaa ture; guddinni kun immoo Ergamoota irratti ba'aa guddaa geessisee ture. Namoonni torban kun muudamuun, akka addaatti 'daaqunoota' kan jedhaman (kakuu haaraan hammuma kana akkasitti isaan waamuu baatus) kun, muuddama waldaa Yerusaalem keessaa salphisee namoonni baayyinaan akka tajaajila waldaa keessatti hirmaatan taasise.

Ergamoonni rakkoo amantoota warra afaan Griikii dubbatan kanaa akka ta'utti dhaggeeffachuudhaan, furmaata isaa gaafatan. Ergamootaa wajjin kan hoijetan warra afaan Griikii dubbatan keessaa, namoota torba filuun garee sanatti dabalan. Namoonni kun warra maqaa gaarii qaban, hafuura qulqulluuni fi ogummaan kan guutamanii turan(HoE 6:3). Tajaajilli ergamootaa,

hamma yommusiitti,dubbicha, barsiisuu fi gursummoota sanaaf nyaata qooduudha; wal-qixxee tajaajila barbaachisu wangeela lallabuuf kan hojjetan garee lamatti qoodan. Tajaajila ergamoon-ni wangeela lallabuu keessatti qabaatanii fi tajaajila daaqunooti kun nyaata hiruu keessatti qaban ibsuuf Luqaas jechuma tokko fayyadamuudhaan, “ministry” yookiin “service” (diakonia); kun sadanuu tajaajilatti hiikamu HoE 6:4), (HoE 6:1).

**Isa geggeessitoonni amantoota walitti qabaniisaanuma gidduud-haa furmaata arguuf hojjetan waan barbaachisaa akkamii argita-a?(HoE 6:2)**

---

---

Wiixata

Sad. 12

### Jijiiramuu Ormootaa

Gara wangeela Yesus Kiristoositti jijiiramuu Ormootaa, jireeny-a waldaa jalqabaa keessatti wal'aansoo guddaa isa Hojii erga-mootaa keessaa kanaaf, jiraachuu waldaa jalqabaa kan yaaddoo keessa galche furuuf kan karaa banee ture.

HoE 10:1–23 dubbisaa. Garaa ormootaa wangeela fudha-chi-isuudhaaf hafuurri qulqulluun hojjetaa jiraachuu kutaa kana keessaa wanti argisiisu maaliidha?

---

---

Mul'atichi Phexrositti waan keessummaa ta'ee ture. Phexrosiin in suukannees; sababiin isaas, akka seerri ajajutti tasuma iyyuu nyaata qulqulluu hin taane nyaatee hin beeku. (Lew 11, His. 4:14, fi Dan. 1:8 ilaali). Garuu,wanti mul'atichi adeemuuf waa'ee soorataa utuu hin taane, gufuu Yihudotaa fi ormoota gidduu jiru, akka ormooni wangeela hin fudhanne kan taasise irrat-ti malee. Danqaan akkasii kun bara duriisakkuma bara ammaa kana beekamoo turan.

Waggota kurnan gara jalqabaa keessa, Kristiyaanummaan Yesu-siin isa raajiin Kakuu moofaan jedhu, akka Masihiitti isa fudha-tan Yihudotuma irraa kan walitti qabamaniin ture. Amantoonni jalaqaba Yesusitti amanan, Yihuudota amanamoo ta'anakkuma barsiifamanitti warra seerichaaf abboomaman turan. wangeelli Yesus akkanni qajeelfamoota kakuu moofaa balleesse yookiin dhabamsiisetti hin fudhanne. (Mat. 5:17–20).

**HoE 10:28, 29, 34, 35 dubbisaa. Phexros Hiikkaa mul'ata Yophaat-ti arge sanaa akkamittiin hubatee? Akka inni akkasittiin hiikkatu maaltu godhe?**

---

Wanta hojii ergamootaa keessatti raawwachaa jiraachuu isaa ar-ginu kana, isa Hafuurri qulqulluun ormoota gara tokkummaa hawwaasa Kristiyaanotaatti fiduuf hujjetuudha. Kanas gochuu in danda'u kan turan, dursanii lamummaa Yihudummaa utuu hin fudhatin, dhagna qabaa utuu hin barbaachisin ture. Wanti Phexrosi fi miltoota isaa amansiise,akkuma bartoonni guyyaa shantammaffaatti argatan sanatti, fedhiin Waaqayyo Qornelewos fi maatii isaa irratti hafuura qulqulluu dhangalaasuu ta'u beeke. (HoE 10:44–3). Akkuma Yihuudotaaf kennamutti Hafuurri qul-qulluun ormootaafis kan kennamu ergaa ta'ee, Yesusiin akka Ma-sihiitti fudhachuuf amanuudhaaf dhagna qabaan akka ulaagaatti hin fudhatamu jedhee fudhate. Goolabbiin akkasii rakkoo hu-bannaa caaffata qulqulluu yommuus waldaa keessa ture furuuf karaa baneeture.

**Kibxata**

**Sad.13**

### **Hafuurichi Geggeessaa Jira.**

Gaabasi wanta Qesaariyya keessatti Qornelewosiif raawwata-mee,dafee geggeessitoota waldaa Yerusaalem bira gahee jennaan waan ta'eef ibsa akka kenuuf Phexrosiin gaafatan. Akka bee-kumsa Yihudummaa isaaniitti seerri Musee Yihuudonni aman-moon ormootta wajjin nyaachuu waan hin eyyamneef Phexros waan godheef in gaddan. (HoE 10 11:3).

**HoE 11:4–18 dubbisaa. Hojii hafuura qulqulluutii fi dhimma kana keessatti akkanni geggeessaa ture ibsuuf Phexros maal jedhe?**

---

Sirri ta'u fi dhiisuu Ormoota cuuphuuf murteessuu Phexros irratti namoonni tokko tokko gaaffii kaasan iyyuu, ragaan gahaan(HoE 11:12) akka mul'sutti Hafuurri qulqulluunakkuma guyyaa shantammaffaa sanatti hojicha irraatti akka mul'ate argameera. Kan hin haalamne Geggeessaan Hafuura qulqulluu fi kennaan hubatamaan haffuuri kenuu dhimma kana keessatti mul'ateera.“isaan kana hundumaa erga dhaga'anii, moorkiin isaanii gab jedhe. Kanarratti egaa'oo yaada garaa isaanii ged-daratanii akka ittiin jiraataniif Waaqayyo warra saba isaa hin ta'iniifis karaa kenne kaa jechaa Waaqayyoon galateeffatan.”(HoE 11:18).

HoE 11:19–24 dubbisaa. Itti aansee jirenya waldaa jalqabaa irratti maaltu ta'e?

---

Tariitii namoonni Yerusaalem keessaa Kaan kaan isanii wanti qornelewosii fi mana isaa irratti ta'e isuma qofaaf wanti addaa godhameef malee kan akkasii lammata ormootaaf hin ta'u jedhanii yaadaniiru ta'a. kun garuu waan hafuurri qulqulluun akka-sitti yaade miti. Akkuma bartoonni Yesus Yerusaalemi fi Yihuudaa darbanii sababii ari'atamaa isa du'a Isxifaanos booda ka'een biyya keessa tamsa'anii,(HoE8:1),Samariyaa,Phoesia,Qiphrus, Antxokiyatti tatamsa'anii wangeela lallabuun ormoonni Yesus Kiristoosiin fudhatan.(HoE 1:8) dubbisi.Qaqqabamuun warra akka gammachiisutti ta'ee utuu ofi keenya iddo amantootaa Yihuudota durii kanaaf of ii akkamitti dhimma kana simachuu akka qaban isaaniif galuu akka didetu nuuf gala ta'a.

Nuyi mataan keenya iyyuu hammam akka waldaatti dhi-phummaa dhuga-ba'umsa keenya kan danqu qabaachuu daneenyaa laataa?

**Roobi**

**Sad. 14**

### **Yaa'ii Yerusalem**

HoE.15:1, 2 fi Gal. 2:11–14 dubbisaa. Waldaa jalqabaa keessatti wal dhabdee guddaa kan uumsan rakkoleen lama maal fa'i?

---

---

Rakkoon tokkummaa waldaa bara jalqaba mudatte qabatamaa fi ulfaataa ture. Yihuudonni tokko tokkoo fayyinni Yihuudota warra saba kakuu Waaqayyoo qofaaf ta'aa, kun immoo dhagna qabaan ulaagaa isaati jedhanii amanu. Akka namoota jireenyaa amanamaa ta'e jiraachuuf yaaduutti, Yihuudonni amantoota kristaanaa ta'an kun warra ormaa wajjin tarii fayyina isaanii balleessuu danda'a jedhanii waan yaadaniif, walitti siquu dhabamsiisuu barbaadu turan.

Yihuudonni walitti dhufeenyaa warra ormaa kana ilaachisee aadaa baay'ee cimaa ta'e qabu turan. Yeroo ergamoonni ormoota warra duuka buutuu Yesus ta'uu barbaadani wangeelaan bira gahuuf jedhani aadaan kun, hawwaasa amantota haaraaf dafee dhagaa gufanna ta'aa ture. Akka kakuu moofaa keessatti mul'ate masihii sababii fayyisaa saba kakuuti jedhamee yaadamuuf ormoonni fayyuu yoo fedhan utuu amantii Kristiyaanummaa hin fudhatin dura lamummaa Yihudii fudhachuun irraa hin turreeree, abdii Yihuudotaa qoddachuu?

**HoE 15:3–22 dubbisaa. Wantoonni yeroo Yaa'ii Yerusaalem mreef dhi'aatan maalfaa turanii?**

---

---

Dhimmi asitti hiikkaa barreeffama kakuu moofaa isa dhagna qabaa wajjin walitti dhufeenya qabu sanaa dhimma walitti-dhufeenya ormootaa wajjinii ture. Akka ergamootaa, maanguddootaa fi bakka buutota Anxokiyaadhaa dhufaniitti waliin taa'anii walii-galtee malee yeroo dheeraadhaaf, waan mari'ataa turan fakkaata.

Ergasii garuu Phexiros, Baarnaabasii fi Phaawulos haasaa godhan. Haasaan Pheexros mul'ata Waaqayyo isaaf kennee fi kennaa hafuura qulqulluu sana kan mul'isu isa ormootaaf ergama wangeelaa lallabuuf karaa bane sana kan of keessaa qabu ture. Akka firii dubpii isaa kanaatti jji namoota baay'ee dhugaa haaraa kanaaf baname. Phexros akkas jedhe: “ ‘Nuyi garuu ayyaana gooftaa keenyaa Yesus Kiristoosiin fayyuu keenya hin amanna isaan immooakkuma kanatti in fayyu jedheen,’ ” ormoonni immooakkuma kanatti in fayyu jechuudha (HoE 15:11). Jaarraa hedduudhaaf kan ture aadaan isaanii ifa wangeelaatiin humna dhabsiifame.

Waan si keessatti hidda gadi fageeffattee amanteef yeroon ati yaada jijiirratte jiraa? Asirraa tarrii akka amantiitti waan hubatte irratti gaaffii yoo sitti ta'e yaada jijiirrachuuf kan si gargaaru shaakala kanarrraa maal baratte?

## Kamisa

## Sad.15

### Furmaata Ulfaataa

Anxokiyaadhaa rakkoo isaaniif furmaata akka barbaadaniif bakka buutota Yerusaalemitti erguun waan sadarkaa amantaa jara irratti qabaachuu in barbaada. Garuu, maree yeroo dheeraa ergamoota, maanguddootaa fi Yaqoob obboleessa gooftaa isa geggeessaa yaa'ii sanaa ture, booda, maal gochuu akka qaban murtiitti dhufan. (HoE 15:13–20). Hubatamaadhumi yaa'iin sun ormoonni Amantii Kristaanummaa kana fudhachuuf dirqama Yihudummaa fudhatanii, achiimmoo seerota sirnaalee kan akka dhagna qabaafaa keessa darbuu akka hin qabne walii galan. Amo.9:11, 12 fi Erm.12:14–16 dubbisaa. Waa'ee saboota olla'aa

---

Barumsa Sanbataa Gaessota

**Israael raajonni kakuu moofaa kun dursaanii maal himanituruani?**

---

---

Yaqoob Amos keessa yommuu caqasu, fayyina ormootaaf kan dubbatu mil'uu ta'e raajota kakuu moofaa irraa in arganna. Karaa dhuga ba'umsa Israael guutummaa biyya lafaa fayyisuun yaada Waaqayyoo akka ta'e hubatamaadha. Dhugaadhumatti, waa-michi Waaqayyo Abrahaamiif godhe, karaa isaa saba hundaa fi akkasumas sanyii isaa eebbisuu of keessaa qaba.(Uma.12:1-3). Geggeessaan hafuura qulqulluu, tajaajilli Phexros, Barnaabaasi fi Phaawulos Ormoota keessaa, akkasumas jijiiramuun ormoota baay'ee ragaa yommuus jiran turan. Dhuga-ba'umsi kun geggeessitoota kana gargaaree, geggeessitoonni hawwaasa Krista-anummaa amma baay'een raajiin kakuu moofaa raawwatamaa akka jiru hubachuu danda'an. Dhugumaan, Waaqayyo bakka ormoonni jiranittuu, maal akka isaaniif eyyamamee fi maal irraa akka dhorkaman kan ittiin geggeessan seera iyyuu erga isaaniif laatee tureera (Lew. 17, 18). Yaqoobis murtii isaa keessatti seero-ta kana caqaseera (HoE 15:29). Waaqayyo dhufanii saba isaatti dabalamuudhaan kara Yesus fayyina akka fudhataniif ormoot-as akka waamaa jiru nama hundumaafuu in gala. Geggeessaan Hafuura qulqulluu gadi fageenyaan akka caaffata qulqulluu hubatanif hubannaa kenneefi dhugaa duraan hin beekin hubachuu eegalan.

HoE 15:30-35 deebii amantoonni Anxokiyaa waan Yerusaale-mitti murtaae kana irratti kennan nutti dubbata: "jarri immoo caaffaticha dubbisanii... dubbii gorsa isaatti in gammadan" (HoE 15:31).

Hojii ergamootaa kana keessatti kan arginu cimaa kan ta'e fak-keenya akkamitti waldaan bara jalqabaa dubbii Waaqaatti of ken-

nuun, jaalalaan, tokkummaa fi walitti amantaadhaan geggeessaa hafuura qulqulluu jalaan ta'anii tokkummaa isaaniif waan rak-koo guddaa ta'a ture akka isaan maksaniidha.

**Seenaan kun waan namoonni biraan jedhan yoodhumallee waan nu dhaggeeffachuu hin feene ta'ellee, dhaggeeffachuu qofa utuu hin ta'in tarii wanti isaan jedhan kun sirriidha moo miti jennee ilaaluun nuufuu barbaachissaa kan ta'uuf maaliif?**

## Jimaata

## Sad.16

**Yaada Dabalataa:** Ellen G. White, "A Seeker for Truth," pp. 131–142; "Jew and Gentile," pp. 188–200, in The Acts of the Apostles. "Yaa'iin dhimma kana murteesse, ergamoota, barsiisota warra waldaa Yihuudonnii fi Oroonni Keessatti waaqessan dhaabuutti beekaman turanii fi bakka buutota iddo garaagaraati dhufan of keessatti qaba ture. Maanguddoota Yerusaalem irraa, bakka buutota Anxokiyaa irraa walfoonni murteessoon hunduu bakka buutota qabaataniiru. Yaa'iin kun waa'ee firdii dhi'aatee fi ulfina waldaa fedhii Waaqaan dhabatte kanaatiin ture. Akka firii arii isaanatti, Waaqayyo ofuma isaatii waan gaaffii isaanatti ta'u or-moota irratti hafuura qulqulluu dhangalaasuudhaan akka dee-bise arganii, ga'een isaanii hafuura qulqulluu faana bu'uu akka ta'e hubataniiru.

"Guutummaan miseensa Kristiyaanotaa yaada kana irratti murteessuuf hin dhiyaanne. 'Ergamoonnii fi Bartooni,' namoonni warri dhiibbaa uumsuu danda'anii fi waa murteessan, seeraa fi labsii warri baasan, walumaa galatti waldaa Kristaanaan waan akkasitti fudhatama qabu. kan murtichatti gammade garuu hundumaas miti, gareen tokko ofiitti kan quufan dubbicha kan morman turaniiru. Warri kun itti gaafatama isaa fudhachuudhaan akkuma ofi yaadanitti gochuu eegalan. Gungummii fi dogoggora barbaaduutti qabamanii karoora biraan baasuudhaan hojii namoota warra Waaqayyo akka ergaa wangeelaa labsaniif

---

### Barumsa Sanbataa Gaessota

---

isaan dibee gadi harkisuu eegalan. Waldaa jalqabaa irraa eegalee gufuu akkasii kan argan hamma dhuma barichaattuu kun ittuma fufa.”—*Ellen G. White, The Acts of the 10 Apostles, pp. 196, 197.*

### **Gaaffilee maree:**

1. Yoo wal-dhabdeen ka'ee tarkaanfiwwan gara walii-galteetti nama adeemsisan torban kana barre keessa hawwaasa waldaa keessatti hojiirra oolchuu dandeessaa? Rakkoon asitti ilaalaaturre tokko dhimma hubanna caaffata qulqulluu taus rakkoon aadaa, qomoo fi Siyyaasaa yoo waldaa mudate furuuf maal baratte? Waan argine irraa qajeelfama akkamii arganna?
2. Waraabbii Ellen G. Whitiin ammas ilaali. Bu'aa gaarii qabaatuyyuu baayyeen itti hin quufan. Dhugaa gaddisiisaa akkasii irraa barumsa maalii arganna?

**Cuunfaa:** Wantoota garaa garaa irratti waldaan durii rakkoo garaa garaa isa waldaa diiguu danda'u argaa dhufte. Waldaan gegeessaa hafuura qulqulluutii fi dubbi waaqaaf abboomamuudhaan rakkolee kana hiikanii diigamuu akka maksan argineerra.

## Tokkummaa Amantii Keessatti

Sanbata Waaree Booda

**Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa:** HoE 4:8-12; HoE 1:11; 14 Mat. 25:1-13; Ibr.9:11,12; Bau.20:8-11; 1Qor. 15:51-54.

Heertuu Yaadannoo: : “Fayyinni Yesus Kiristoos duw-waadhaan malee, kan biraatiin tokkollee hin jiru; ittiin fayyuun kan nuuf tāu, waaqa jalaa ilmaan namootaatiif hin kennamne’ jedhe”(HoE 4:12).

Bara 1888 Adveentistiin Guyyaa 7ffaa hiikkaa kutaa macaa-fa qulqulluu murteessoo ta'an irratti falmiitu mudachaa ture. Yeroo luboon waldaa fi geggeessitoomni maalummaa gaanfota 10n isa Dan. 7 fi seera isa Gal.3:24 irratti yeroo falmaa turan sana yaadni mormii isaan wal irratti qabu turan hammam akka tokkummaa hafuuraa fi michummaa isaanii miidhuufi ergama isaanii gurraachessu namoota muraasa qofatu hubata ture. Ellen G. Waayit gadi fageenyaan yaada kana ifachuudhaan namoota warra kana keessatti hirmaatan caalaatti waliti-dhufeenyia Yesusii wajjin qaban cimsuu fi jaalalli Yesus amala keenya keessatti keessumaa yeroo walii galaa hin jirre caalee hojiin argisii-famuu akka qabu jajjabeessiti. Itti dabaltees namni waldaa keessa jiru hunduu hiikkaa caaffata qulqulluu xuqaa hundumaa irratti yeroo tokkicha walii gala jennees hin yaadamu.

Garuu immoo dhimma dhugoota bu'uura amantii Adventistii irratti hundumtuu tokkummaan walii galuutu barbaadama jechu-un xiyyeffannoo addaa kenniteetti.(Ellen G. White, Counsels to Writers and Editors, pp. 28-32). Torban kana barbaachisoo kan ta'an barsiisa macaafa qulqulluu tokko tokko warra tokkummaa

\*Sanbata isa 24f qophaa'uuf barumsa torban kanaa dubbifadhaa.

## Jalqaba Torbanii

Sad. 18

### Fayyina Yesuus keessatti

Akka Adveentistii Guyyaa 7ffaatti amantoo kristiyaanaa warra biraan wajjin waan wal-fakkaatu qabaannu iyyuu, kaa'umsi bu'ura amantii keenyaa amantii biraan kamiinuu keessa kan hin jirre dhugaa macaafaatiin akkaataa adda ta'e tokkoon uuma. Dhugoota kanatu akka amntoota waldaa haftuu bara dhumaatti maqaa nuuf kenna.

HoE 4:8-12, 10:43 dubbisaa. Akka hubannaan karoora fayyinaa isaatti Phexros bakka Yesusti barbaachisummaa akkamii kenna?

---

Ergamaan Phaawulos warra Qorontositti oduu gaariin jedha, "Waaqayyo karaa Kiristoos biyya lafaa ofitti araarse..." (2Qor. 5:19). Duuti Kiristoos nuu fi abbaan wajjin walitti araaramuudha, bowwaan cubbuu fi du'aan gargar cite walitti fayyisu dhas. Jaarrraa baay'eedhaaf, Kristaanonnuu hiikkaa du'a fi du'a ka'uus Yesus, araarsuu inni raawwachuuf dhufe maal akka ta'e wallaanii turan. Hojimaati araarsuu kun akka bakka bu'anii adabbii fudhachuun waan jal'ate sirreessuutti hiikamee ture, /atonement, akka ingliffa dur duriitti jecha bu'uuruman "at-one-ment." Kanas jechuun immoo, walii galuu/ wal simachu/ jechuu ta'a. kanaaf, /atonement/ jechi jedhu kun wal galtee hariiroo argisissa; yeroo wanti gargar bahe/cabe/ tarsae/ jiraate, wal fudhachuun/ walitti deebi'uun/ yoo araarri jiraate argama. Tokkummaan waldaa egaa, kennaa araara kanaati.

Waaeee hiikkaa du'a fi du'a ka'uus kutaan kun maal jedhu?

Rom.3:24,25

1Yoh.2:2

1Yoh 4:9,10

Waldoota Kristiyaanaa kan biroo wajjin dhimma du'aa fi du'aa ka'u irratti amntiidhuma wal fakkaatu qabaannu iyyuu nuyi haala wangeela bara baraa keessaan isa labsina. (Mul.14:6), qama ergaa ergamamoota sadanii isa Mul. 14:6-12 keessaa ti. Akka Adv. Guyyaa 7ffaatti waldoonni Kristiyaanaa warri kaan waan hin goone xiyyeffannoo guddaa itti kennina.

Yeroo hundumaa dhugummaa du'aa fi du'aa kaafamuu Yesusi fi abdii inni kenuu of fuula dura kaa'achuu akkamitti baruu daneessa?

---

---

## Wiixata

## Sad. 19

### Dhufaatii Kiristoos Isa Lammaffaa

Ergamoonni fi amantoonni bara durii dhufaatii Kiristoos isa lammaffaa “abdii galateeffamaatti” fudhatan.(Tit. 2:13), raa-jotaa fi abdii macaafa qulqulluu hundumaa yeroo dhufa lammaffaa kana akka raawwatus in abdatu. Adveentistiin Guyyaa 7ffaan ammayyuu dhugaadhuma kana jabeessitee qabattee jirti. Dhugaadhumiatti, maqaan keenya, “Adveentistiin,” hubatamaatti in dubbata. Warri Kiristoosiin jaalatan hundinuu, abdii gudaan guyyaa itti isaa wajjin fulaasi fi fulaati wal argan in eeggatu. Hamma gaafa sanaatti abdiin dhufaatii lammaffaa Kiristoos akka saba Waaqaatti dhiibbaa tokko nu taasisu narratti geessisa/ hundumtuu dhufa sana eeggata/.

Waa'ee amala dhufaatii Kiristoos, waan baratamaa /waa'ee dhufa isaa akkataa hunduu beeku/irraa maaltu adda taasisa? HoE 1:11; Mat. 24:26, 27; Mul. 1:7; 1Tas. 4:13-18; Mul. 19:11-16.

---

---

---

Macaafni qulqulluun irra deddeebi'ee Yesus warra fayyan fud-hachuuf akka dhufu in dubbata. Yeroon kun itti ta'u tilmaama keessatti hin dhiifamne, sababiin isaas Yesus ofumaa iyyuu dub-bateera, “guyyaa sanaa fi yeroo sana eenu iyyuu hin beeku, ergamoonni Waaqa irraallee, tokkicha abbaa koo malee” (Mat. 7:24:36). Yoom akka inni deebi'ee dhufu wallaluukeenya duwwaa utuu hin taane, akkuma nuyihin beekneyyuu nutty himameera (Not only do we not know when Christ is coming back, we have been told that we do not know).

Dhuma tajaajila isaatti, Yesus shaakalli waldaan yeroo dhufaatii isaa eegdu keessa jirtutti fakkeesee fakkeenya durboota Kudhanii(10) dubbata (Mat. 25:1-13) gareen durbootaa kun lamaan garee amantoota dhufa Yesus in eegganna jedhanii bakka bu'a. Irra keessa yoo ilaalamu, gareen kun lamaan wal fakkaatu; garuu dhufatiin Yesus yommuu ture garaagarummaan dhugaan isaani gidduu jiru in beekame. Gareen tokko, inni turu iyyuu, abdii jiraataan eeggachuu itti fufee, qophii hafuuraas godhe. Fakkeenya kanaan Yesus dhaggeeffattoota isaa barsiisuu kan fedhe shaakalli amantootaa itti fufinsaan ayyaana Waaqayyo irratti hirkachuudhaa fi yoo raawwachuu abdii isaaf mallatoon qabatamaan dhibe iyyuu, itti cichanii eeggachuu malee, gammachuu miiraa irratti kan hundaa'ee ta'u akka hin qabneedha. Har'ayyu Yesus qophoofnee, jabaannee dhufatiin isaa lammaffaa akka eeggannu nu jajabeessa.

**Maqumti keenya “Adveentistii Guyyaa 7ffa” dhufatiin lammaffaan hammam murteessaa akka nuuf ta'e in ibsa. Sadarkaa dhunfaatti garuu hammamiidha kan dhufatiin lammaffaa kana of du-raa qabaannu? Akkuma baroonni darbaa adeemaniin, dogoggora isa Yesus seenaa durboota kudhanii sana keessatti akkeekkachiise akka keessa hin deebineef hammam of eegganna?**

**Kibxata****Sad. 20**

Tajaajila Yesus Mana Qulqullummaa Samii Keessaa Bara kakuu moofaa, akka inni godoo qulqulluu/mana qulqullummaa isaaf ijaaruuf Waaqayyo Musee abboomee ture; innis asuma lafa kana irratti iddo bultii akka isaaf ta'uuf.(Bau. 25:8). Karaa tajaajila isaa,manni qulqullummaa iddootti Israael karoora fayyinaa baratan ture. Booda, bara mooticha Solomoon, manni qulqullumma iddoodhaa gara iddootti adeemu mana qulqullummaa guddichaan bakka buufame.(1Mot 5-11). Godoo qulqullunis manni qulqullummaas lamaanuu akka fakkeenya mana qulqullummaa samiirra jirruuti ijaaraman. “Godoo namni dhaabe utuu hin ta'in godicha isa dhugaa Waaqayyo Gooftaan dhaabe sana...” (Ibr. 8:2; Bau. 25:9, 40).

Guutummaa macaafa qulqulluu keessatti, akka idoo bultii Waaqayyootti manni qulqullummaa samii akka jiru in yaada-ma. Manni qulqullummaa lafa gubbaa,karoora fayyinaa fi akka lubaatti bakka Yesus itti tajaajilu isa mana qulqullummaa waaqaaf fakkeenya dursanii kennamaniidha.

Ibr 8:6; 9:11, 12, 23-28; fi 1 Yoh.1:9-2:2.dubbisaa.

Waa'ee akka luba mana qulqullummaa Waaqaatti, tajaajiluu Yesus heertuun kun maal duubatuu?

Ergaa ol bahee qabee, manni qulqullummaa samiidhaa iddo Yesus itti tajaajila lubummaa fayyina keenyaaf itti kennaa jiruu dha.(Ibr. 7:25). kanaafis, nuyi ija jabinaan “Kottaa ija jabinaan gara teessoo Waaqayyo isa ayyaanaan guutuutti in dhi'aannaa” (Ibr. 4:16,12). Akka mana qulqullummaa lafaatti tajaajilli lubaa fuula lama qabaata ture. Inni duraa, guyaa guyyaatti kan hojj-etamu isa iddo qulqulluu ti, inni lammaffaan iddo hundumaa caalaa qulqulluu isa waggaatti al tokko seenamu dha. Caaffanni qulqullunis tajaajilli Yesus fuula lama akka qabu, tokkoffaan,tajaajila isaa iddo qulqulluu mana qulqullummaa samii keessaa, kan ittiin nuuf kadhatu, nuuf dhiisu, nuuf araarsu fi bakka

keenyatti nu deebisu/ restoration/ dha. Cubbamoonni cubbuu isaanii gaabbanii qalpii jijiirratan,karaa Yesus abbaa wajjin kan wal arganiidha(1Yoh. 2:1). Inni lammafaan, bara 1844, tajaajilli Yesu iddoisa hundumaa caalaa qulqulluu mana qulqullummaa samii sanatti dhimmoota firdii fi qulqulleessuu, akka lafa irrat- ti waggaatti al tokko hoijetamuutti kan fakkeeffamuu dha(Lew 16). Tajaajilli qulqulleessuu mana qulqullummaa isa dhangala'e dhiiga Yesus irratti kan hundaa'uu dha. Araarsuun guyyaa kana raawwatu, isa kara tola Kiristoos cubbuu balleessee mootummaa Waaqaa jalatti gara tokkummaa walii gaalaatti yeroo dhumaatiif araara dhumaa godhutti kan fakkaatuudha. Barsiisa fuula la- maan tajaajila kanaa guutummaa karoora fayyinaa hubachuuf jecha Adveentistii qofti kan barsiiftuudha.

**Roobi**

**Sad.21**

### **Sanbata**

Barbaachisaa kan ta'e barsiisi macafa qulqulluu Adveentistii Guyyaa 7ffaa kan amantu fi barsiiftu Sanbata. Kun barsiisa ijoo tokkummaa keenya hafuraa walitti hidhoo dha. Waldoota Kristiyaanummaa muraasa irraa kan hafe kunis Adveentistiin guyyaa7ffaan qofaan kan hordoftuu dha.

Sanbatni kennaa Waaqayyo uumamuma irraa eegalee namaaf kenneedha.(Uma.2:1-3). uumamatti, hubatamoo kan ta'an go- chaaleen Waaqaa sadii sanbata kan mirkaneessaniidha: (1) Waaqayyo Sanbata in boqote, (2) lammaffa guyyicha in eeb- bise,(3) in qulleesse. Gochi kun sadan Sanabata akka kennaa add- aa isa Waaqayyo kennuutti dhaabu. Kennaan kun sanyni namaa akka inni dhugummaa uumamaa guyyaa 6 keessatti uumuu isaa akka hubatu kan taasisaniidha. Barsiisaan seeraa beekamaan tokko Abraham Joshua Heschel kan jedhamu, sanbata "iddoo yeroo keessaa" jedhee waame, guyyaa qulqulluu yeroo Waaqayyo karaa addaa saba isaa quunnamuu jaallateedha jedhe.

## Barumsa Sanbataa Gaessota

Dhala namaatiif sanbatni maal jechuu akka ta'e heertuun kun maal jedhu? Bau. 20:8-11; Kes. 5:12-15; 22 His. 20:12, 20.

---

---

---

Fedhii keenya fakeenya Yesus faana bu'uu keenya keessatti (Luq. 4:16), waldaa Adveentistii Guyyaa 7ffaa sanbata guyyaa 7ffaa ayyaanessina. Ballinaan fayyisuu (hafuuraa fi qaamaan) dinqiq-in inni hojjete tokko tokko ayyaaneffannaa sanbataa irraa kan maddu, sanbata irra raawwatan.(Luq. 13:10-17). Ergaamootii fi kristaanonni jaarraa jalqabaa Yesus sanbata balleessuuf akka hin dhufin beekaniiru; isaan sanabata eeganii sanbata irras waaqef-fataniiru.(HoE 13:42, 44; 16:13; 17:2; 18:4).

Wanti sanbatni ittiin beekamu kan biraan mallattoo cubbuurraa bilisoomuu keenyaa ti. Sanbatni yaadannoo fayyisuu Waaqayyo saba Israaeliif garabummaa cubbuutti baasee gara biyya abdiitti isaaniin kana'anitti galcheeti(Kes.5:12-15). Sababii ab-boomamu didduu isaanii Guutummaatti biyya boqonnaatti galuu sabni Israael dadhaban iyyuu, Waaqayyo ammayyuu, "egaa boqonnaan saba Waaqayyo saba isaatif ammayyuu kaa'amee jira." (Ibr. 4:9). Warri boqonnaatti galuu fedhan hundinuu fayyina Yesus qopheesseen itti galuu ni danda'u. Sanbata eeguun egaa boqonnaa hafuuraa Kiristoositti boqochuu kanatti kan fakkaatuu fi cubbuuttiis fayyuu fi jirenya bara baraa argachuun kan danda'amu hojii ofii keenyaa utuu hin ta'in tola Yesus irratti kan hirkannu ta'uu keenya kan argisiisuu dha.(Ibr. 4:10, Mat. 11:28-30.)

**Karaa kamiidhaa tokkummaa fi waliin jiraachuu isa Waaqayyo barbaadu sana akka shaakaltuuf sanbatni kan si gargaare?**

## Du'aa fi Du'aa kaafamuu

Uumamati, "Waaqayyo gooftaan biyyoo lafaattii, nama tolchee hafuura jireenyaa itti godhu funyaan isaatti in baafate; akkasitti namni, uumama lubbuu qabaatee jiraate ta'e." (Uma.2:7). See-naan uumamaa kun namummaa kan mul'isu lubbuun Waaqa biraan kennamuu. Kan hin duune ta'uun kan dhaalame amala jirenya kanaatii ree? Macaafni qulqulluun kan hin duune Waaqayyoon qofa ta'uu nutti hima. (1Xim. 6:16); kan duune ta'uun namni yeroo dhalatus hin fudhatu. Faallaa Waaqa hin duunee, namni kan du'uudha. Caaffati qulqulluun jirenya keenya "isin akka hurrii yeroo muraasaaf argamee deebi'ee dhibamuuti" (Yaq. 4:14) du'a keessatti jirenyi keenya homaa kan hin beekne haala akka hirribaa keessa gala.(Lal. 9:5,6,10; Far. 146:4; Far. 115:17; Yoh. 11:11-16 15.)

Namoonni kan du'an ta'anii dhalatan illee, macaafni qulqulluun Jesus madda kan hin duunee ta'uu dubbatee abdii kan hin dune nu gochuu akkanni nuuf kenes nutti dubbata; fayyisuu isaatti kan amananiifis jirenya bara baraa hin kenna. "kennaan Waaqayyo jirenya barabaraa ti Kiristoos gooftaa keenyatti" (Rom. 6:23). Jesus "inni humna du'a cabsee, jirenya badiisa ooluus karaa wangeelaa ifatti baase." (2Xim. 1:10). "Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallatee; kun immoo isatti kan amanan hundinuu jirenya barabaraa haa qabaataniif malee haa badaniif miti!" (Yoh 3:16). Kanaaf, du'a booddee abdiin jirenyaa jira.

**1Qor.15:51-54 fi 1Tas. 4:13-18 dubbisaa. Waa'ee jirenya du'a booddee heertuun kun maal jedha? Yoomiidha kan hin duune ta'uun namaaf kan kennamu?**

Ergamaan Phaawulos akka ifa godhutti kan hin dune ta'uun kan namaaf kennamu, gaafuma du'an utuu hin ta'in guyyaa du'a ka'uutti fiingeen dhumaan yommuu afuufamuu dha. Aman-

toonni abdii jirenya barabaraa sana yommuu Yesuusiin akka fayyisaa isaaniitti fudhatan sana fudhatu; kan hin duune ta'uun, yeroo du'aa ka'uun kennama. Kakuun haaraan waa'ee lubbuun akka duuteen samii dhaquu waan beeku hin qabu; barsiisa akkasii hiddi isaa amantii malee jiraachuu,/paganism/, keessa kan ta'e gara falaasama Griikii duriitti kan nama deebisuu dha malee kakuu haaraas ta'e kakuu moofaa keessatti hin barreeffamne.

**Waa'ee du'aa hubannaan nuyi qabnu abdii dhufa lammaffaa akka cimsinee eeggannu maaf nu godha? Nuun Adveentistoota guyyaa 7ffaabdiin kun akkamittiin tokko nu taasisa?**

## Jimaata

## Sad. 23

**Yaada Dabalataa:** Ellen G. White, “The Foundations, Pillars, and Landmarks,” pp. 28-32, in Counsels to Writers and Editors. Read the article “*Doctrines, Importance of,*” pp. 778, 779, in *The Ellen G. White Encyclopedia*.

Akka Adveentistii Guyyaa 7ffaatti amantoota krisiyaanaa warra kaanii wajjin bu'uura amantii quoddannu qabna. Inni giddu galeessi barsiisa isa karaa isa bakka keenya ta'ee nuuf du'e Yesuusiitti amantiin tolaa ta'uun ti. Nuyi, Kristaanota warraa biraan wajjin, tolli keenya kan argamu nu keessatti utuu hin ta'in, amantiidhaan kan nuuf kenname tola Kiristoos keessatti argamuu isaa amanna; innis kan nuuf hin malle ture. Akka Ellen G. White barresitetti: “Kiristoos akka nuuf yaadame ta'ee, kan isaafta'u akka nuuf ta'u godhe. Kan qooda ittii hin qabne Cubbuu keenyaaf du'ee, tola isaa kan nu qooda ittii hin qabne nu qabaachiise. Jirenya isa kan saatii akka argannuuf du'a isa kan keenyaa fudhate.”— *The Desire of Ages*, p. 25. Yeroodhuma tokki-cha akka guutummaatti yommuu fudhatamu, bu'urri amantii keenyaa shaakkallii fi akkaataa jirenyaa keenya, amantii sana irraa kan maddan, Kristaanota biraan irraa adda nu taasisu. Akkas jechuun akkas yoo hin taane akka Adveentistii guyyaa 7ffaattuu maalif jiraatu? Jaalali nuyi Yesusiif qabaannu, barsiisi nu barsiifnu tokko nu taasisuuf meeshaa humna qabeessa ta'uun qaba.

## Gaaffilee maree:

1. Kitaaba “Faith and Works” jedhu, fuula. 103, Ellen G. White qajeelummaa dhiifama cubbuu wajjin wal bira qabdi. Dhiifamni cubbuu fi Kiristoosiin qajeelummaa argachuun ak-kamittiin bu’ura tokkummaa keenyaa fi waliin obbolummaan jiraachuu keenyaa wajjin akkamitti wal bira qabama?
2. Haala tokkummaa keessatti barsiis bu’uraa keenya hammam barbaachisaa akka ta’e yaadi. Mili’ona hedduu qomoo, siyaasa, amantii tokko ta’uuf maaltu walitti fida? Kun waa’ee barbaachisummaa barsiisa waldaa maal nutty dubbata? Haala eragaa fi ergamaa duwwaa keessatti utuu hin taane, tokkummaa waldaaf jechuudha?
3. Maqaadhumti keenya iyyuu “Adveentistiin Guyyaa 7ffaa” barssisa barbaachisoo lama argisiisa, sanabata guyyaa 7ffaa fi dhufaatii lammaffaa. Gam tokkoon maqaa keenyaa uumamaargisiisa, inni hafe immoo furamuu. Barsiis kun lamaan akkamitti fi karaa kamiin waliin jecha muraasaan akka saba tokkootti maalummaa keenya kaa’uu?  
Cuunfaa: Adveentistiin Guyyaa 7ffaa bu’uuraalee amantii hedduu of keessaa qaba. Kaan kaan kan warra biraa wajjin tokko kan ta’e qabna, kaan irratti immoo addaa adda, barsiisa kana akka jirutti fudhachuun waldoota biraa irra addaan kun nu baasu bu’ura tokkummaa keenya Yesus keessattii nuuf ta’a.

## Mirkaneeffannoo Amansiisaa

Sanbata Waaree Booda

Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa: Yoh.11:51, 52; Efe. 2:13-16; 2Qor.5:17-21; Efe. 4:25-5:2; Rom.14:1-6; HoE 1:14.

Heertuu Yaadannoo: “innii dubbi kana of keessaa fuudhee hin dubbanne, waggaan sanatti angafa lubootaa waan tureef, Yesus saba sanaaf du'uuf waan jiruuf raajii dubbate malee, saba sana duwwaadhaaf utuu hin ta'in ijoolee Waaqayyoo warra biyya adda addaatti bittimmaaan tokkummaatti walitti qabuudhaaf du'uuf malee.” (Yoh.11:51,52).

Torban darbe akkamitti ergaadhuma beekamaadhaan, Yesusiin akka fayyisaatti giddu galeessa godhatee dhugaa macaafaa irra dhaabateen akkamitti tokkummaan ta'uun akka danda'uufi bara dhumaatti xiyyeefatamuuf akka jirus ilaalee turre. Nuyi numaadha; sababii ergaa Waaqaayyo nuuf kenne biyya lafaaf akka tamsaafnu nuuf late sanaa. Torban kana hubatamaa kan ta'e tokkummaa waldaa irratti xiyyeefannee akka jirreenya kristiyaanaa guyyaa guyyaattiifi akka ergama waldaatti hin qoranna. Akka Yesus jedhetti, waaldaan Waaqayyo ergamma fayyinaa Waaqayyoo fi araaraa labsuu duwwaa miti; Tokkummaan waldaa mataansaa barbaachisaa kan ta'e ibsa araaraati. Biyya lafaa cubbuu fi fincilaan guute keessatti, waldaan akka mul'ataa kan ta'e dhuga ba'umsa humni Waaqaa fayyisuu danda'u taatee dhabatti. Dhuga ba'umsa gubaatti tokkummaa waldaa malee, humni fayyisuu fannoo biyya lafaatti mul'achuu hin danda'u ture. “Tokkummaan Kiristoosii wajjin tokkummaa walii keenyaa wajjinii jabeessa. Tokkummaan kun ulfinaa fi gaarummaa Waaqaaf akkasumas humni isaa cubbuu nama irra kaasuuf mirkaneeffannoo amansiisaa ta'e kennisiisa.”—Ellen G. White 19

Comments. The SDA Bible Commentary, vol. 5, p. 1148.

\*Sanbata isa Mudde 1f qophaa'uuf barumsa torban kanaa dubbi-fadhaa.

## Jalqaba Torbanii

Sad. 25

### Fannoo Kiristoos Jalatti

Akkuma eeba hafuuraa baay'ee isa Waaqayyo saba isaa ken-nuu, tokkummaan waldaas kennaadhuma Waaqayyoo ti. Tokkummaan waan namni dhama'iinsan karaa hojji gaarii fi itti saganteessee uumu miti. Akkuma nuyi amantiidhaan du'uu fi du'aa ka'uu isaa, dhiifama cubbuu keenya cuuphaan fudhannuu, tokkummaa isaatti gallee ergaa ergamoota sadanii biyya lafaaf labsinu isaa wajjinii fi walii walii keenya wajjin tokkummaa uumna.

**Yoh.11:51, 52 fi Efe. 1:7-10 dubbisaa. Akka Adveentistii Guyyaa 7ffaatti, Jireenya Yesus keessaa ta'iinsa isa kamiidha bu'uura tokkummaa nu gidduuf ta'uu?**

---

---

"Innii dubbii (Qiyaafaan) kana of keessaa fuudhee hin dubbanne, waggaa sanatti angafa lubootaa waan tureef, Yesus saba sanaaf du'uuf waan jiruuf raajii dubbate malee, saba sana duwwaadhaaf utuu hin ta'in ijoolle Waaqayyoo warra biyya adda addaatti bit-timma'an tokkummaatti walitti qabuudhaaf du'uuf malee." (Yoh 11:51, 52). Qiyaafaan du'a Yesusiin barbaaduu keessatti waan hojjechaa jiru kan hin beekne ta'ullee, Waaqayyo Qiyaafaatti fayyadamee hiikkaa du'a Yesus ibsuun waan keessummaa akka-miiti! Lubni sunis wanti Yesus jedhe hammam jabaa akka ta'e hin beeku ture. Qiyaafaan jecha Siyaasaa qofa waan dubbatu itti fakaatee ture. Yohaanis dhugaa bu'uuraa isa duuti bakka bu'umsaa Yesus saba isaa warra amanamoo, gaaf tokkoo tokkummaadhaan walitti qabaman hundumaaf ta'uu mul'ise.

Akka Adveentistoota guyyaa 7ffaatti wanti nuyi amannu, ergaan nuyi qofti lallabnu kamiyyuu, bu'uura tokkummaa keenyaa Kiristoos bakka keenya nuuf du'uu dhugaa nuyi fudhanne beekamaa sana keessa jira.

Akkasumas, caalaadhumatti, tokkummaa Kiristoos keessaa kana kara cuuphaa hirmaan. "amantiidhaan isin hundumti keessan karaa Kiristoos Yesus Ilmaan Waaqayyooti. Warri Kiristoositt dabalamuudhaaf cuuphaman Kiristoosiin akka uffataatti uffaataniiru." (Gal.3:26, 27). Cuphaan hidhaa Kan bira, waan inni mallatloo amantii Kiristoosiin keessaatti fudhatamuuf kan Adveentistiin hirmaatanii dha. Abbaa tokko waliin qabna, kanaafuu nuyi kan Waaqayyoo ijoollee dhiiraa fi dubara dha. du'uu fi Du'aa ka'uu isaatti kan cuuphamne Fayyisaa tokkicha qabna. (Rom. 6:3, 4).

**Garaa garummaa aadaa, hawwaasummaa, qomoo siyaasaa nu gidduu jiraatu iyyuu, amntiin waliinii nuyi Yesus Kiristoos keessatti qabnu maaliif hundumaa ol ta'e?**

---

---

## Wiixata

Sad.26

### Tajaajila Araarsuu

Biyyi lafaa caalaatti naamusa dhabuudhaan, dhiphinaan, lolaa fi wal-dhabdeedhaan beekama. Wantoonni kun hunduu dhuguumaan jirenya keenya, akka dhuunfaatti, akka hawwaasummaatti, akkuma biyyaattuu Yeroo tokko tokkommoo waan guutummaan jirenya keenyaa iyyuu wal'aansoo keessa jiru fakkaata. Waaqayyo guutummaa addunyaa kana gara tokkummaatti fiduuf hojiirra jira. Cubbuun gargar ba'umsa yommuu uume, karorri Waaqayyoo inni bara baraa kan inni araaraaf qabu nagaa fi guutummaa fida.

Efe 2:13-16 keessatti, Phaawulos qajeelfama isa akkamitti Kiristoos nagaa amantoota gidduutti fiduuf hojjete argisiisa: Yesus

du'a fannoo isaatiin Yihuudotaa fi ormoota saba tokko godhee gufuu qomoo fi amantii isa gargar isaan baasu balleesseera. Kiristoos jaarraa duraa keessatti kana Yihudotaa fi ormoota gid-duutti gochuu danda'eera erga ta'ee, ammas gufuu sanyii, qomoo, aadaa ofi keenyan waldumma keessattu saba gargar baasu maaf dhabamsiisuu, hin danda'u?

Ka'umsa kana irraa, guutummaa addunyaa waliin ga'uu dandeenyaa.

**Qor.5:17-21 keessatti, nuyi uumama haaraa kan Waaqatti araaramne akka taane Phaa'ulos in dubbata. Maaliidharee lafa kana irratti tajaajilli keenya? Hawwaasa keessa jirru keessatti akka waldaa tokkummoofteetti garaa garummaa maalii uumuu dandeenyaa?**

---

---

Akka uumama haaraa warra kan Waaqayyootti, amantoonni tajaajila murteessaa fudhataniiru- inni tajaajila araarsuu dacha sadii ti.(1) waldaan keenya namoota warra takka Waaqayyo irraa kaatanii, garuu karaa aarsaa ayyaana Waaqaa isa fayyisuu deebi'anii gargaarsa hafuura qulqulluun Waaqaa wajjin tokkummaa qabaataniin kan guutteedha. Ergaa bara dhuma biyya lafaaf labsuuf kan waamamne Nuyi waldaa haftuudha. Kanaafuu tajaajilli keenya amma iyyuu Waaqayyo irraa kaatanii warra jiran, deebi'anii Waaqatti araaramuudhaan ergama keenyatti akka dabalamani tajaajilaniif afeeruu dha.(2) waldaan Waaqaa ammas saba waaqaa warra walii isaaniitti araaramaniin kan guutteedha. Tokko ta'uu jechuun walii keenyaa wajjinis tokkummaa qabaa-chuu jechuudha. Kun calluma jedhee yaaduma dhi'aatu utuu hin taane dhugaa qabatamaa ta'uu barbaachisa.walitti araaramuun nagaa fi walii galteen obbolootaa fi oboleettota gidduu jiraacuu jechuu yommuu ta'u kun taanaan biyya lafaatiif Yesus Kiristoos fayyisaa fi furii keenya ta'uu dogoggora tokko kan hin qabne

dhuga-ba'umsa ta'a. " Jaalala yoo waliif qabaattan, kanaan namoonni hundinuu akka isin bartoota koo taatan in beeku' jedhe." (Yoh13:35). (3) tajaajila araarsuu kanaan, karoorri fayyinaa Waaqayyoo dhugaadhaa fi humna qabeeessa ta'u waldaan addunyaa kanatti hin dubbatti. Wal'aansoo guddichi waa'ee Waaqaa fi amala isaa ti. Hamma waldaan tokkummaa fi araara qabaat-teetti,biyyi lafaa ogummaan waqaqayyo inni barabaraa akka hojjetu in arga.(Efe. 3:8-11).

## Kibxata

Sad.27

### Tokkummaa Qabatamaa

1902 keessa, Ellen G. White akkasitti Barreessite: " wanti jireeny Kiristoos lafa kana irratti keessa ture, waan Kristiyaanni hundinuu jiraachuu qabuu dha. Inni fakkenya keenya, mudaa kan hin qabne qulqullummaa isaa qofaan utuu hin ta'in garraamummaa fi amala gaarii argisiisenis malee."—Ellen G. White. Signs of the Times, July 16, 1902. Jechoonni kun jechoota waamicha Phaa'ulos isa Filphisi'us keessaa fudhatamee dha: "Garaa Kiristoos Yesus qaba ture qabaadhaa" (Fil. 11 2:5).

Efe.4:25-5:2 fi Qol 3:1-17 dubbisaatii achii boodas gaafilee kana lamaan deebisaa:gama jireny kee isa kamiidha addumaan Yesusiif amanamummaa keenya argisiisuuf kan afeeramne? Jireny keenya bakkeetiin wangeela Yesusiif dhuga-baatota akkamitti taana?

---

Fakkenya yesus faana akka buunu fi warra kaaniif dhuga-baato jiraatoo akka taanu kan nu afeeran heertuu kitaabaa hedduutu jira. Nagaa warra biraa akka barbaadnuufis afeeramneerra.(Mat. 7:12); ba'aa walii keenyaa akka baannuufis (Gal. 6:2); jireny salphisee ilaaluun jireny bakkeen mulatu utuu hin ta'in gara caalaatti jireny hafuuraa isa keessaa irratti akka xiyyeffatamuuf (Mat. 16:24-26; 1Phe. 3:3,4); akkaataa jirenyaa fayyaa nama ta-

asisu faana bu'uu(1Qor.10:31).

“michootta ko! Isin warra ormummaatti jiraattan warra biyyaa baafamtanis nan gorsa, fedha foonii isa lubbuu keessan lolu irraa fagaadhaa! Akka isin warra saba Waaqayyoo hin ta'in keessa itti jiraattan gaarii ha ta'u! akka waan isin hamaa hujettaniitti warri Maqaa keessan balleessan kun hojji keessan isa gaarii arganii, guyyaa itti Waaqayyo namoota isaa ilaaluu dhufutti, isaaaf ulfina haa kennan!”(1Phe.2:11, 12). Dhiibbaa aamalli Kristiyaanaa warra nu hordofan irratti uumu yeroo baay'ee akkam tuffannee bira darbina! obsi nuyi yeroo aarii qabaannu, muddamaa fi rak-koo keessatti tas-gabbiin nuyi argisiifnu, hafuurri garraamum-maa nuyi jecha gadhee keessatti qabaannu kun hundumtuu mal-lattoo hafuura Yesus isa nuyi fakkaanuti. Akka Adveentistoonni Guyyaa 7ffaa waliin biyya lafaa amala Waaqaa gar malee hubate keessatti dhugaa baanu, gaarummaa fi ulfina Waaqaaf humna taana. Akka bakka buutota Kiristoositti, amantoonni gaarum-maa amalaa qofaan utuu hin ta'in nageenya warra kaaniifuu fed-hii qabatamaa argisiisuu qabu. Shaakalli amantii kee dhugaa yoo ta'e, ofii isaa mul'iseetu warra kaan irratti dhiibbaa uuma. Tok-kummaa kan qabu qaamni amantootaa amala Kiristoosiin kan argisiisu, dhugaadhumatti dhuga ba'umsa jabaa kenna.

Warra biraatti dhuga-ba'umsa akkamii dhi'eessita? Jirenyaa kee keessaa warra kaan akka isaan Yesus fana bu'uu barbaadan kan godhu maaltu jira?

## Roobi

Sad. 28

### Garaa Garummaa Keessatti Tokkummaa

Rom.14 fi 15 keessatti, Phaawulos waan waldaa Roomaa gargar qoodaa ture balli'see ibsa. Dhimma kana akki inni itti ilaala jiru, waldaan Roomaa obsaa fi wal danda'uu warra kaaniif qabaachuu malee dhimma kana irratti waldaan gargar hiramuu akka hin qabne dubbachuudhaan. Gorsa isaa irraa maal barachuu dan-deenya?

**Rom.14:1-6 dubbisaa. Dhimmaa yaadaa akkamiiti waldaan Roomaa akka isaan waliin hin jraanne taasise?**

---

---

Akka carraa gaarii ta'ee dhimmi kun kan ilaallatu qulqullina dhabuu sirna Yihuudotaa ture. Akka Phaawulos jedhutti kun "yaada inni fudhateen morkachuudhaaf"(Rom. 14:1),kunis kan argisiisu dhimma fayyinaa kan hin ta'in dhiifamuun kana danda'amu dhimma murtii yaada dhuunfaaf dhiifamuu danda'uu ture (Rom. 14:5). Falmiin kun jalqaba gosa soorata nyaatamuu irratti ture. Waa'een horii Lewwota 11 keessatti dhorkaman nyaachuun asitti waan Phaawulos dubbachuutti jiru hin turre. Bara Phaawulos keessa kan turan Kristaanoni foon Booy'ee yookiin horii xuraa'oo nyaatan kan jedhu ragaan hin jiru.Phexrosis waan xuraa'aa akkasii akka hin nyaatin immoo beekna (HoE 10:14). Akkasuma immoo,inni dadhabaan nyaata Biqiltuu kan nyaatu ta'uus ni beekna,(Namni waa gargar baase hubate, waan hundumaa nyaachuu akka danda'u in amana; inni gargar baasee hunchachuu dadhabe garuu, nyaata biqiltuu garaa garaa in nyaata.) / that the weak ate only vegetables/ (Rom. 14:2) akkasuma immoo rakkoon dhugaatii tures (Rom. 14: 17, 21) xuraa'ummaa sirna ayyaanaa irratti hundaæ ta'uu kan argisiisu ture. Kanaaf caalaatti wanti ragaan tahu jecha Griikii (koinos)isa xura'ummaa argisiisu Rom 14:14 keessatti fayyadamuu isaa ti. Jechi sun immoo kakuu moofaa hiikkaa Griikki durii keessatti horii qulqullina hin qabne/impure/ ibsuuf dhimma ba'ame malee isa Lew.11 keessatti xuraa'aa/unclean/f waan dhimma hin ba'aminifiifdha.. Namaanoni tokko tokko hawwaasa warra Roomaa keessaa, warruma Lewwoota keessatti qulqulluudha jedhaman horii akka ta'utti qulqullinaan hin qophaa'uu yookiin immoo waaqa dharaaf kan qalameedha jedhanii waan yaadaniif, nyaata isa amantoonni tokkummaan nyaatan kan hin nyaanne waan jiraniif kan dub-

bate fakkaata. Akkuma kana guyyoonni kabajaman yookiin qul-qullinatti eegamanis akkuma kana ta'uu danda'u.

Phaawulos gaafa hundumaa sanbata in eega waan tureef, Kun isa Torban torbaniin eegamu guyyaa sanbataa kan ilaallatu hin turre(HoE 13:14, 16:13, 17:2). Tarii kun guyyoota ayyaanaa warra Yihuudota yookiin guyyaa laguu/soomaa/ ta'uu ni mala.yaadni Phaawulos heertuu kana keessaa namoota warra yaada gaarii qabaniif of eeggatoo ta'aniin warra sanaaf hamma isaan kanatu nu fayyisa jedhanii hin fudhatinitti obsa qabaadhaa jedhee jajja-beessuuf. Tokkummaan Kristaana gidduutti, yoodhumalle yeroo hundumaa waan hundumaa irratti waliif hin gallu ta'e iyyuu, keessumaammoo yeroo dhimmi isaa amantii keessatti baay'ee murteessaa hin taane, obsaan wal danda'uudhaan hubatama.

Kutaa barumsa sanbataa keessatti, gaaffii kana gaafadhu: akka Adveentistii Guyyaa torbafkaatti, wanta nuyi amannuu fi shaakallu keessaa namni ani Adveentistiidha jedhu hunduu amanee itti jiraachuu kan qabu jiraa?

## Kamisa

Sad.29

### Tokkummaa Ergama Keessaa

Miira bartoota isaan shaakala yeroo Irbaata Gooftaa Luq 22:24 keessatti qabaatanii fi Phenxeqoste guyyaa muraasa dura qabaatan HoE 1:14 and 2:1,46 walbira qabaa. Jirenya isaanii keessatti wanti geddarama akkasii fide maaliidha?

---

---

HoE 1:14 fi 2:46, gaaleen/jechoon “yaada tokkoon” jedhan kan ibsu, “sammuu tokkoon itti fufuu isaanii” argisiisa.kun argamuun bu'aa bakka tokko raawwatamuu abdii Kiristoos isaaniif kennee, dhufa hafuura isa jabeessuu eeggachaa, wallin turuu isaanii ti.Eeggachaa yommuu jiran,wal ceepha'uu danda'u turan. Kaan kaan isanii gooftaa isa ganee ture Pheexrositti quba qabuu dan-

da'u turan. (Yoh.18:15-18,25-27) akkasumas isa Toomas du'aakafamuu gooftaasaa shakkeef quba itti qabuu danda'u turan (Yoh 20:25). Isa Yohaannis fi Yaaqoob Mootummaa Yesus keessatti taayita isa hunduma caalaatti humna qabeessa fudhachuuf gaafachiisan kaasanii ittiin ceepha'uud danda'u turan. (Mar 10:35-41). Yookiin immoo Maatiwos duraan hojii gad deebi'a qaraxa funaantuu ta'uun isaa kaasanii(Matt. 1 9:9).

Garuu, "yeroon qophaa'ummaa sun yeroo isaan baay'isanii garaa isaanii qoraa turaniidha. Bartoonni fedhii isaanii hafuuratu itti dhaga'aame; hojii lubbuu fayyisuuf waan gaheessa isaanii taasisu dibata hafuuraaf boo'an. Wangeelli gara biyya lafaa hundumaa gahuu akka qabu itti dhag'ameetu humna isa Kiristoos abdachisee ture sana gaafatan."—Ellen G. White, The Acts of the Apostles, p. 37.

Tokkummaan ergamoonni qabaatanii fi jabinni kadhata isaanii, shaakala murteessaa phenxeqostee sanaaf isaanii qopheesse. Akkuuma gara waaqayyootti dhi'aachaa adeemaniin, akkuma garaagarummaa dhuunfaa isaanii lafa kaa'aa adeemaniin, bartoonni hafuura qulqulluudhaa soda kan hin qabne, ija jabeeyyii kan ta'an dhuga- baatota du'aa ka'uun Jesus ta'uun danda'an. Jesus hanqina isaanii hundumaa akka isaanif dhiise beekaniiru; Kun immoo akka isaan fuula duratti deemaniif isaanii jabeesse. jirenya isaanii keessatti waan Jesus isaanif godhe beeku.abdiif fayyinnaa isa keessatti argamus beeku kanafuu, "kaayyoon amantootaa amala Kiristoosiin kan fakkaatu jirenya mullisudhaa fi mootummaa isaa kana baballisuudhaa ture."—Page 48. Shakkii kan hin qabne Waaqayyo isaanuma keessan hojii guddaa hojjeteera. Kun waldaa bara ammaatiif barumsa akkamii nuuf qabaata!

**Yeroo baay'ee jirenya nama bira keessatti wantoota dogoggoraan arguun salphaadha. dogoggora namootaa dhiifnee waldaa walii gale keessatti isa guddaa hojii Waaqayyo hojjechuu barachuu dandenya?**

**Yaada Dabalataa:** Ellen G. White, “Unity in Diversity,” pp. 98-103, Hojii wangeelaa keessatti, warraabbiin itti aanu kun Kiristoosi-in keessatti kan tokko taate waldaa bara jalqabaa akkamitti tok-kummaa akka qabaatan fi jabaatanii biyya lafaaf dhuga baatota akka taatan gochuuf gargaareera.

“Waldaa keessatti, waldaa duraa keessatti adeemsa tarkaanfi fudhachuu keessatti akkamitti hafuurri qulqulluun akka gargaaru heertuun macaafaa in dubbata. Kunis sadii kan ta'an karaa baay'ee walitti siqu keessaan ta'e: Mul'ata (Fakeenyaaaf, hafuurri waan namoonni hojjetan itti dubbata; Qornelewos, Anaaniyas, Filiiphos; hixaa buusuu keessattis gargaareera), caaffati qulqulluun(waldaan goolabbii ittiin caaffata qulqulluu fayyadamuun malirra gahe.), waliif galtee(hafuurri hawwaasa gidduutti hojjete, haala hin beekaminiin, isa isaan booda macaafni isanuma gidduutuu hojiirra akka jiru hubatan sana, haasaadhuma walii isaanii irraa akka walii galteetti dhufan taasise. Haawwasa amantootaa sana gidduutti, wal dhabdeen ilaalchaa, aadaa, hiikko macaafaa yommuu dhalate, haafuurri qulqulluun wal hubatanii akka tok-kummaatti dhufan gochaa ture. Adeemsa qorachuu rakkoo kana keessatti, cimaa kan ta'e sochii hawwaasa fi barbaachisummaa kadhata amantootaa sana argina malee kanuma geggeessitootaa miti. Geggeessaan hafuura qulqulluu karaa hubanna dubbii waaqayyoo hawwaasi amantootaa sun qabuun, shaakala haawwasa sanaa fi barbaachisummaa isaa akkasumas karaa shaakala geggeesitoota tajaajilaniiti. Murtoo waldaa heddutu karaa kan dubbii macaafaa, kadhaataa fi shaakala macaafa qulqulluu, taa-sifamaniiru.”— Denis Fortin, “The Holy Spirit and the Church,” in Ángel Manuel Rodríguez, ed., Message, Mission, and Unity of the Church, pp. 321, 322.

Barumsa Sanbataa Ga'essota  
Gaaffilee maree:

- 1.Kutaa barumsa Sanbataa keessatti, gaaffii gaafa goolabbii isa waa'ee, akka Adveentistiiti barsiisaa fi shaakala kamtu barbaachisaa dha yookiin miti jennee murteessuu gaafatu sana irra deebi.
- 2.Waldoota Kristiyaanaa du'aa fi du'aa kaafamuu Kiristoositti amanan wajjin waldaa Adveentistii akkaimtti wal bira qabda?

**Cuunfaa:** Baay'ee amnsiisaa kan ta'e mirkanoeffannoon tokkummaa, akka Kiristoos nu jaallatetti obboloonni wal jaalla-chuu dha. Dhiifamni cubbuu fi fayyinni nu waliin hirmaannu akka Adveentistiitti hidhaa tokkummaa keenyaati. Kiristoosiin keessatti biyya lafaatti tokkummaa kana argisiisuudhaan amantii keenya dhugaa ba'uu ni dandeenya. Kanaa gaditti gochuufis hin waamamne.

## Tokkummaa fi Hariiroo Addaan Cite

Sanbata Waaree Booda

Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa: 2 Xim. 4:11, Fil. 1-25, 2Qor. 10:12-15, Rom. 5:8-11, Efe.4:26, Mat.18:15-14 17.

Heertuu Yaadannoo: “Nuyi ammalleediinota utuma jirruu, dua ilma isaatiin Waaqayyotti erga araaramnee, ammam-moo nuyi warri isatti araaramne, jirenya isaatiin hammam caalaatti ooluuf jirra?” (Rom. 5:10)

**A**kkuma ilaalle, Phenxeqoste booda iyyuu hariroon amantoota gidduu ture al tokko yaaddessa ta'ee argameera. Galmeen kakuu haaraa akkamittiingeggeessi-toonni waldaa fi amantoonni dhimma ulfaataa kana akka itti furan akka fakkeenyga gaariitti irra deddeebi'ee galmeesseera. Qajeelfamoonni akkasii waldaa har'aatiifuu baay'ee barbaachisoo dha. qajeelfama kitaaba qulqulluu qabannee yoo itti adeemne wal dhabdee hiiknee tokkummaa keenya Kiristoos keessatti yoo jabeessine bu'aa gaarii argamuu dandaan argisiisu.

Barumsa torban kanaa keessatti immoo hariiroo fayyifame irratti xiyyeffachuudhaan, hariroon namummaa keenya hammam tokkummaa keenya irratti dhiibbaa akka qabu qo'anna. Tajaajilli hafuura qulqulluu namoota gara Waaqayyoottifi walii walii isaaniitti butuu of keessaa qaba. Danqaa Waaqaa fi nama gidduu jiru fi namootaa fi namoota gidduu jiru cabsuu of keessaa qaba. Gabaabaadhumatti, inni guddaan agarsiisi humna wangeelaa waan waldaan jettu qofa utuu hin taane waan waldaan jiraattu irraatii dha.

“Jaalala yoo waliif qabaattan kanaan namoonni hundinuu akka isin bartoota koo taatan in beeku’jedhe” (Yoh. 13:35). Jaalala kana malee waa’ee tokkummaa waldaaf haasaan keenya hunduu homaatti kan hin galle ta'a.

\*Sanbata isa Mud. 8f qophaa'uuf barumsa torban kanaa dubbi-fadhaa.

## Jalqaba Torbanii

Mud 2

### Hariiroo Bakkatti Deebi'

Phaawulosii fi Baarnaabaas Yesusiif dhugaa- ba'uu keessatti wali-in hoijjetan. Nama sodaatamaa kan akka Yohannis Maarqosii amanuu fi dhiisuu irratti waliif hin galan turan.(HoE 15:36–39). Ta'uu kan danda'u balaan lallaba wangeelaa Yohannis Marqosiin yeroo tokko Phaawulosii fi Baarnaabasiin dhiisee akkanni gara biyyaatti deebi'u godhe(HoE 13:13).

“Dhiisuun isaa kun Phaawulos Maarqosiin hin jaallanne/ amantaa irraa dhabu/ taasise. Baarnaabaas garuu, gama biraatiin, bilchina dhabuu isaa dhiisuuf yaade. Isa keessatti dandeettii kan dhimma baasu hojjetaa Waaqaa waan argeef Maarqos kun tajaa-jila isaa addaan kutuu hin qabu jedhee yaade” *Ellen G. White, The Acts of the Apostles, p. 170.*

Waaqayyo namoota kana hundumaatti fayyadamu iyyuu rak-koon isaaniin gidduu ture furamuun in ta'aaf ture. Lallabaan ayyaana irratti lallabu, lallabaa mucaa isa gaddisiiseef ayya-na kennuu qaba.Ergamaan dhiifama lallabus dhiifa kennuutu irra ture. Yohannis Maarqos kun gorsa Baarnaabas jalatti gud-date(HoE 15:39), suuta suuta garaan Phaawulos geddarama ta'een xuqame.

**Ergaan Phaawulos Ximotewosi fi Qolosaayisitti barreesse hariiroo Yohannis Maarqosii wajjinii jijiiramee fi lallabaa mucaa ta'e kana irratti amantaa akka qabaate akamittiin mul'ise?**

Qol.4:10, 11; 2Xim. 5 4:11. \_\_\_\_\_

Gadi fageenyi araara Phaawulosii fi Yohannis Maarqos kun kan hin beekamne ta'ullee, barreeffamni macaafaa hubatamaadha. Yohaannis Maarqos kun ergamoota Phaawulosiif amanamoo keessaa tokko ture. Phaawulos Maarqosiin akka "inni anaaf ergamuudhaan waa'ee in baasa" gara xumura jirenya Phaawulos keessa, Phawulos akka Ximotewos gara biyya Roomaa Maarqosiin of faana fuudhee dhaquuf jabeessee abboome, sababiin isaas "hojjetaa waa'ee baasu" (2Tim.4:11) waan ta'eef. Tajaajilli Phaawulos lallabaa dargaggeessa inni ofii isaatii mul'natti dhiifama godheefin kan tumsame ture. Danqaan isan gidduu ture in cabe, hojii wangeelaa walii wajjin hojjechuu itti fufan. Rakkoon isaan gidduu kamiin ta'u illee, ilaalchi/shakkiin jirenya isaa duraa irraa ka'ee shakkes sirrii fakkaatullee, hundi isaayyu duubatti hanbifameera.

**Warra nu miidhan yookiin abdii nu kutachiisaniif dhiisuu akka-mittiin baruu dandeenya? Achumaanis, ararri maaliiftu guutummaatti walitti dhufeenya duraatti deebisuu hin danda'u? maaliif immoo yeroo hundumaayyu bakka dura turetti deebifamuun barbaachise?**

Wiixata

Mud. 3

### Garbummaa Irraa Gara Ilmummaatti

Roomitti hidhamee yommuu ture, garbicha baqataa gooftaa isaa duraa bade, biyya Qolosi gara Roomaa kan dhufee ture Onesimos jedhamu tokko arge. Phaawulos gooftaa Onesimos beeka ture. Ergaan gara Filimonitti barreeffame garbicha badee argame kanaa wajjin hariiroo isaanii duraatti deebisuu ergaa Phaawulos Filimooniif barreesssee dha. Hariiroon Phaawulosiin isa dhiba. Hariiroo cabaan guddinaa fi tokkummaa waldaaf baay'ee balaa hamaa ta'uu Phaawulos ni beeka ture. Filimon immo waldaa Qolasaayisitti maanguddoo waldaa ti.

Kun dhuga-ba'umsa Kristiyaanummaa isaa fi kan hawwaasa amantii sanaa gurraachessuu danda'a.

**Filimon 1–25 dubbisaa. Asitti qajeelfama hariiroo haareffame ak-kamii argina? Qajjelfami asitti jecha ijoo ta'uun yaadadhu.**

---

---

Akkuma argeen badiisa hojjetaa bade sanaa jabeesee dubba-chuu dhiisuun Phaawulos waan nama dinqisiisuudha. Toofaan dhi'aannaa Phaawulos caallatti kan dhimma baasee dha. Wan-geelli hubatamaadhumiatti garaa garummaa hundumaa in cabsa. (Gal. 3:28; Qol. 3:10,11). Ergamichi Onesimosiin akka garbi-chaatti utuu hin taane akka Yesus keessatti akka Ilmaatiifi Jaallat-amaa Michuu Filimonitti deebisee Filimonitti erge. Fil lakk. 16). Garbichi bade fuula durattu jirenya addaan cite akka qabu Phaawulos beekeera. Yoomiyuu qabamuu danda'u. jirenya ulfaataa fi hiyyummaatu isa eeggata. Amma garuu, akka obboleessa Kiristoos keessaatti, hojjetaa jaalala isaan hojjetuutti, Onesimos fuulduree gaarii qabaachuu danda'eera. Nyaati isaa, iddoon bultii isaa, hojin isaa Filimon biraan kan eeggatamu ta'eeef. Waliti-dhufeenyi cabe fayyuun jirenya isaa keessatti geddarama dinqisiisaa fiduu ni danda'a. "Onesimos obboleessa amanamaa fi jaallatamaa" ta'e wangeela lallabuu keessatti Phaawulosii wajjin bahe(Qol. 4:9). Phaawulos kan waan jedhe irraa hin deebine, hinaaffaa amantoota Yesus wal dhaban kana lamaan gidduutti araara buusuudhaaf jecha, adeemsa araaraa keessatti gatii/adab-bii/ inni kaffalchiisulle boorsaa ofii isaa keessaa baasee kennuuf qophii ture.

**Qajeelfama wangeela irraa yommuu fudhannu, akka asitti ilaalletti, si gargaaruu kan danda'u, dhiphina akkamii qabaattu illee, caballee yoo ta'e warra kaanii wajjin akkamitti hariiroo qabaachuu dandeessa? Qajeelfamni akkasii waldaan akka gargar hin cabneef akkamittiin gargaara?**

## Kennaalee Hafuuraa Tokkummaaf

Barumsa darbe keessatti akkuma ilaalle, waldaan Qorontos rakkoo guddaa qabdi turte. 1Qor. 3:5 –11,12:1–11, fi 2Qor 10:12–15 qajeelfama akkamii kaae?

---



---

Kutaa kana keessatti, ergamichi qajeelfama barbaachisoo naqeera. Hundumti isaanii mootummaa Waaqaaf kan walii wajjin hojjetan, Yesus hojjetoota garaa garaa dhimma baee tajaajila garaagaraa waldaa isaa keessatti akka raawwatu in dubbata(1Qor.3:9). Waaqayyo akka gamtaan hojjennu barbaada malee akka dhuunfaan dorgomnu miti. Amanaan hundinuu dhagna Kiristoosi keessatti hojicha keessatti hirmaachuu fi hawwasicha tajaajiluuf kan isa fayyadu Waaqayyo bira a kennaan fudhateera.(1Qor. 12:11). Kennaan guddaadha yookiin kan biraarra xinnaadha jedhamu hin jiru. Hundi isaanii iyyuu waldaa Waaqayyo keessatti in barbaadamu(1Qor. 12:18–23). Kennaan Waaqayyo nuuf laatu ofittummaa keenya kan ittiin beeksifnu miti, hafuura qulqulluudhaan wangeela baballisuuf,tajaajilaaf laatamu.

Warra kaaniin of madaaluun hundi waan ogummaa miti, sababin Isaas yookiin abdii nu kutachiisu yookiin immoo ol-aantummaa nutti dhageessisu waan ta'eef. Warri kaan baayee fagaatanii nu caalu jennee yoo yaadne, isaanitti of ilaalleetu ani abdii hin qabu jennee salphaatti fudhachuun tajaajila keessa jiru hundumaattu abdii kutanna. Gama kaaniin immoo, dhamaa'iinsi keenya kan warri kan Kiristoosiif hojjetan irra hin caala yoo jennes koormaan nutti dhagaameetu, miira isa dhuma Kristiyaanni hunduu hin jaallanne narratti fida. Ilaalchi lamaanuu Kiristossii fi tokkummaa nuyi amanatootaaf qabnuuf waaee baasummaa keenya okkolchiisa. Akka hojii naannoo nuyi irraati hojjechuuf

Kiristoos nuuf kenne hojjennutti, gammachuu fi hojii keenyatti quufuu Kiristoosiif dhuga-ba'umsa keenya keessatti nuuf laata. Hojiin kan keenya kan warra kaanii guutuu akka ta'uuf waan itti guutu qaba. Akkasittiin Waldaan Waaqaa mootummaa sanaaf tarkaanfi guguddaa fuula duratti fuuti.

Kennaan isaa tajaajila isaa keessatti kan si hinaafsise yaaduu daneessaa? (waan ulfaataa miti, ulfaataadhaaree?) achumaan immoo, kan warra biraa biratti ilaaltee kennaan kee kan koormaa sitti dhageessise yeroon jiraa? Qabxiin as jiru wanti Phaawu-losiin yaaddesse waanuma ammayyuu kan kufan ilmaan namootaarra jiruu dha. Garamitti kufnuyyuu kana lamaan keessaa, tokkummaa keenya Kiristoos keessaa eggachuuf jecha, ilaalcha ofittummaa hin qabne qabaachuu akkamittiin dandeenya?

## Roobi

## Mud. 5

### Dhiifama

Dhiifamni maal inni? Dhiifama gochuun amalli nama nu miidhee sirriidha jechuu fidaa? Dhiifama gochuun koo immoo yaada garaa jijiirrachuu namicha namiidhee irratti kan hundaa'uud-haa? Namni ana miidhe dhiifamni kan isaaf hin malle yoo ta'e hoo?

**Heertuun kun akkamitti uumama dhiifama macaafa qulqulluu nutti himuu? Rom. 5:8–11; Luq 23:31–34; 2Qor. 5:20, 21; Efe. 4:26.**

---

---

Kiristoos ofi isaatti nu araarsuuf tarkaanfi duraa fudhate. "gaarummaan waaqayyoo gara geddaranna yaada garaatti akka si geessu hin hubattuuree?"(Rom. 2:4). Cubbamoota taanee utuu jirruu Kiristoosiin keessan Waaqatti araaramne. Yaada garaa jijiirrachuu cubbuu himachuu miti kan araara fidu. Duuti Kiristoos fannoo irra,fannootu godhe; gaheen keenya waan nuuf ta'e fudhachuu dha.

Dhugaadhumaatti eeba dhiifama irraa argamu hamma cubbuu keenya himannutti hin argannu. Akkas jechuun cubbuu keenya himachuutu garaa Waaqaa keessatti dhiifama uuma jechuu miti. Dhiifamni yeroo hundumaa iyyuu garaa isaa keessa jira. Cubbuu himachuun, akka fudhannu numaan taasisa malee(1 Yoh 1:9). Cubbuu himachuun caalaatti barbaachisaadha, ilaalcha Waaqayyo nuuf qabu jijiirsisa utuu hin taane, ilaalcha nuyi isaaf qabnu nu jijiirsisa malee. Yommuu nuyi cubbuu keenya himaachuu fi gaabbuuf humna isa nama amnsiisu hafuura qulqulluutti of kenninu jijiiramneera jechuudha.

Dhiifamnis fayyummamaa hafuuraa keenyaaf baay'ee barbaachisaadha. Nama nu miidheef, yoo isaan hin gaafatan ta'e iyyuu, dhiifama gochuu dadhabuun, kan isaan miidhu irra nu miidhuu danda'a. namni dhuunfaan yoo isin miidhe dhukkubbiin isaa sababii ati dhiisuu dadhabdeef yoo si keessa ture hadhaa'ummaatti deebi'ee, caalaatti akka si miidhan gochaa jirta. Hammam kan miirri akkasii fi miidhaan isaa waldaa keessa taa'ee sababii wal dhabdee fi gargar ba'umsaa ta'a? miidhaan miseensa waldaa gidduutti ta'ee hin hiikamin hafe tokkummaa waldaa qaama Kiristoos miidhuu danda'a.

Dhiifamni namoota sana dheekkamsa keenya irraa hiikuu jechuudha; sababiin isaas Kiristoos dheekkamsa isaa irraa nu hiikeera hoo. Akka namni sun itti nu ilaalu sirrdha jechuus miti. Nama nu miidhetti araaramuu dandeenya, sababiin isaas Kiristoos numayyuu utuu hamaa isa irratti hojennee jirruu nutti araarame hoo. Dhiifama waan nuuf godhameef nus dhiifama gochuu dandeenya. Jaallachuus dandeenya waan jaallatamneef. Dhiifamni filannoo dha ilaalchi fi filannoon nama nu miidhee kamiin ta'ullee nu dhiisuuf filachuu dandeenya. Inni dhugaan hafuurri Yesus akkas nama godha.

**Dhiifamni nuyi Kiristoos biraa qabnu dhiifama gochuu keessatti akkmittiin nu gargaara? Dhuufamni hammuma kanatti maaliiftu gama jirenya Kritiyaanaa keessatti barbaachisaa ta'ee argame?**

## Bakkatti-Deebifamuuf Tokkichummaa

Mat.18:15–17dubbisaa.miseensi waldaa tokko yoo nu miidhe akka furruuf tarkaanfii sadrkaa sadii qabu akkamii nutti hime? Haala keenya ammaa keessatti kun akkamitti nu fayyada?

---



---

Gorsa Maatewos 18 kana Kiristoos kan kennuu jaallateef, waldhabdee waldaa keessaa fi garee xixiqqoo dhabamsiisuuf ture. Yaadni isaa namni lama namootumti sun lamaan rakkoo isaanii ofin akka furaniif. Kanaaf jedhe Yesus, “obboleessi kee yoo si yakke, sumaa fi isa gidduutti dhaqii itti dubbadhu.” (Mat.18:15, 19). Akkuma lakkobi namoota rakkoo sanatti hirmaatan baayyachaa adeeman,wal falmiin baay'eenis dabalaan waan adeemuuf, hammuma sana immoo miseensota warra kaan faalaa adeema. Namoonni garee hin qabatu, sararri lolaa in baafama. Garuu yoo Kristiyaanonne rakkoo isaanii dhuunfaatti furan, hafuurri jaalala Kristiyaanaa fi wal hubachuun yoo jiraate, haala araaraatu uumama. Naannoon isaa yommuu isaan rakkoo isaa hiikkachuuf yommuu gaaraagarummaa isaaniif hojjetan hafuura qulqulluun hojjechuuf mijataa ta'a.

Yeroo tokko tokko wal dhabdee furuu keessatti dhimmi dhuunfaa hin hojjetu. Haala kana keessatti nama tokko yookkiin lama of biratti akka qabaannu Yesus nu afeera. Araara keessatti sadarkaan inni lammaffaan kun isa tokkoffaatti aaneet ta'uun qaba/irra hin ce'amu/. Kaayyoon isaas namoota walitti fiduu malee gargar fageessuu akka hin taaneef. Tokko yookkin lama warri warra wal dhabetti dabalamen kun, qabxii isaa/ishee jabeessuuuf utuu hin taane, yookkiin itti dabalanii isaan keessaa tokko irratti komee biraan kaasuuf miti. Jaalala Kristiyanaatiin dhufaniitu akka gor-situutti gara laafinaa fi shiirkaa kadhataatti warra wal dhaban la-

maan walitti butuuf dhimmaa isaanii keessatti hirmaatu. Yeroon tokko tokko jira yeroon yaaliin hundinuu hojjechuu didu. Haala akkasii keessatti, Yesus dhimmicha gara waldaatti akka fidnu nu afeera. Sagantaa ganama sanbataa dhimma dhuunfaan akka qab-nu jechaa hin jiru.

Dhimmaa kana itti fiduudhaaf iddoon sirriin, sadarkaan lamaan duraan yoo dadhabame jaarsolii waldaati/koree geggeesitoota waldaatti. Ammas karorri Waaqayyo araaraafi. Gama tokko komannee gama biraa galateeffachuuf miti. “dheekkamsi gara jibbaatti akka guddatu hin godhinaa. Madaan bal’atee jecha summaa’aa gurra warra isa dhaga’anii kan dhukkubsu hin godhinaa. Yaadni haadhaa’aan sammuu keessanis kan abbichaas akka qabu hin taasisinaa. Gara obboleessa keessanii dhaaqaati gadi of qabuudhaan jaalalaan waa’ee dhimmichaa wajjiniin dubbadhaa.

## Jimaata

## Mud. 7

**Yaada Dabalataa:** “Forgiveness,” pp. 825, 826, in The Ellen G. White Encyclopedia.

“hojjotoonni jirenya lubbuu isaanii keessa Kiristoos yoo bule, ofittummaan hundinuu yoo du’e, jibbi yoo dhibe, caalmaadhaaf wallaansoon hin jiru yoo ta’e, tokkummaan yoo jiraate, yoo isaan of quleessan, yommuus jaalala waliif qabaachuu argamee namatti dhaga’amee, roobni ayyana hafuura qulquluu akkuma abdiin Waaqayyo kenu tokkollee hin raawwatin hin hafne ir-ratti in bu’a.”—Ellen G. White, Selected Messages, book 1, 13 p. 175. “Isa guddaa guyyaa gooftaatti akka kooluufi hirkoo keenya guddaatti kan Isa bira dhaabannu yoo ta’e, hinaaffaa hundumaa of keessaa baafnee, wallansoo ol aantummaa hundumaa dhiif-na. Hidda waan xuraa’aa hundumaa akka lammata hin latnetti buqqisuu qabna. Qulquleessinee gama Waqaatiin dhaabachuu qabna.”—Ellen G. White, Last Day Events, p. 190.

Barumsa Sanbataa Ga'essota  
**Gaaffilee mare:**

1. Qol.3:12–17 dubbisaa. Waldaan Qolasaayis akka qabaatu kan Phaawulos barbaade qulqullina amalaa irratti mariyad-haa. Qulqullinni waldaa akkasii furmaata rakkoo waldaa kees-saa hundumaafuu maaliif bu'uura ta'ee? Qajeelfama Yesus Mat. 18:15–18 keessatti kenne hojii irra oolchuuf akkamittiin nu gar-gaaruu?
2. Ammas irra deebi'ii Qol. 3:12–17 fi barumsa achi keessaa ilaali. Wantoonni akkasii tokkummaa waldaatiif maaliif barbaachisu.
3. Waldaa keenya yoo ilaalle, Adveentistii Guyyaa torbaffaa guut-tummaatti jechuudha, tokkummaa silaa akka nuyi addunyaa guutummaatti wangeelaan qaqqabnu irraa kan nu dhowwu maaliidha? Bariisa bu'uuraa fi akkaataa barsiisa keenyaatii? Miti garuu. Inni akka lallabnuuf kan Waaqayyo nuuf kenneedha. Tarii immoo rakkoon jiru, numa keessa ta'a. walitti-dhufeenya keenya, hinaaffaa, wal hammeessuu, ofittummaa,fedhii ol aantummaa, wantoota kan biroo.Utuu tokkummaa barbaadamu hin argin jiraachuun waan qabu arguuf maaliif hafuura qulqulluu hin kadhannuu?

**Cuunfaa:** Wangeelli Yesus, fayyisuu fi jijiiramuudha. Warri kun yommuu dhufan, hariiroo keenya nu warra biraajin qabnu irratti dhiibbaa uumuuf hin dhufan. Biyyuma cubbuu kana kees-sattuu, Caaffati qulqulluun akkamittiin walitti dhufeenya gaarii fi walitti dhi'oo ta'e nu qabaachisuuf qajeelfama fi fakkenya nuuf kenna.

## Tokkummaa Waaqeffannaa Keessatti

Sanbata Waaree Booda

Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa: Mul.4:8,11; Mat.4:8, 9; Dan.3:8–18; Mul.14:9; Mul.14:6,7; HoE 4:23–31.

Heertuu Yaadannoo: “Kana booddee ergamaa biraa tokko wangeela isa barabaraa baatee, warra lafa irra taañitti, saba hundumaatti, afaan dubbatamu hundumaatti, nama hundumaattis lallabuudhaaf bantii waqaalaa walakkaa utuu balaliuu nan arge; innis sagalee guddaadhaan, yeroon firdii isaa waan gaef, Waaqayyoon sodaadhaa ulfinas kennaafii! Isa waqa, lafa galaana burqituu bishaanii uumeefis sagadaa!” - jedhe”(Mul.14:6, 7).

**A**kkuma Phenxeqosteen ta’een guyyaa muraasa booda, amantoonni waldaa jalqabaa baay’ee hojii isaanii waqeffannaa irratti dabarsan. “Amantoonni barsiisa ergamootaatti, tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cab-sachuutti, kadhata gochuuttis qabamanii jiraatani.” (HoE 2:42). Gammachuun Yesusiin raawwii raajii Kakuu moofaa, akka Masihiitti beekuu irraa argamu garaa ergamootaa galataan guute. Dhugaa dinqisiisaa akkasii beekuun, carraa gaarii akkamiiti! Amnatoonni durii kun tokkummaadhaan yeroo walii wajjin fudhachuun, waliin dubbii wangeelaa qorachuun fi kadhachuun barbaachisummaan isaa isaanitti dhagahame. Akkasumas waa’ee jirenya, du’uu fi du’aa ka’uu Jesus waan itti mul’seef akkasumas waan inni jirenya isaanii keessatti hojjete hundumaafuu isa galateeffatan. Hiikkaan Waldaa Yesus Kiristoos, hawwaasa Waaqef-fatu, “isin, luboota qulqullummaa ta’uudhaaf, aarsaa hafuuraa isa Karaa Yesus Kiristoos, Waaqayyo duratti fudhatamu dhihees-suudhaaf, akka dhagoota jiraatootti ijaarsa mana Hafuuraa sa-

## Barumsa Sanbataa Ga'essota

naaf ta'a." Jechuudhaan akka kana akka ta'aniif Waaqayyo waame. (1Phe.2:5). Galatni Waaqaa hawwaasa waaqeffatu gidduuuti dubbatamu, garaa fi yaada namootaa gara amala Waaqaatti jijiiree, tajaajilaaf isaaniin qopheesse.

Barumsi torban kanaa hiikkaa waaqeffanna irratti kan xiyyeef-fatu ta'ee, akkamittiin warra Yesusitti amanan gidduu tokkum-maan akka jiraatu akkanni godhu hin ilaalla.

\*Sanbata isa Mud. 15f qophaa'uuf barumsa torban kanaa dub-bifadhaa.

**Jalqaba Torbanii**

**Mud. 9**

## Uumaa Fi Furii Keenya Isa Ta'e Waaqessuu

Waa'ee waaqeffachuu yommuu haasofnu, yeroo baay'ee wantoo-ta waaeffanna keessa jiran kaafna, waan inni of keessatti ham-matuu fi akkamittiin akka inni ta'u. maaliidha garuu hiikkaan Waaqeffanna gadi fageenyaan? Maaliifis waaqeffanna? Far 29:2 kessatti Daawit: "Ulfina Maqaa isaatiif ta'u Waaqayyoof dhi-yeessaa" jedhe. Faarsaan kun waaqeffannoo hubachuuf karaa sir-rii nu agarsiisa. Waaqayyoon waaqessuun ulfinaa fi galata isaaf ta'u isaaf kennuu dha.

**Mul 4 fi 5 yeroo ol ba'e haala samii beeksifamuu isaa nuuf ibsa. Waaqayyo abbaa fi Yesusiin hoolaa Waaqaa waaqessuuf warri samii sababii maalii kennu? Mul.4:8, 11; 5:9, 10, 12, 13**

---

---

Mil'uun waaqeffanna teessoo waaqaa durattii kun, yeroo Yesus akka hoolaa waaqaa fi fayyisaa biyya lafaatti beeksifamu waan nama haareessuudha. Waqeffannaan kan ta'u yeroo uumamni Waaqaa, waan inni isaaniif godheef, jechoota galataa fi jaalalaatii deebii kennuu dha. Waaqeffannaan uumuu fi fayyisuu isaatiif deebii nama galata qabeessaati. Dhuma baraatti, warri fayyanis

fayyisuu Waaqayyoof akkuma sanatti galata kanatti dabalamanii deebii kenuu. “ Isaan faarfannaa Musee garbicha Waaqayyoof faarfannaa hoolichaas hin faarfatu, yaa Waaqayyo Gooftaa hundumaa dandeessuu, hojiin kee guddaadha! dinqisiisaadhas! Ati yaa mootii saba hundumaa, karaan kee hundinuu qajeelaadha, dhugaadhas. ” (Mul. 15:3,4)

Kanaaf waaqeffannaan isa dinqisiisaa hojii Waaqayyoof deebii amantiiti: jalqaba, nu uumuu isaatiifi, lammaffaan, nu furuu isaatiif. Waaqeffannaan keessatti fudhachuutu ta'aaf kan jennu, dinqifannoo, sodaatamuu, kabaja, galatafi aboomamuu argisiif-na. Akka fayyisaa fi uumaa keenyaatti, dhuguma, waa'ee Waaqayyoof wanti nu beeknu waan inni caaffata qulqulluu keessaan nutti mul'seedha. Sana caalaatti, waa'ee Waaqayyoof wanti Kristanni beeku, guutummaatti kan mul'atu Yesumaa fi tajaajila isaa keessaa ti. (Yoh 14:8–14).Sana jechuun maaliif akka Kristiyaanni akka fayyisaa fi furii isaatti akka du'a aarfamuu fi du'aa ka'uu kan jiru walakkaa waaqeffannaati. Kristiyaanonni waaqeffannaaf yeroo walitti dacha'an isa dinqisiisa galata isaaf qabaannu irraa kan madduu dha.

**Akka uumaa fi fayisaa keenyaatti waan Kiristoos biraan nuuf laatame yaadi, maaluma nu dhowwate sababii waan nuuf kennee fedhiidhuma isaatiin bakka keenya nuuf du'e. Dhugaan kun maaliif kan inni bu'uura Waaqeffannaan keenya ta'eef?**

Wiixata

Mud. 10

## **Waaqeffannaan Dharaa**

Mat. 4:8, 9 dubbisaa. Qoramni Yesus inni sadaffaan maal ture?

---

---

Koormaa fi oftuulummaadhaan, Seexanni ani geeggeessaa, abbaa qabeenya biyya lafaa isa dhugaa fi warra isarra jiraatan hun-

dumaa akka waan ani uumeetti kabajamuun kan anaaf maluud-ha jedhee dubbate. Kun Waaqayyoon Abbaa Yesusiin arrabsuu akkamiiti! Seexanni waaqeffannaa jechuun maal jechuu akka ta'e sirriitti beeka jechuudha:isa waaqaa fi lafa uumeef ulfinaa fi din-qifannoo/jajachuu/ kennuufii dha.

Shaakka dargaggoota Ibrotaa Dan.3 (keessumaa 8–18) fi humna Mul'ataa isa bara dhuma 13:4, 14:9–11 dubbisi wal bira qabii ilaali. Bara dhumaatti maaltu ta'uuf jira? Bakka lamaan giddutti walakkeessi dhimma isaa maaliidha?

---

Qaa'elii fi Abelii jalqabee, dargaggoota Ibrootaa biyya Baabiloniti akka sumas xumuraattuu, "mallattoon bineensichaa" (Mul. 16:2), Seexanni Saba Waaqa dhugaa irraa addaan baasee, akka ofii waaqeffatamuuf sirna Waaqeffannaa sobaa uume. Caalaatti, kufaatiid huma duraa iyyuu jalqabee, akka Waaqayyoo ta'u barbaade.(Isa. 14:14). Akkuma dargaggoota sana sadaniin yoo bifa fakkeenyaa sana waaqessuu baatan duuti isaaniin eegate, akkuma sana bara dhuma kanaa amanamoonni sabni waaqaa yoo bifa fakkeenyaa sana waaqessuu baatan murtiin du'aai isiniin eeggachuun waan akka tasaa qaqqabu miti. Waaqa dhugaa waaqessuuuf waamamnee waaqa fakkenyaa waaqessuun maaliif? Bakkee duraa keessatti shaakala dargaggoota sanaa irra barumsa barbaachisaatu jira.

"Yeroon muddamaa saba Waaqayyoo duraa, amantii hin raa-famne barbaada". Ijoolleen isaa, waaqayyo qofti waaqeffatamuuf kaayyoo waaqeffannaa akka ta'e beekuun barbaachisaadha. Waaqeffannaa sobaa eyyamuudhaaf waan nuyi lubbuu keenya illee taanaan mareetti nu dhi'eessisu hin jiru. Garaa amanamaaf abboommiin isa cubbuun guute fi namoota daangeffamoo dub-bii Waaqayyoo isa barabaraa biratti kan waan hin barbaachifne keessatti liqimfamuuf fi gatii hin qabaannee dha. Dhugaan,

hidhaadhaan, ari'atamaa fi du'aanillee in eegama."—Ellen G. White, Prophets and Kings, pp. 4 512, 513.

**Ammumallee taanaan, Waaqa Waaqeffatamuu qabu biratti waaqeffachuuf kan qoramnu maalfayi? waaqeffannaan sobaa hamma nuyi yaadnuu olitti hammaachuu kan danda'u akkamitti? Wantoonni kan biraan ammumallee waaqeffachuuf qoramnu maal fayiree?**

**Kibxata**

**Mud. 11**

### **Ergaa Ergamaa Duraa**

Adveentistiin Guyyaa Torbaffaa, ergaa ergamoota Sadanii isa Mul. 14:6–12 akka bakka ergamni ishee fudhatameetti fudhachuduun, walakkaan ergama isaanii Dhufa Kiristoos dura,(Rev. 14:14–20) ta'uu fudhatti. Isaan kun ergaa murteessoo warra biyya lafaa keessa jiraatan hundumaafuu "sagalee gudadaadhaan" barsifamuu qabaniidha.

Mul. 14:6,7 dubbisaa. Ergaan ergamaa duraa maalii dha? Waa'ee Waaqayyoo maal jedha? Ergaa kana keessatti dhimmi waaqefannaa maaliif ka'e?

---

Ergaa ergamoota sadanii keessaa inni duraa ergaa guutummaa addunyaatti lallabamuu dha. Kunis raawwii isa Yesus Mat. 24:14 keessatti dursee dubbateeti. Ergaa ergamoota sadanii kana namatti mul'isuuf ariitii fi barbaachisummaan hin barbaadama. Ergaan inni jalqabaa namoonni Waaqayyoon akka ilaalan jajabeessa kunis sababiin isaa, " 'yeroon firdii waan dhihaateef' " (Mul. 3 14:7). Dhufatiin Kiristoos Firdii kan ariifachiisuu dha. Ergamichi jedhee, "waaqayyoon sodaadhaa," ( Mul.14:7). Warra Waaqayyoon cimsanii hin fudhanneef, waamichaa fi afeeraan kun dhugumayyuu soda sammuu isaaniitti in fida. Warra duuka buutuu Yesus akkuma ta'anitti itti fufan garuu, waamichi dinqifannoo fi kabaja isaaniin afeerra. Waaqayyoon amananii raawwatamuu abdii isaa eeggatu. Miira Waaqayyoon kabajuu guddatu irraa argama.

“Isa waaqaa fi lafa, galanotaafi burqituu bishaanii uumeef sagadaa” (Mul. 14:7). Akkaataan dubbii kanaa shakkii tokko malee, dhimma seera uumamaa kaasuun isaa, waa'ee abboommii sanbataa dubbata.(Ba'u. 20:8–11). Waaqni uumamaa, akka yaadannoo humna uumuu isaatti sanbata kan dhaabe, waaqeffatamuu fi sodaatamuun isaaf ta'a.

Bara dhumaatti, waaqeffannaan dhimmaa wal'aansoo guddichaa keessatti waan ittiin amanamummaan namaa beekamu in ta'a. beeksisi guutummaa addunyaa kun waamicha uumaa waaqessuu ti. “Dhiphina xumuraa keessatti Waaqeffannaan dhimma giddu galeessaa ta'a.

Mul'ati qoramni isaa waaqessuu ganuu utuu hin taane, eenyutu waaqeffama kan jedhuudha. Bara dhumaatti, namoota garee lama qofatu lafarra jiiraata: warra Waaqa dhugaa sodaataniif isaafis sagadani fi warra dhugaa jibbanii waaqeffattoota jaw-wichaa fi bineensichaa ta'anii dha. (11:1, 18; 14:7), (13:4–8, 14:9–11)...Wallaansoo dhumaat keessatti waaqeffannaan dhimma giddu galeessa ta'a yoo ta'e, shakkii tokko malee Waaqayyo, wangeela isaa isa bara dhumaat erguudhaan, warri lafa irra ji-raatan, akka uumaatti akka isa waaqessan in godha.”—Ranko Stefanovic, Revelation of Jesus Christ: Commentary on the Book of Revelation (Berrien Springs, Mich.: Andrews University Press, 2002), pp. 444, 445.

## Roobi

Mud. 12

### **Qorannoo Macaafa Qulqulluu fi tokkummaa Amantootaa**

HoE 2:42 dubbisaa. Waaqeffannaan amantoota jalqabaa maalfaa of keessaa qaba ture? \_\_\_\_\_

“Amantoonni barsiisa ergamootaatti, tokkummaa isaanii cimsachuutti...qabamanii jiraatan” HoE 2:42). Yeroo waldaa gara jalqabatii qabee, waaqeffannaan qo'annaa dubbii Waaqaa isa karraa ergamootaa laatamee qabaachuudhaan ture. Kristiyaanon-

ni bara jalqabaa waäeëe Masihichaa waan inni jedhu beekuuf  
dubbii Waaqaa qorachuutti amanamoo turan. Guyyaadhaa gara  
guyyaatti eebba Waaqayyo isaaniif laate waliif qooduuf, adeemsa  
hafuraa waaqaa wajjin qabanitti wal jajjabeessuuf jecha,tokkum-  
maa isaanii cimsataa turan. Dubbicha keessa dhugaa qulqulluu  
isa bu'uura ergama isaan biyya lafaaf qabanii isa taë haadhanii  
baasaa turan.

Waaëe barbaachisummaa dubbii Waaqayyoo warra kaanii wajjin  
qorachuun heeertuun itti aanan maal jedhu?

HoE 17:10, 11

---

2Xim 3:14-17

---

“yeroo dhugaan wangeela lallabamu hundaa, wari amanamum-  
maadhaan waan gaarii hojjechuu yaalan hunduu, dhugaa bar-  
baaduun isaanii gammachiisa. Garuu, taïin dhuma seenaa lafaa  
kaanaatti, utuu warri dhugaa kana qoratan, fakeenya Baarnabas  
caaffata qulqulluu faana bu'u fudhatanii, dhugaa isaaniif karaa  
ergichaa dufe dubbii Waaqaa bira qabanii, silaa yoona baay'ee  
kan ta'an seera waaqaaf kan amanaman, amma kan argaman  
muraasa irra kan caalantu argama ture.”—Ellen G. White, The  
Acts of the Apostles, p. 232.

Sababii dhugaa labsinu,dhugaa isa dubbii Waaqaa keessa argan-  
nee, nuyi saba gamtoomanii dha. Kun waldaa waaqaa warra bara  
jalqabaatiif dhugaa ture; har'as kun dhugaa dha. Qo'annoont  
dubbii Waaqaa wiirtuu waaqeffannaa fi akka saba tokkoo warra  
ergaa ergamoota sadanii biyya lafaatti lallabuuf waamamaniitti  
wiirtuu tokkummaa keenyaa uuma. Akka maatiitti tokkummaa  
fi waaqeffannaaf yommuu walitti dhufnu, caaffati qulqulluun  
Waaqa biraajireenya qophaa'ummaa ergama keenyaa fi dhuu-  
faatii Yesusiif nu geggeessuuf nutti in dubbata.

Gama macaafa qulqullutiin waan amannetti Hammam jabaanne  
jirra? Sana jechuun, du'a fuula durattille akka dargaggoota Iroot-  
aa sun jabaatanii dhaabatan jabattanii dhaabachuu in dandees-  
suum?

**Budeenaa Fi Kadhata Waliin Qooddachuu**

Rakkoon fedhe waldaa jalqabaa sana mudatu iyyuu, Yesusi fi dhugaa inni akka biyya lafaaf tamsaasaniif isaaniin bira kaa'e amantii tokko irratti tokko ta'aniiru. inni Phexros "dhugaa yeroo" jedhe iyyuu isa kanaa dha. (2 Phe. 1:12). Dhugaa keessatti walii galuudhaan tokkumaa isaanii karaa baay'ee argisiisan.

"amantoonni tokkichummaa isaanii cimsachuutti, budeena cabasachuutti, kadhata godhachuutti qabamanii jiraatan. . . buddeena waliin nyaachuudhaa fi kadhataan" (HoE 2:42). Buddeena waliin cabsachuu jechuun kun tarii irbaata yeroo waliin turan nyaatan yookiin immoo yeroo hundumaa amantoonni walii wajjin kan nyaatan jechuu ta'a. Yeroo tokkummaa isaanii, bakka tokko tokkotti, isaan keessaa namoonni tokko tokko eeba adda ta'e nyaataa fi dhugaatii yaadannoo du'aa fi du'aa ka'u Yesuusiif abdii dhufa isaa lammaffaa eeggachaa in godhu ta'a. kristiyaanonni durii yeroo waliin qabaatanii jirenyaa fi tajaajila Yesus yaadachaa kan turanii fi irabaata tokkichummaa irratti waa'ee isaa haasa'uujallatu turan jechuudha. Nyaatuma waliif qoodan yeroo Waaqeffanna ta'e, "Guyyaa guyyaatti yaada tokkoon mana qulqullummaatti deddeebi'anii manuma mana isaaniitti budeena cabsatanii, gammachuudhaan, garaa qulqulluudhaanis nyaata isaanii waliin ga'anii in nyaatu turan; isaan Waaqayyoon in galateeffatani, saba hundumaa durattis ayyaana argatan, Gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti in dabale." (HoE 2:46, 47). Yeroon tokkichummaa isaan Yesus-in keessatti kun miira tokkichummaa isaanii guddisee cimsuun shakkii hin qabu.

**Kitaaba Hojii Ergamootaa kana keessatti shaakala jirenya Kris-tiyanota bara durii waliin kadhachuu irraa fakkeenyaa maalii ar-ganna? Waa'ee maaliis kadhatani?**

HoE 1:14 \_\_\_\_\_

HoE 4:23-31 \_\_\_\_\_

HoE 12:12

---

waldaan bara jalqabaa carraa kallattiidhaan Waaqayyoo wajjin dubbachuu kan ajaa'ibsii fatee fi tasuma iyyuu amantoonni yeroo waltti qabaman hundaa himata isaanii Waaqattii kennachuu kan hin nuffine turan. Phaawulos ergaa isa duraa gara ximotewositti barreesse kessatti Kristiyaanaa yeroo walitti qabaman barbaachisummaa Kadhataa irratti dubbatee ture(1Xim. 2:1). Gara warra Efesonittis barbaachisummaa Kadhataa jabeessee ture: "kadhataa fi himata keessan hundumaa keessatti, yeroo hundumaa hafuuraan geggeeffamaati kadhadhaa! Animmoo dhoksaan wangeelaa ija jabummaadhaan beeksisuudhaaf yommuun afaan saaqquadhu, dubbiin akka anaaf kennamutti anaaf kadhadhaa!"(Efe. 6:18,19).

**Tokkummaa gadi fagoo keessaan karaa kadhata gidduu seenuu, dhimma walii galaaf kadhachuuuf shaakala akkamii qabaachuu dandeenya? Kadhati akkasii akka waldaatti tokko akka taanuuf akkamittiin nu gargaara?**

**Jimaata****Mud. 14**

Yaada Dabalataa: kutaa kana dubbisaa "Prayer," pp. 1044-1046, and "Worship," pp. 1290, 1291, in The Ellen G. White Encyclopedia.

"akka yaadannoo uumamaatti sanbatni waan tokkicha sababii waaqayyo Waaqeffatamuu qabu kan yeroo hundumaa of keessaa qabuudha. Waaqayyo uumaadha, nummoo uumama. 'kanaaf sanbati bu'uura Waaqeffannaahundumaa keessa jira sababiin issaas dhugaa guddichaa haala yaada namaa qabatuun barsiisa waan ta'eef, dhaabni/ institution/ biraan kana godhu hin jiru. Inni dhugaan bu'uurrri waaqeffanna, guyyaa torbaffaa qofaa utuu hin taane,yeroo Waaqeffannaahundumaa, uumaa fi uumama gargar baasanii beekuu irra dhaabbata. Dhugaan guddaan kun kan barri itti hin dabarree dha; irraanfatamuunis irra hin jiru. '—J. N. Andrews, History of the Sabbath, chapter 27. Waaqayyo sanbata Eden keessatti dhaabuu isaa, hamma dhugaan inni uumaa keen-

ya ta'uun nuuf galetti, sababiin isa waaqeffachuu keenyaa, sanbati akka mallattoo fi yaadannoo umamaa ta'etti waan itti fufef ta'uu dhugaa kana yeroo hundumaa sammuu namaa dura kaa'uudha. Utuu sanbati guutummaa addunyaatti eegamee, yaadii fi jaalalli namaa gara uumaa isaa akka isa sodaatamuu fi waaqeffamuu qabuutti in ilaala ture; silaa waaqa tolfamaa Waaqessuun, Waaqayyo hin jiru jechuunii fi amantii dhabuun hin jiraatu ture. Sanbata eeguun mallattoo Waaqaaf amanamuuti, 'Inni waaqaa fi lafa galaanaa fi burqoota bishaanii kan uume' abboommii inni namoonni waaqessuu fi abboomii isaa eeguu dubbattu addumaan abboommii arfaffaa akka eeganiif isaan waama."—Ellen G. White, The Great Controversy, pp. 437, 438.

#### **Gaaffilee maree:**

1. Akka macaafa qulqulluutti qabiyyeen Waaqeffanna, uumamaa fi fayinaa kan wal keessa galan ergaa ta'ee, ayyaaneffaannaan sanbataa waaqeffanna sobaa kan dadhabsiisu attamitti ta'uu danda'a? sanbati raajii bara dhumaa Mul 14:6, 7 irratti gahee maalii xaphata? Ergaa ergamaa duraa keessatti Sanbati maaliif caqafame?
2. Yeroo baa'ee waan waaqeffanna keessatti goonuu fi hin goone dubbatna. Waaqeffannan sirriidhumatti maal jechuudhaa? Waldaan kun waaqeffanna irratti muuxannoo akkamii qabaa? Akkamittiidha waldaan kun waaqeffanna hiikkaa qabu kan qabaate?
3. Hawwaasa tokko tokko keessatti, inni hawwaasi Kristiyaanaa suuta waaqessu Adveentistii keessattuu irraanfatamaa fi dhabamsiifamaa jira. Kana hanbisuuf waldaan kee maal gochuu qaba?

**Cuunfaa:** Waaqeffannaan kennaa fayyinnaa isaaf deebii galataa Kristiyaanonni Waaqaaf kennanii dha. Shakala tokkummaa hawwaasa Kristiyaanaa keessatti waan baay'ee barbaachisudha. Kadhataa fi dhugaa Waaqayyo nuuf qabu beekuuf kan qoran-nu qorannoo macaafa qulqullu malee, hawwaasi Kristiyaanaa keenya Kiristoosiin keessatti tokkummaa qabaachuutti kufuu danda'a.

## Dhaabbata Waldaa fi Tokkummaa

Sanbata waaree booda

**Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa:** Efe. 5:23-27; Mat. 20:25-28; Tit 1:9; Mat. 16:19; Gal. 6:1,2; Mat. 28:18-20.

**Heertuu Yaadannoo:** “Isin gidduutti akkas hin ta’u; eenyulee isin gidduutti guddaa ta’uu kan barbaadu, hojjetaa keessan ta’utu isarra jira; eenyullee isin keessaa dura ta’uu kan barbaadu garbicha isiniif ta’utu irra jira” (Mat. 20:26, 27).

**A**kka Adveentistii Guyyaa torbaffaatti, nuyi amantii Kristiyyanota Protestaantii warra Fayyinni karaa amantii waan Kiristoos dhala namaaf raawwate keessaan qofa ta’uu kan amannuu dha. Waan Kiristoos nuuf godhe kana argachuuf waldaas, caasaalee waldaas nun barbaachisu. Waan Kiristoos irraa argannu, fannoo irratti bakka keenya waan bu’eef, akkasumas kan nuuf araarsu luba keenya nana qulqullummaa samii waan ta’eef, kallattiidhumaan isa biraajarganna.

Haa ta’u malee, waldaas kan uume Waaqayyoo dha, nuuf kan lafa kana irra waldaa kaa’es isuma Waaqayyoo dha; waldaa malee fayyinni akka hin jirreetti utuu hin ta’in, akka geejjiba fayyinaa kana biyya lafaa biraan ga’uu fi biyya laaffatti mul’suutti nu gar-gaara malee. Waldaan biyya lafaatti wangeela baballisuuuf dhaab-bata Yesus uumeedha. Dhaabati cimsuu fi jabeessuudhaaf waan barbaachiseedha. Dhaabbi waldaa utuu hin jirree ergan Fayyisuu Yesus akka yeroo waldaan jiruu kanaatti dubbatamuudhaa warra kaaniin ga’uun milkaa’aa hin ta’u ture. tokkummaa jabeesanii, fakkeenya Yesusiin fakkaatanii argisiisuudhaaf, geggeessitoonni waldaa barbaachisoodha.

Torban kana dhaabbi waldaa ergamicha keessatti maaliif akka barbaachise, akkamittis tokkummaa waldaa akka jabeessu ni baaranna.

\*Sanbata isa Mud. 22f qophaa'uuf barumsa torban kanaa dubbi-fadhaa.

## Jalqaba Torbanii

Mud. 16

### Kiristoos Mataa Waldichaa

Barumsa darbe, akkuma argine, kakuu haaraa keessatti waldaan, fakeenya qaama dhagnaatiin bakka buutee turte. Waldaan dhagna Kiristoosiidha. Fakkeenyi kun gama haala waldaa hundumaa, hariiroo waldaa fi saba isa gidduu jiru kan argisiisuu dha. Akka qaama Kiristoositti, jiraachuuf isa irratti in hirkatti. Inni mataa waldaa fi madda jirenya waldaati (Qol. 1:18, Efe. 1:22) isa malee waldaan hin jiraattu turte. Waldaan maalummaa ishee iyyuu Kiristoos irraa argatti; inni madda, bu'uura fi bu'uureessa barsisaa fi bu'uura amantii waldichaa waan ta'eef.

Garuu, waldaan wantoota kana hundumaarra caalti; isaan kun eenyummaa waldaaf waan baay'ee barbaachisoo waan ta'aniif. Waldaan maal akka taate kan beeksisu Kiristoosii fi dubbii isaati. Kanaaf, waldaan maalummaa fi barbaachisummaa ishee Kiristoos irraa argatti.

**Efe. 5:23-27 keessatti, Phaawulos hariiroo abbaa manaa fi haadha manaa gidduu jiru ibsuuf, hariiroo waaqa fi Waldaa gidduu jiru dhimma ba'e. Yaadni ijoon hariiroo Kiristoosi fi waldaa gidduu jiru kana ibsuuf kaa'aman maalii dha.**

---

Dhimma waliif abboomamuu irratti sababii geggeesitoonn waldaa jaarraalee darban keessaatti aangoo garmalee fayyadamanifi, fudhachuu baannu illee, waldaan Kiristoos isa mataa ta'etti of kennachuu fi anngoo isaaf abboomamuu irra jiraata. Akka mataa waldaatti Kiristoosiin fudhachuuun, amanamummaa keen-ya enyuuf gochuu akka qabnu yaadachuuf nu gargaara; isumatu gooftaadha, kan biraanis hin jiru. Waldaan dhaabbatatti kur-faa'u qaba garuu, dhaabbati immoo yeroo hundumaa aangoo Yesus, geggeessaa waldaa isa dhugaa sana jalatti buluutu barbaadama.

“Waldaan bu’uura Kiristoosiin irratti ijaaramte, Kiristoosiif akka abboomaa isheetti abbomamuuf dhaabatte. Nama irratti hundaa’uu hin qabdu, yookiin immoo namaan hin to’atamtu. Namoonni baay’een iddo akka kennataatti waldaa keessatti isaanitti kenname waan namoonni kan biraan amananii fi hojj- etan murtessuu jedhani yaadu. Yaada akkasii gooftaan hin mirkaneessu. Fayyisaan keenya kan jedhu ‘Hundumtuu obboloo- ta; hundumtuu qoramaaf saaxilamoodha, dogoggoruu danda’u. Geggeessadhaaf nama murtaa’aa ta’e kami irrattuu hin hirkannu. Dhagaan amantii waldaa jirachuu Kiristoosi dha. Inni dadhabaan illee irratti irkachuu kan danda’u, warri jaboodha ofseyan garuu, milkaa’ina isaanii Kiristoosiin godhachuudhaa yoobaatan, dad- habaa hundumaa gadii ta’uu isaanii in mirkaneessu.”—Ellen G. White, The Desire of Ages, p. 414.

Ta’umsa salphaa kana ta’e, Namootaa daangao’o ta’an kam irratti hirkachuu utuu hin ta’in, Kiristoos irratti akkamittiin hirkachuu baruu dandeenya?

Wiixata

Mud. 17

### Geggeessummaa Garbummaa

Yeroo tajaajila bartoota isaa wajjinii keessa Yesus, tarrii kan isa aarsu hinaaffaa isaan aangoo qabachuuf godhan, irra deddee- bi’aamnii haalonni ta’anii argeera. Mootummaa Yesus kees- satti Ergamoonni geggeessitoota cimaa ta’uudhaaf baay’ee kan dhiphathan fakkaatanii mul’ataniiru.(Mar 9:33, 34; Luq.9:46). Bartoonni irbaata isa dhumaal waliin nyaataa utuu jiraniiltee, ha- fuerri caalmaa fi olaantummaa kun saalfii malee isaaniin giddutti dhaga’ameera.(Luq. 22:24).

Yeroo wanti akkasii ta’u keessa, Yesus geggeessaan hafuuraa ak- kam ta’uu akka qabu yaada isaa ibse. Mat.20:25-28 keessatti kan inni dubbate dubbii Yesus irraa qajeelfama bulchiinsaa akkamii baranna? Jirenya keenya keessummaa waldaa keenyatti akkamitti qajeelfama kana jiruun argisiisuu dandeenya?

“Kutaa hubatamaa kana keessatti, akkaataa bulchan/moodela/lama nuuf dhi'eessa. Inni duraa akkaataa warri Roomaa itti bulchanii dha. Moodela kana keessatti, warruma kaan irra wayyantu caasaa bulchiinsarra kaa'ame warra kaan bulcha. Aangoon waa murteessuu kan isaanii ta'ee warri isaan jala jiran warra kanaaf abboomamuun dirqama. Yesus akkaataa bulchiinsaa kana kan morme, ‘isin gidduutti akkas ta’uu hin qabu yommuu jedheedha. Qooda isaa bartootaaf akkaataa bulchiinsaan beekan sana kan mormu yookiin faallessu kan biraan isaaniif dhi'eesse. ’”—Darius Jankiewicz, “Serving Like Jesus: Authority in God’s Church,” Adventist Review, March 13, 2014, p. 18.

Qabiyyeen aangoo Yesus seenaa kana keesatti dhi'eesse jechoota ijoo ta'an lama of keessaa qaba: kan namaaf hoijetu/askarii/ (diankonos) fi garba (doulos)kan jedhan jecha Griik of keessaa qaba. Hiikkaa tokko tokko keessatti jechi inni duraa tajaajilaattis in hiikama; inni lammaffaan garbicha/ nama garbummaa jala jiru/jechuudha. Jechoonni kun lamaan gara caalaa waan Yesus jechuu yaade dhabaniiru. Yesus aangoo hundumaa balleessuu barbaaduu baatu iyyuu, wanti inni jechuu barbaadu jalaqaba irratti geg-geesitooni waldaa saba Waaqatiif akka ergamaa, /tajaajilaatti/, fi garabaatti /namummaaf kan jiraatu/tti hoijechuu akka qaban jala muruuf. Bakki isaan kaa'amanaa aangoo isaanii namoota irratti shaakalanii argisiisuuf, aangoon bulchuuf utuu yookiin ofiisaanii kanaan of waamsisuuf miti. “Kiristoosi mootummaa qa-jeelfama addaa qabu dhaabuu barbaada.namoota gara aangootti gara tajaajilaa fi dadhabina warra dadhabaa akka baatuuf malee. Aangoon, taayitaan, makilitiin fi barumsa warra kana hunda qaban duuka buutuu isaa akka ittiin tajaajilaniif itti gaafatama gud-daa jala isaniin kaa'e. ”—Ellen G. White, The Desire 3 of Ages, p. 550.

**Yoh. 13:1-20** dubbisaa. Yesus fakkeenya geggeessummaa isa kamini in bartoota isaaaf kenne? Kutaa kana keessatti amma iyyuu Yesus maal nu barsiisu yaada. Waldaa keessaa fi waldaa alattis, gocha keenya hundumaan akkamittiin kana argisiisuuf dandeenya

## Tokkummaa Waldaa Itti Fufsiisuu

**2Xim.2:15 fi Tit.1:9 dubbisaa. Akka gorsa Phaawulos Ximotewos fi Titosiif godhetti itti gaafatamni geggeessitootaa fi maanguddotta amanamoo maaliidha?**

---



---

Qulqullummaa qajeelfamaa fi barsiisa waldaa eeguuf jecha Phaawulos hammam cimsee akka dubbate yaadi. Kun tokkummaa waldaaf waan barbaachisaa dha; keessumaa immoo sababii namni tokko wanti waldaa keenya tokkummeessu, waan hundumaarra iyyuu, barsisa keenyaa jedhee falmuu waan danda'uuf. Ammas akka Adventistiitti, akka saba deemsaa, aadaa fi dugda duubee garaagaraa hedduu qabuutti tokkummaan keenya inni Kiristoos keessatti kan argamu beekumsa dhugaa Kiristoos nuuf fide beekuu dha. Barsiisa kana yoo jeeqamne, Keessumaa akka nuyi gara dhumaatti dhiyaachaa adeemneen wal dhabdee fi jequmsi dhufuuf jira. “Waaqayyo duratti, Kiristoos Yesus, isa warra jiraniif warra du'anitti faraduuf jiru durattis maqaa isa deebi'ee mul'atee, mootummaa isaas argisiisu sanaan cimsee sin gorsa, dubbicha lallabi, kun yeroodha kun yeroo miti utuu hin jedhin qophaa'ii, argami! Nama balleessaa isaa hubachiisii ifadhu! Obsa hundumaan gorsi, barsiis! Barri itti namoonni barsiisa sirrii ta'e jibban dhufuuf jira. Bara sanas akka hawwa isaaniitti, barsiisota wanta gurra isaaniitti tolu isaan barsiisan walitti in sassaabbatu.” (2Xim. 4:1-4).

Jechoota kanaan, Phaawulos yaada hafuuraa kanaan sochoofamee kan inni irratti xiyyeefataa jiru dhufaatii lammaffaa fi firdii irratti ture. Ximootewosiif gorsa barbaachisaa kana kennuuf Er-gamichi aangoo Waaqayyo isaaf kenne hundumaa dhimma ba'e.

(1Xim. 1:1) haala bara dhumaan kanaan, barsiisa sobaan seera malee jiraachuun kan guute Ximotewos dubbii Waaqayyoo akka barsiisuuf ture.

Aakka qaama tajaajila barsiisa isaatti Ximotewos, balleessaa hubachiisuu. Jechimoota/verbs/ qajeelfama caaffata qulqul-luudhaan kennname keessaa yommuu ta'u(2 Xim. 3:16) gaheen Ximotewos hubatamaadhumatti, waan caaffata qulqulluu keessatti barreeffame faana bu'ee, barsiisuuf fi hojii irra oolchuu ob-saan danda'ee waan dhugicha irraa isaaq galeen jiraachuu dha. Ifannaa fi dheekkamsi gar malee yeroo baay'ee cubbamaa gara Kiristoositti hin fidu. Waan Phaawulos barreesse faana bu'uuf geggeessaa hafuura qulqulluu jalaan isa faana bu'uun, ala geg-geessaa warra geggeessuuf Ximotewos waldaa keessatti humna tokkummeessu isa cimaa in ta'e.

**Geggesitoonni waldaa keenyaa tokkummaa akka itti fuysiisianniif gargaaruuf maal gochuu qabna?wal dhabdee keessattillee, Hum-na diigu utuu hin taane humna tokkummaa ijaaru ta'uu keenya akkamitti beekna?**

**Roobi**

**Mud. 19**

### **Naamusa Waldaa**

Sababiin dhaabbata waldaa inni tokkoffaan naamusa waldaa eeguudhaaf. Naamusaan tokkummaa eeguuf yeroo tokko tokko dhimma yaachisaa ta'ee salphaatti gar malee hubatamuun kan danda'uu dha. Garuu gama macaafa qulqullutiin, naamusi waldaa naannoo gurguddoo lama irratti kan xiyyeffatuu dha: qul-qullina barsiisa waldaa eeguu fi qulqullina jirenyaa fi shaakala waldaa eeguuf.

Akkuma argine, sababii ganatummaa fi barsiisa sobaa addumaan Bara dhumaatti ta'uu, kakuu haaraan qulqullummaa barsiisa Macaafa qulqulluu in eega. Sababiidhuma wal fakkaatuuf, garii kan

tae xuraa'ummaa, amanamummaa dhabuu, tae malaamaltummaa irraa bilisa kan tae hawwaasa itti fufsiisuuf kan yaadame. Kanaafidha " caafatni qulqulluun hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame, barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelumatti leenjisuuudhaaf dhimma in baasa" kan jedhameef(2 Xim.3:16).

Mat. 16:19 fi 18:15-20 dubbisaa. Waaee naamusaa fi warra dogoggora qaban ifachuu Yesus qajeelfama akkamii waldaaf kenne?

---

---

Macaaf qulqulluu dhimma hafuuraa fi amala gaarii irratti itti gaafatama qabaachuu keenya in deggera. Dhugaadhumatti, wantoota sirriin waldaan adda baatu tokko qulqullummaa yookki-in biyya lafaa irraa addaan baafamuu dha. Dhugumaan, haalota rakkisoo ta'an fi amaloota hin taane kana irratti waldaan akka tarkaanfi fudhattu dhimmoota barbachisan macaafa keessa fakkeenna baay'eetu jira. Sadarkaan amala gaarii waldaa keessatti argamuu qaba.

**Kutaan kun dhimmoota ciccimoo waldaa keessaa qabuuf kan hordofnu qajeelfama maalii nuf kenu? Mat.7:1-5;**

---

---

Gal. 6:1,2; Waaee barbaachisumma namusa waldaa macaafni qulqulluun barsiisu haaluu hin dandeenyu? Isa malees dubbi-chaaf amanamuu hin dandeenyu. Baay'ee ifata akkasii kana keessatti hamma danda'ametti, gama oolchuu /redemptive/ isaatiin itti yaadamuu qaba. Nuyi hundi keenya iyyuu cubbamoota ta'uu fi ayyaanni kan nu barbaachisu ta'uu keenya yaadachuunis gaa-riidha. Kanaafuu yeroo naamusa geggeessinu sirriitti kan kufne ta'uu keenya kan beeknuuf kan gadi of qabne ta'uun barbaachisaadha.

**warra dogoggora qabanii wajjin yommuu hojjennu, akkamitti,  
adabbii utuu hin taanee oolchuu irratti xiyyeeffachuu akkamittiin  
barachuu dandeenya?**

**Kamisa**

**Mud. 20**

### **Ergamaaf Kurfaa'u**

Guutummaa nuusa kanaa keessaakkuma ilaalle, (waan keessa deddeebi'ames kan fakkaatu), akka waldaatti kurfaa'uuni fi tok-kummaa'uun keenya ergamaaf, baanee tajaajiluuf.calluma jedhee uummata walitti gamtaa'e miti nuyi; sammuu tokko kan qaban waliin ta'anii, waan amanne wal amansiisuudhaan (innis waan barbbaachisaa dha) kan hojjennuu dha malee. Dhugaa isa ofi keenyaa jaallachuutti dhufne biyya lafaaf hiruuf walitti yaane.

**Mat 28:18-20, Yesus ergama isaaniin biyya lafaatiif bartoota isaatiif ajajaja dhumaa kennee fi. Jechoota Yesus addaan baafad-hu.jechoonni kun ar'a waldaaf maal godhaaf.**

---

Ergamni Yesus bartoota isaaf qabaate inni guddaan jechoota afur of keessaa qaba:1.Dhaqaa, 2.Bartuu taasisaa, 3.isaaniin cuuphaa, 4.barsiisaa. ser-luga Griikitti akka lakobsota kana keessaa, jechi ijoon bartuu taasisaa isa jedhuudha. Jechimmooni warri kaan akkamittiin bartuu akka taasisan kan argisiisanii dha. Bartuu taasisuu kan xumuramu, gaafa namni hundinuu bartuu ta'ee wan-geela barsiisuuf gara biyya lafaa hundumaatti ergamuudhaan namootaa cuuphee waan Yesus jedhe hundumaa barsiisee dha. Waldaan yommuu kanaaf deebii kennitu, mootummaan Waaqa-yyoo in bal'ata, sanyii hundumaarraa namoonni hedduun garee warra Yesusiin akka fayyisaa isaaniitti fudhatamanitti dabalamu. Abboommi Yesus kanaaf abboomamuun cuuphamanii barsiisa isaa eeguun haaraa kan ta'e maatii addunyaawaa uuma. Bartuu warri haaraanis, ofumaa iyuu bartuu haaraa uumaa akka adeemaniin, beekumsa jiraachuu Yesus guyyaa guyyaatti ja-

beeffataa adeemu. Jiraachuun Yesus mirkaneeffannoo jiraachuu Waaqayyooti. Wangeelli Maatewos labsii dhalachuun Yesus dhi'aachuutiin eegalee "Waaqayyo nu wajjini" (Mat. 1:23) abdii isa Kiristoos hamma dhufa isaa lammaffaatti nuu wajjin ta'uun xumura.

"Kiristoos hojiin keessan salphaadha jedhee ergamootatti hin himne. . . akka isaanii wajjin ta'u itti hime malee; akkasumas amantiidhaan yoo adeeman humna isa hundumaa danda'u/ Omnipotence/ jalaan akka socho'an itti hime. Geggeessaan loltoota samii inni ergamaa irra jabaatu, qorama isaanii keessatti waan barbaachisu hundaa kan isaaniif kennuu fi itti gaafatama milkaa'ina isaanii kan fudhatu, gama isaanii jira waan taeef ja-baadhaa, cimaas isaaniin jedhe."—Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, 4 p. 29.

**Yaada isa abdii Kiristoos amma dhuufaatiis isaa isa lammaffaatti nu saba isaa wajjin ta'uun irratti mariyadhaa. Abdiin Kiristoos biraanuuf laatame, dhugummaan abdii kan ergamichaa raawwachaa yommuu jirru hammam nu jabeessa?**

## Jimaata

## Mud. 21

**Yaada Dabalataa:** *Ellen G. White*, "Individual Responsibility and Christian Unity," pp. 485-505, in *Testimonies to Ministers and Gospel Workers*; "Unity in Diversity," pp. 483-485, and "Church Discipline," pp. 498-503, in *Gospel Workers*. Read the articles "Church," pp. 707-710, and "Church Organization," pp. 712-714, in *The Ellen G. White Encyclopedia*.

"qajeelfamni geggeessummaa gaarii waldaa iyyuu dabalatee, gama jirenya hawwaasummaa hundumaa kan hojjii irra oolfamuun barbaadamuu dha. Garuu, gegeessaan waldaa keessa geggeessitoota biraarra caaluu qabu. Inni akka garbichaatti kan isaaniin tajaajilu ta'uun nimala."

Geggeessaa ta'uun fi garbicha ta'uun gidduu garaa garuummaa hubatamaatu jira. Namni tokko akkamittiin geggeessaas tae' kan

warra geggeessuuf hojjetus ta'aree? Geggeessaan bakka kabajaa hin qabanne moo? Ajaja laatee warra ajajaman irraa abboomamuu hin eeguuree? akkamitti,iddoo gadi deebi'aa garbi-chummaa qabatee abboommii fuudhee hojjiirra oolchaa? "fakkeenya waan wal mormu fakkaatu/gegeessaa ta'anii kaaniif hojjechuu/ yaada isaa hubachuuf, garuma Yesusiin ilaalu nu barbaachisa.Inni Geggeessaa tajaajilaas ta'e sirriidhumatti bakka bu'a. Inni geggeessaa jabaa tokkicha isa biyyi lafaa argeed-ha."—G. Arthur Keough, Our Church Today: What It Is and Can Be (Washington, D.C., 4 and Nashville: Review and Herald, 1980), p. 106.

### Gaaffilee maree:

- 1.Caalatti geggeessaa-garbummaa irratti mariyadhaa. Amma utuu kan akkasii geggeesitoota lafaa keessatti argamanihoo?
- 2.Mee, Mat.20:25-28 irra deebi'aa dubbisaa. Jecha guddaa jedhu faallaa biyyi lafaa itti hubatu, Waaqayyo akkamittiin akka hubatu kun maal nutti himaa?(Mat. 20:26)
- 3.Gahee hojji geggeessaa keessaa tokko, tokkummaa waldaa eeguu yoo ta'e, geggesitoonni waldaa nama waan ta'aniif fakkenya gaarii ta'uu dadhabanii yoo kana jijiran maal wayya?
- 4.Yeroo naamusa waldaa irraati hojjennu, hafuura ayyaana qabeessaa fi jaalalaan warra dogoggoran sanatti argisiisuun maaliif barbaachisaa ta'e? Mat 7:12 yeroo hundaayyuu adeemsa akkasii keessatti maaliif caalaatti barbaachisa?

**Cuunfaa:** Kurfaa'inni waldaa gaariin ergama waldaati fi tokkummaa amantootaatiif barbaachisa dha. Kiristoos mataa waldaa ti; geggesitoonni waldaa immoo saba Waqaqa waan geggeessan-if,fakeenya isaa faana bu'uutu irraa barbaadama. Tokkummaan kan eegamee turu dubbii Waaqayyo amanamummaadhaan barsiisuu fi amanamummaadhaan akka dubbichaatti jiraachuud-haan.

## Bakkatti Deebifamuu Tokkummaa isa Dhumaa

Sanbata Waaree Booda

**Barumsa Torban Kanaaf dubbifadhaa:** Yoh 14:1–3, Isa. 11:1–10, Mul. 21:1–5, Tas. 4:13–18, Mul. 22:1–5, Isa. 35:4–10.

**Heertuu Yaadannoo:** “Nuyi garuu akka abdii inni nuuf kenneetti, Bantiiwan waaqaa haaraa, lafa haaraas warra qajeelummaan keessa buufatu in eegganna” (2Phe.3:13).

**A**bdii gurguddaa macaafa qulqulluu keessa jiran keessaa tokko abdii deebi'ee dhufuu Yesusii ti. Abdiin nuyi qabnu/hopes/ abdii/promise/ inni nuuf kennee fi abdichi hiikkaa inni nuuf qabus dhufa isaa giddu galeessa waan godhatuuf, isa malee waan abdannu tokkollee hin qabnu. Kiristoos duumessa Samiin yommuu deebi'ee dhufu, wantoonni lafaa fi nam-tolcheen hiikkaa kan hin qabne, wantonni yeroof jiraatan haaxaa'amani badu. Yeroo Wagga 1000 samii keessa jiraatan booda, dacheen kun lola, beela, dhukkubaa fi balaan kan guutte yommus qulloftee warra fayyan, gooftaa fi maatii isaaniitti warra dabalamaniif iddooyaa in taati.

Abdiin dhufa lammaffaa Kiristoos mat-duree haaraa kakuu haaraati. Jaarraa heduudhaaf kan Kristiyaannonni raawwatama isaa eegachaa turanii dha. Nus akka Adveentistoota Guyyaa Torbaffaatti raawwatamuu abdii deebi'ee dhufuu Gooftaa in eegganna. Barumsa dhumaa kana keessatti, abdii kana ilaalleetu, abdichi tokkummaa Kristiyaanummaa keenyaaf maal jechuu akka ta'es baranna.

Kiristoos keessatti tokkichummaan keenya akka namaatti daangeffamuu keenyaa fi dadhabina keenyaa qoma qabameera. Kana booda garar caccabuu keenyaa fala barbaaduu nu hin barbaachisu; sababiin isaas gargar caccabuun waan hin jirreef. Dh-

ufaatii lammaffaatti Gooftaa wajjin tokko taaneetu dhuma irratti maatii deebi'ee tokko taasifame taana.

\*Sanbata isa Mud. 29f qophaa'uuf barumsa torban kanaa dubbi-fadhaa.

## Jalqaba Torbanii

Mud. 23

### Dhugummaa Deebi'uu Kiristos

**Yoh.14:1–3 hundumaarra caalaatti kan beekamu abdii dhufaatii Kiristoos isa lammaffaa ti. Jirenya warri fayyan lafaa haaraa keessatti jiraatan kun maal nu barsiisa?**

---

---

Kristiyaanonne durii, akka “abdii eebbifamaatti fudhatan” “blessed hope” (Tit.2:13). Raajonnii fi abdiin hundinuu dhufaatii lammaffaatti in raawwatama jedhanii in eeggatu turan; kunis adeemsa Kristiyaanummaa keessatti kaayyoo isa duraa waan ta'effi dha. Warri Kiristoosiin jaallatan hundinuu, guyyaa itti tokkummaan isaa wajjin fuulaa fi fuulatti jiraatan abdiin in eeggatu. Jechoonni isaa kutaa kana keessa jiran Yesus qofaa utuu hin taane walii walii keenyaa wajjinis walit-siqeenyaa fi wal jaal-lachuun akka waliin deddeebinu ta'uu kan argisiisanii dha.

Raawwachuu abdii kanaa Kristiyaanonne in amanu sababiin isas macaafni qululluun akka inni raawwatamu waan mirkaneessuuf. Dubbii Yesusitti sababii amannuuf mirkaneeffannoo akkasii qab-na. “Deebi'ee nan dhufa” (Yoh.14:3). Akkuam dhufatiin Yesus in duraa raajiin dubbatamee raawwate, akkasuma dhufatiin isaa lammaffaan kakuu Moofaa keessattu dubbatameera. Bishaan badiisaa dura Waaqayyo abbaa sana /the patriarch/ Heenokitti ulfinaan Masihiidhufuu , cubbuus xumuratti akka fidu dubbattee ture. Innis raajii dubbatee, “ ‘Henokki Addaamii jalqabee, dhaloota torbaffaa ture. Inni waa'ee isaan kanaammoo raajii dubbate, kunoo Gooftichi kumaatama qulqulloota isaa wajjin ni dhufa; inni nama hundumaa irratti faraduudhaaf ta'a; waan warri Waaqayyo malee jiraatan, jirenya akkasii keessatti hoijetan

## Barumsa Sanbataa Gaessota

hundumaa dubbii jajjabaa cubbamoonni warri Waaqayyo malee jiraatan isa irratti dubbatan hundumaa, bakkeetti baasee amansiise, nama adduma addaan ni adaba jedhe.’” (Yihuudaa 14,15). Wagga 1000 utuu Yesus biyya lafaa kana hin dhufin, mootichi Daawwitis saba Waaqaa walitti qabuuf isa Masihiin dhufu dubbatee ture. “Waaqayyo keenya nidhufa callumas hin jedhu, ibiddi xaphi godhu fuula isaa dura, bubbien humna qabeessis naannoo isaa jira, inni saba isaatiif firdii kennuudhaaf bantiwwan Waaqaa warra gara olii jiran lafas itti in waama. Warra anaaf of kennan, warraa arsaa irratti anaa wajjin kakuutti galan walitti anaaf qabaa in jedha.” (Far. 50:3–5).

Dhufaatiin Kiristoos inni lammaffaan dhufaatii isaa isa duraa wajjin hidhata walitti dhi’oo qaba. Raajiin dhalootaa fi tajaajila isaa dubbate (Fakkeenyaaaf, Uma.3:15; Mik. 5:2; Isa. 11:1; Dan. 23 9:25, 26) bu’uura abdii fi amntaa keenyaa, waa’ee dhufa lammaffaa ti. Kiristoos “aarsaa of isaatiin cubbuu balleesse. . . . Cubbuu hundumaa baachuuf Kiristoos aluma tokko aarsaa ta’e. Cubbuu malee ta’anii, warra cimsanii isa eeggataa jiraniif innilammata deebi’ee in dhufa.” (Ibr.9:26,28)

Karaan ati abdiif jajjabina abdii dhufa lammaffaa irraa argachuu dandeessu maal fa’i?

Wiixata

Mud. 24

### Abdiin Bakkatti Deebifamuu

**Isa.11:1–10 dubbisaa. Abdiin Isra’eliif kenname maaliidha? Waa’ee iddo warra fayyan barabaraan jiraatani immoo maal jedha?**

---

Macaafni qulqulluun seenaa uumama lafaatiin jalqaba. (Uma.1,2). Ibsaa waa’ee biyya bareedduu fi naga qabeettii maatii keenya duraa, Addaamii fi Hewwaaniif kennamtee ti. Biyya mudaa hin qabne iddo jirenya dhala namaa warra Waaqayyo uume Sanaa ti. Boqonnaan lamaan warri dhumaa Macaafa Qulqulluus waa’ee isa Waaqayyo biyya mudaa hin qabne uumee namoota fayyan keessa kaa’uu dubbata. (Mul. 21, 22), yeroo kana

lammata uumamuu, manaca'iinsa cubbuutti lafti bakka isheetti deebi'uu yoo jenne caalaatti sirrii ta'a.

Macaafa qulqulluu keessaaa iddo baay'eetti manni barabaraa warra kan fayyanii dhuguma iddo qabatamaan jiru, abjuu yooki-in yaada callisee nama keessatti uumame akka hin taane dubatu. Warri fayyan arganii, dhag'anii, fuunfatani, xuqanii, shaakkalli/miirri/ addaa irraa namatti in dhaga'ama. Raajiin Isayaas dhu-fa Masihiisa seenaa addaa uumuuf jiru kan ibsu bakka baay'ee qaba. Jeequmsa hundumaa dhaabee gammachuu barabaraa in simata. Mo'ichi Waaqayyoo biyyaa haaraa kana keessatti nagaa bara baraa in bu'uressa.

Mul. 21:1-5 dubbisaa. Akka bu'aa nagaa haaraa kanaatti wanti bara baraan dhabamu /balleeffamu/ maaliidha?

---

*Ellen White* waan warra Fayyan eeggatu yommuu barrees-situ: "barri bara baraa sun yommuu darbaa adeeman, caalaatti mul'ata Waaqayyoo fi kan Kiristoos isa gammachiisa fidaa adeemu. Beekumsichis dabalaan yeroo adeemu, jaalallii fi gammachuunis akkasuma dabalaan in adeemu. Namoonnii waa'ee Waaqayyo baay'ee yommuu beekan, amala isaa irratti dinqifannoonaan qaban caalaatti in guddata. Yommuu Yesus gadi fageenya fayyinaa fi wal'aansoo guddicha isa Seexanaa wajjinii keessatti injifannoo argame isaniin duratti diriirsu, onneen warra fayyee jaalala addaan rukutee, harka isaanii jabaateen Kiraara Warqee isaanii ol in fuudhu: kuma kudhan si'a kuma kudhan, kumaatamaa si'a kumaatamaanis kan lakkaa'amu sagalee faarfanna galataatiin isaanitti in dabalamu." —Ellen G. White, The Story of Redemption, pp. 432, 433.

**Karaan nuyi ammuma illee amala Waaqayyo hubachaa jirru maal fa'i? warra kaanii wajjin tokkummaan jiraachuun ammuma iyyuu akkamittiin amala Waaqayyoo argisiisuu danda'a?**

## Du'aa Ka'uu Fi Hariiroo Bakkatti Deebifame

Baruma waldaa jalqabaatii kaasee, abdiin lammata deebi'ee dhufuu Kiristoos, tariitii wantoota biroo kamirra iyyuu, keessumaa immoo, garaa amanamoota saba Waaqayyoo, yeroo qoramaatti, jajjabeesseera ta'a. Wal'aansoo sodaachisaa akkamii qabaatan iyyu, gaddaa fi dhiphina nama cabsuu akkamii qabaatan illee, abdii lamata dhufuu Kiristoosii fi abdii dhufa lammaffa keessatti kan abdatan wan baay'ee in eeggatu ture.

**1Tas. 4:13–18 dubbisaa. Kutaa kana keessatti abdiin jiran maal fa'i? waa'ee abdii hariiroon bakkatti deebifamuu maal jedha?**

---

Dhufaatiin Kiristoos inni lammaaffaan karaa adda ta'een dhala namaatti in bu'a.

Dhaabachuu mootummaa Waaqaa keessaa gamni murteessaan tokko warra filaman walitti qabuu dha. “Inni ergamoota isa waaqa irraa sagalee malakataa guddaa wajjin in erga, isaan immoo warra Waaqayyoo fi fo'aman qixaa arfanii, andaara bantii Waaqaa gar tokkoo hamma gara isa kaaniitti walitti in qabu' jedhe.” (Mat. 24:31). Yeroo walitti qabuu kana, toloonni du'an qama hin duune fudhatanii in kaafamu (1Qor. 15:52, 53). “warri Kiristoositti amananii du'an dura in kaafamu”(1Tas.4:16). Kun yeroo nuyi eeggachaa turree dha. Warri du'aa kaafaman jaalala fi jiraachuu isaanii eeggachaa warra turanitti in dabalamu. Taa'iinsa sana Phaawulos hamma kana ol qabee dubbata: “mo'ichi kee meerre yaadu'aa? Arfinkees meerre yaa du'aa’ ” (1Qor.15:55) jedha.

Du'aa ka'uutti qaamaa dhukkubsataa, dulloomaa fi iddoodeedhaa bade isa ittiin gadi owwaalchatti gadi bu'aniin miti kan isaan kaafaman; haaraa kan ta'e kan hin duune qaama mudaa hin qab-

neen, mallatoon cubbuu fi bososummaa isaanii kan irra hin jireen ka'u malee. Warri du'aa kaafaman raawwachuu hojii bakkatti deebisuu Kiristoosiin in argu, isa yeroo uumamaatti ture guutummaa dhagna Kiristoos isa mudaan hin qabne jiraachuus in baru. (Uma.1:26,1Qor.15:46-49).

Yeroo dhufaatii Yesus isa lammaaffaatti, kan fayyina abdatanii boqotan tollooni yommuu du'aa kaafaman , tolooni lafa irra jiran yommuu jijiiramanii dhagni haaraan kan isaaniif kennamuu dha. “Wanti hin badne iddo wanta baduu kanaa, wanti hin duune iddo wanta du'uu kanaa bu'uutu ta'a.” (1Qor.15:53). Kanaafuu gareen fayyan kun lamaan, warri du'aa ka'anii fijiraatti jijiiraman tolooni, “kana booddee nuyi warri utuu hin du'in hafne immoo isaanumaa wajjin qilleensa keessatti gooftaa simachuudhaaf duumessa keessa ol in butamna; ergasii yeroo hundumaa gooftaa bira in jiraanna.” (1Tas.4:17).

Bara saayinsii nuyi keessa jirru kan keessatti, Kristiyaanonne tokko tokko iyyuu waan hundumaafuu ‘dinqi’ dabalatee beekumsa lafaatiin ibsa itti kennuu barbaadu. Abdiin du'aa kaafamuu kun, hojii Waaqayyo qofti nu fayyisuu akka danda'u maal nu barsiisa?

**Roobi**

**Mud. 26**

### **Warra Fayyaniiif Biyya Haaraa**

“Waaqayyo kunoo ani bantiawan waaqa haaraa fi lafa haaraa nan uumaa, wanti dur ture hin yaadatamu, inni darbes yaada namaa keessa hin dhufu’ ”(Isa. 65:17). Isaayyasiif Yohaannis, lamaanuu isaanii, mul'ataan isa abdachiifame Biyyaa haaraa arganiiru (Mul. 21:1)

**Isa Yohaannis biyya haaraa, magaalaa dinqii kan warra fayyaniiif isa Mul. 21:2, 9-27 sana yaadimee. Waa'ee tokkummaa fi walii galtee biyya sana keessa jiru kutaan kun maal nutti himuu?**

---

---

Mul. 22:1–5 dubbisaa. Burqaa bishaan jireenyaa iddo teessoo Waaqayyoo fi muka jireenyaa lamaan warri gamaa fi gamanaan jiran sun amalootaa maagalaan haaraan sun qabaatu amala barbaachisoo lamaanii dha. Biyya haaraa keessatti kaayyoonaanisaanii maaliidha?

Mukti jirrnyaa, inni Addaam sababii daddarbaa isaa itti siuu dadhabe(Uma.3:22–24), Yerusaalem haaraa keessatti in deebifama. Muka kanattii nyaachuuun warra fayyanif abdii abdachiifame keessa tokko. (Mul. 2:7). Ija kudha lama godhachuun isaa, ji'a hundumaattu ijaa biraa, tariitii lafa haaraa sana keessatti "Ayyana baatii ji'a hundumaatti, sanbata hundumaattis nama kan ta'e hundinuu ana duratti sagaduudhaaf in dhufa " (Isa. 66:23) kan jedhu sana ibsuuf ta'a. Dubbiin inni "Baalli mukichaas fayyina sabaaf" jedhu sun, isa Waaqayyo danqaa hundummaa saba isaa gidduudhaa baasee nama kaayyoo isaa duraaniitti deebisu ibsuuf: saba hundumaa, qommoo fi sanyii iddootti deebise maatii gargar hin hiramne uumu nagaa fi tasgaabbiin waliin jiraatan tokko ta'anii Waaqaaf galata kenanii sana dubbata.

"Fayyuun sabaa kan argisiisu, isa lamummaa fi afaniin gargar ba'uun hafee, tokko ta'an kan argisiisuu dha. . . . baalli muka jirrenyaa caba saba gidduu jiru walitti fayyisa. Sana booda ormi hin jiru maatii tokko ta'aniitu kan Waaqayyoo saba dhugaatti jiratu malee. ([bira qabi ilaali] 21:24–26). Wanti Mikyaas jaarraa tokko sanaan dursee raajii dubbate, amma raawwataa jira: 'Inni saba baay'ee gidduutti firdii in kenna, saba jajjaboo fagoo jiraniifis murtoo in godha,, isaani billaa isaanii maarashaa, eeboo isaaniin isa ittiin muka qeexxa'n in tumsiifatu, ega sabni sabatti billaa hin luqqifatu, isaan deebi'aniis lola hin baran. Garuu isaan adduma addaan muka wayinii isaanii jala. Harbuu isaanii jalas in taa'u; namni tokko illee isaan hin sodaachisu, isa kana immoo afaan Waaqayyo Gooftaa maccaatu dubbate' (Mic. 5 4:3–4; [wal bira qabi] Isa. 2:4). Yommusii qabee daariin bishaan jireenyaa iddoon itti warri fayyan olla isaanii, (isaanii) wajjin akka taa'uuf

mukaa jirenyaa jalatti afeeran ni ta'a. (Zek. [3:]10) ga'umsi fayyisu baala muka jirenyaa madaa sanyii, qomoo fi afaan hundumaa isa sanyii namaa hundumaa gargarbaasee barootaaf hire hundumaa, in fayyisa.”—Ranko Stefanovic, Revelation of 11 Jesus Christ: Commentary on the Book of Revelation, p. 593.

**Kamisa**

**Mud. 27**

**Jirenya Biyyaa Haaraa Keessatti**

**Isa. 35:4–10, 65:21–25 dubbisaa. Jirenya amma jiraannu irraa inni yommusii hammam adda ta'a?**

---

Yeroo baay'ekitaaba raajicha Isayaas keessatti, waan haaraa dubbifna: “wantoota haaraa” (42:9, 48:6), “faarfanna haaraa” (42:10), “waan haaraa” (43:19), “maqaa haaraa” (62:2). Wanti boqonnaa 65keessatti haaraa ta'e immoo akkaataa taa'umsa wantootaa haaraa ta'ee dha /is a new order of things/. Uumama Waaqayyoo hundumaa gidduu tokkummaa dhaaf walii-galteetu jiraata. Kakuun abaarsaa sababii abboomamu dhabuu fi fincilaa lafa irratti dhufe Lew.26:14–17,Kes. 28:30) sababii cubbuun hin jirreef, in haqama. Qooda sanaa, eebba guddaatu jira, mana keessa jiraatanii fi nyaata sooratamutu jiraata.

Iddoo bareedduu akkasii keessatti jirenyi maaluma fakkaatti laata? Namoonni tokko tokko erga dhagna hin duune fudhatanii akka fakkeenya Waaqayyootti deebi'anii booda michoota isaanii hubachuun in danda'ama utuu ta'ee in yaadu. Erga Kiristos du'aa ka'ee bartoonni isaa isa hubachuu danda'aniiru. Maariyaam sagalee isaa addaan baafatteerti (Yoh 20:11–16). Toomaas fuula Yesu/qaama/ isaa addaan baasee beekeera (Yoh 20:27,28). Bartoonn karaa Ema'os lamaan akkaataa dubbii isaa maaddiitti yommuu taa'an baraniiru.(Luq 24:30,31,35). Kanaafuu qaamni keenya du'aa ka'uutti kan Yesus yoo fakkaate shakkii tokko malee

walii walii keenya ni beeknee barabaraan hariiroo bakkatti debi-fame qabaanna. Yaaddoo malee, warra beeknu, warra jaallannu, yommus achi kan jiraatanii wajjin walitti dhufeenyaa keenya itti fufna jennee yaaduu dandeenya /We safely can assume that we will continue our relationships with those we know and love and who are there with us/.

“Warri fayyan akkuma ofii beekaman, isaanis in beekamu. Jaallii fi gara-laafinni Waaqyyo ofii isaatii kan jireenyaa keenya itti fufna jennee yaaduu dandeenya /We safely can assume that we will continue our relationships with those we know and love and who are there with us/.  
“Warri fayyan akkuma ofii beekaman, isaanis in beekamu. Jaallii fi gara-laafinni Waaqyyo ofii isaatii kan jireenyaa keenya itti fufna jennee yaaduu dandeenya /We safely can assume that we will continue our relationships with those we know and love and who are there with us/.”—Ellen G. White, *The Great Controversy*, p.677.

“kannaaf nuyi matumaa abdii hin kutannu.... namummaan keenya inni bakkeetti mul’atu gadi dhumaan yoo adeeme iyyuu, namummaan keenya inni keessaa har’aa bor, haara’aa in adeema. Rakkinni salphaan inni nuyi yeroodhaaf baannu kun, ulfina bara baraa isa safara malee guddaa sana baachuudhaaf nu qopheessa. Nuyi gara wanta ijaan hin argamnee ilaalla ammalee. Gara wanta ijaan argamu wanti ijaan argamne, garuu kan bara baraa ti.”(Qor.4:16-18).

**Biyya lafaa ishee akka kana yerrodhaaf taate, daftees kan darbitu kana keessatti kan hin mul’atne isa barbaraarguu dandeenya?**

**Jimaata**

**Mud. 28**

**Yaada Dabalataa:** Ellen G. White, “Behold, I Come Quickly,” pp. 355–359, in *Counsels for the Church*. Read the articles “Resurrection,” pp. 1082–1084, and “Heaven and New Earth,” pp. 863, 864, in *The Ellen G. White Encyclopedia*.

“Du’aa kaafamuu fi gara samiitti ol ba’uun gooftaa keenyaa, toloota Waaqayyootiif, du’aa fi Si’ol irratti mo’icha ta’ee, uffata amala isaanii dhiigaa hoolichaatiin warra miichataniif immoo samiin banamaa ta’uuf waadaa taeera. Yesus akka bakka bu’aa dhala namatti gara abbaatti ol ba’uu danda’eera; akkasuma warra amala isaa calaqqisiisan Waaqayyo ulfinaa isaa akka hirmaataniif in fida.

“Kara deemtota lafaaf manni jira. Tolootaaf uffatti fi gonfoon jirnya dame meexxi mo’ichaa wajjin jra. Dhi’eessii waaqaa sana hundumaa keessatti wanti nu rakkisaa ture/nuuf fudhatamuu dide/ hunduu hubatamaa ni ta’aa. Wantoonni hubatamuun isaanii cime hundinuu ibsa in argatu. Icciti ayyaanichaa nu duratti hubatamaa in ta’aa. bakki sammuun keenya inni daanga’aan hubachuu dhabee waliin dha’ame hundinuu, abdiin addaan citan hunduu, hafanii baay’ee guutuuf bareedaakan ta’ee wal-fudhan-naan mul’ata. Jaalal dhuma hin qabne isa amma hubachuun nu dhibe beekuuf jirra. Wanti hundinuu gaarummaa keenyaaf akka hoijetu kan taasisa eeggannaas isaa isa gaarii yommuu hubannu, gammachuu fi ulfina hin dubbatamneen in ililchina.”—Ellen G. White, Counsels for the Church, p. 358.

### **Gaaffilee maree:**

**1.Hundumaa ta’uu baatan iyyuu, Kritiyaanni tokko tokko, dhu-faatii Kiristoosi isa lammaffaa amanan illee, abdii dhufaatii Kiristoos lammaffaa keessatti wanti Adveentistii guyyaa torbaffaa adda taasisu maaliidha?**

**2.Qurxummoonni lama utuu waliin daakanii isheen tokko akkas jette, “bishaanichi akkam jette?” qurxummiin inni kaan immoo bishaanni maaliidha? Jedhee deebise Qaabxiin jiru, hammam isa beeknu iyyuu wantoota sirriitti hin beekne fayyadamna. Fakkeenyaaaf, cubbuutti Kan dhalanne, cubbuun Kan guutne, biyya cubbuun guutte Kan jiraatnu, akkamitti adda kan ta’ee waan jirenya**

bara baraa keessatti waqa haaraa fi lafa haaraa keessatti arguu dandeeny? Daangeffamuunakkamii jiraatu illee, maal akka inni fakkaatu yaadaan qabuun maaliif barbaachisaa ta'e?

3.Jirrnyi keenya biyya haaraa keessatti kan fedhe ta'ullee, hunn-dumaa wajjin tokkummaatti ni jiraatna. Gammachuu sanaaf of qopheessuudhaaf amma maal gochuu dandeeny?

**Cuunfaa:** Macaaf qulqulluun waa'ee yeroo lafti kun deebitee uumamtuu fi harcaan cubbuu barabaraan baduu shakkii malee dubbata. Dhalli namaa kaayyoo durii isaa uumameefitti in dee-bi'a; namoonni hundinuu nagaatti walii wajjin in jiraatu. Inni nuyi ammaa Kiristoosiin keessatti tokkummaa hafuuraa qa-baannu, amma yoo guutummaatti hubatamuu baateef, yommus dhugaadhaa fi qabatamaa bara baraa ni ta'a.

Namoota dhuunfaadhaanis ta'e Jaarmiyaa (Dhaabbataan)  
Caaffatoota Raagaa (Hafuura Raajii) Hiikuu fi Maxxansuu;  
Akkasumas Raabsuu barbaadan hundaaf-

### **YAADACHIISA!**

Caaffanni Hafuura Raajii (*Spirit Of Prophecy-SOP*) qabeenya  
dhaabbataa Waldaa Adiveentistii Guyyaa 7<sup>ffaa</sup> Addunyaawaati.

Kanaafu, kitaabota kana guutummaa isaas ta'e gartokkeesaa, namni  
dhuunfaas ta'e dhaabbantni gara Afan biyyattii keessatti dubbatamu  
kamiitti iyyuu hiikee maxxansuu fi raabsuu yoo barbaade hojii isaa utuu  
hin eegalin dursee qaamaanis ta'e barreeffamaan Waajira Olaanaa Ma-  
na Maxxansa Yuuniyen Miishinii Itiyophiyaa ayyamsiisuudhaan erga  
waliigaltee irra ga'ee booda hojii isaa itti fufuu ni danda'a

Haala kanaan , dhaabatnis ta'e namni dhuunfaan kitaabota raagaa  
(Hafuura Raajii) kana maxxansee wangeela biyya lafaatiin ga'uu kan bar-  
baadu hunduu ni jajjabeffama.

Haata'u malee garuu; ayyama Waldaa Adiveentistii Guyyaa 7<sup>ffaa</sup> Ad-  
dunyaawaatiin ala maqaa waldattiitiin caaffata Hafuura Raajii kana  
maxxansiisanii raabsuun akka seera biyyattiittis ta'e akka mirga  
maxxansaadunyaatti kan itti nama gaafachiisu ta'uu isaa ibsaa, itti  
dabalee immoo kitaaba dhaabatni kun hiiksisa jiru qaamni biraan  
immoo hiikee dubbistootaaf dhiyeessuun qisaasama dinagdee, humnaa  
fi yeroo hordofsiisa.

Sababa kanaaf, hundumti keenya iyyuu akkaataa Seeraa fi Danbii ittiin  
Bulmaata Waldattiitiin barreeffamoota keenya maxxansiisuudhaanis ta'e  
raabsuudhaan Ergaa Ergamoota Sadanii ariifachiisuu akka dandeenyuuf  
Gooftaan nu haagargaaru.

**DHAABBATICA IRRAA!!!**



# የኢትዮጵያ አድራሻ ተስተካክል ፌዴራል

## የተሰኞ ደምዎች

### ተግበሪ

መቶ 12:00 - 12:30  
**9530 KHz 31 ማ.ባንድ**  
 ማታ 1:30 - 2:00  
**15130Khz 19 ማ.ባንድ**  
 አየር ቀበላይ  
 ስልክ +251 115 511199  
 የወሰኑ መሰመር 205  
 ወይም +251 910 145105



ፖ.ሳ.ቁ 145 አዲስ አበባ

### አጠቃላይ

መቶ 12:30 - 1:00  
**15500 KHz 19 ማ.ባንድ**  
 ማታ 2:00 - 2:30  
**17570Khz 16 ማ.ባንድ**  
 አየር ቀበላይ  
 ስልክ +251 115 511199  
 የወሰኑ መሰመር 242  
 ወይም +251 911 137222

### አጭዳምዎች

መቶ 12:00 - 12:30  
**15500 KHz 19 ማ.ባንድ**  
 ማታ 2:30 - 3:00  
**15155 KHz 19 ማ.ባንድ አየር ቀበላይ**  
 አድራሻ  
 ስልክ +251 115 511199  
 የወሰኑ መሰመር 237  
 ወይም +251 921 600938

የተለለው ተጨማሪዎችን እንደገና ለማቅረብ ከመረጃ መረጃዎች? [www.awr.org](http://www.awr.org) እኔ በመግባኝ እንደገና ማሞኑን ይችላሉ::

የኢትዮጵያ አድራሻ ተስተካክል ፌዴራል ፯፲፪ ለቀን  
 የአማርኛ ቁጥጥር ስርቃትን በከርስቲያን ቅናድ ማረጋገጫ  
 ወሰኑ ከዘሱ በታች በተቀመጧው መሰረት የተተቻል

HC The Voice of Hope  
 Frequency: 12574  
 Symbol Rate: 09700  
 Polarity: Horizontal  
 Satellite: Intel Sat 68.5E  
 LNB: KU BAND

በተጨማሪዎች  
 በአማርኛ የፈ አድራሻዎችን 712 432 9970  
 በመጀመሪያ እንዲሁም  
 በአንጻራ የፈ 033 001 03890 በመጀመሪያ  
 ተጨማሪዎችንን በማንኛውም ስት  
 ማቅረብ ይችላሉ

የኢትዮጵያ አድራሻ ተስተካክል ፌዴራል የተሰኞ ደምዎች ይኖሩ ይኖሩ ይኖሩ

ለወደፊት በማስተዋወቂና በመጀመሪያ የበረከቱ ተካኔ.ይ.ይህን